

QAACCESSA HAALA QUBEESUU BARREEFFAMA
BEEKSISOOTA WAAJJIRAALEE MOOTUMMAAFI
MITMOOTUMMAA: XIYYEEFFANNOON AANAA WARRA
JAARSOO MAGAALAA GOHAATSIYOON

OLIIQAA GIRMAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF
DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII,
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA, 2010

FINFINNEE

QAACCESSA HAALA QUBEESUU BARREEFFAMA
BEEKSISOOTA WAAJJIRAALEE MOOTUMMAAFI
MITMOOTUMMAA: XIYYEEFFANNOON AANAA WARRA
JAARSOO MAGAALAA GOHAATSIYOON

OLIIQAA GIRMAATIIN

GORSAA: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSII SUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF

DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII,
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA, 2010

FINFINNEE

YUUNIVARSIIITII FINFINNEE

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuu gamisaan guuttachuuf, Oliiqaa Girmaa Boggalaatiin mata duree: Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa: xiyyeeffannoon Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon jedhu irratti qophaa'ee, sadarkaa qorannoo Yuunivarsiitii Finfinnee guutee kan dhiyaate ta'uu isaa ni mirkaneessina.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Axereeraa

Qorannoon kun kan inni irratti xiyyeeffate, qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti. Mata dureen qorannoo kun akka qoratamu qoratichaaf kaka`umsa kan ta`e, yeroo baay`ee barreeffamoota beeksisootaa irratti hanqinoota kallattii hedduun mul`achaa turan irratti sababii qubeeffama dogoggoraatiin, jechoota arrabsoo ta`anii hawaasa ykn dubbistoota dallansaa turan akkasumas, ergaa biroo dabarsuuf, faallaa yaada barraa`eetti yemmuu dhimma bahaa turan arguun taajjabaa turuu qoratichaati. Kaayyoon qorannoon kun qabatee ka`e, akkaataa qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa qaaccessuudha. Mata duree qorannoo kanaa ijaaruudhaaf kitaabileen garaagaraa sakatta`amanii qorannicha keessatti dhiyaatanii jiru. Qorannoo kana geggeessuuf meeshaaleen ragaan ittiin funaannaman sakatta`a dookumantiifi afgaaffii yemmuu ta`an, malli qoratichi itti gargaarramee ragaa isaa qaaccessa immoo, mala makaa (akkamtaafi hammamtaa)dha. Bifa kanaan, ragaalee cuunfame kana irraayis argannoon qoratichaa: barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa keessa hanqinootni qubeessuu hedduun jiraachuu isaanii qoratichi adda baasee jira. Hanqinootni barreeffamoota isaanii keessatti mul`atanis: seera caasaa afaanichaa eeguun qubeessuu dhabuu, sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhabuufi caasaa afaanichaa akkaataa seerri isaa ajajuun gargaaramuu dhabuu akka ta`e mul`ate jira; Maddi dogongoraan barreessuu isaanitiif sababa ta`e immoo: xiyyeeffannoo gahaa itti kennuu dhabuu, leenjiin gama kanaan walqabatu hojjetootaichaaf kennamuu dhabuu, maal nadhibdee, dhiibbaa afaanota biroo, shaakala irra deddeebii taasisuu dhabuu, dhiibbaa sirna barnoota duriifikkf akka ta`e adda baafamee jira. Qoratichis yaadolee armaan olii bu`ureeffachuun argannoo isaarra gahuun akka yaada isaatti yaadolee furmaataas eeree jira. Hojjetootni waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa keessatti hojjetan Afaan Oromootiin beeksisoota barreessuun duratti leenjii dhimma kanaan walqabatu osoo fudhatanii, shaakala walitti fufaa osoo taasisanii, mootummaan qaama dhimma kana cimsee xiyyeeffannoon hordofu osoo kaa`ee, dhimmi gahumsaan qubeessuu kun dhimma murteessituu faayidaafi guddina hojjetootaan walqabachuu osoo ta`ee, mootummaan naannichaa, sooftiweerii akkaataa qubeeffama Afaan Oromoo to`atu qopheessuun gadi buusee osoo uummatni itti fayyadamee gaarii ta`a jechuun qoratichi akkaataa hubannoo isaatiin argannoo rakkoo qorannichaaf yaada furmaataa isaa eeree jira.

Galata

Waan hundumaan dura nagaafi fayyaa naaf laatee, sadarkaa kanaan kan nagahe Waaqayyoon baay`een galateeffadha.

Itti aansuun immoo, yeroon waraqaa qorannoo kanaa qopheessu jalqabaa hanga dhumaatti beekumsa qaban nuffii tokko malee naaf gumaachanii naqajeelchaafi nagorsaa, kan turan gorsaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaatiif jaalalliifi kabajnin ani qabu baay`ee guddaadha.

Dabalataanis, hiriyoota koo iddoo hojiitti yaadaafi beekumsa qabaniin; kallattii adda addaan waraqaa qorannoo koo galmaan gahuuf ragaalee funaanuu keessatti, gulaaluu keessatti natumsaa turanis, osoon hin galateeffatin darbuu hinbarbaadu.

Akkasumas, haadha manaa koo kan yeroo hundumaa nuffii tokko malee jalqaba qorannoo kanaa irraa hanga dhuma isaatti na na jajjabeessaa turte Aadde Burtukaan Mokonnin garaa koo guutudhaan galateeffachuun barbaada.

Kana malees, nuffii tokko malee gaaffii kootiif deebii kan naaf kennan, ragaalee ani barbaades kan naaf gumaachaa turan, hojjetoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa Warra Jaarsoo kanneen iddattoowwan koo turan hundumaa baay`een galateeffadha.

Gabaajee

A/W/J...Aanaa Warra Jaarsoo

B/K...Birahaana Kiristoosii

B/W...Birahaana Wangeelii

G/Sh/K...Godina Shawaa Kaabaa

P/M/D/W/B/K/G...Piroojektii Misooma Daa'immanii Waldaa Birahaana Kiristoosii

Gohaatsiyoon

P/M/D/W/B/W/G...Piroojektii Misooma Daa'immanii Waldaa Birahaana Wangeelii

Gohaatsiyoon

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereeraa.....	i
Galata	ii
Gabaajee	iii
Baafata Gabateewwanii.....	vii
Boqonnaa Tokko.....	1
1. Seensa.....	1
1.1 Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	3
1.4. Faayidaa Qorannichaa.....	3
1.5. Daangaa Qorannichaa	4
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	4
Boqonnaa Lama	5
2. Sakatta'a Barruu.....	5
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee	5
2.1.1. Maalummaa Beeksisaa	5
2.1.2. Kaayyoo Beeksisaa	7
2.1.3. Adeemsota Beeksisaa Barreessuu Keessatti Xiyyeeffannoo Argachuu Qaban.....	8
2.2. Seera Barreeffama Afaan Oromoo	9
2.2.1. Dubbachiistota Dheeressuufi Gabaabsuu Ilaalchisee.....	10
2.2.2. Sagaleewwan Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu Ilaalchisee	10
2.2.3. Itti Fayyadama Sirna tuqaalee Ilaalchisee	11

2.3. Dhiibbaawwan Hanqina Qubeessuu	12
2.4. Sakatta`a Barruu Walfakkii	13
Boqonnaa Sadi	14
3. Saxaxaafi Mala Qorannichaa	14
3.1. Saxaxa Qorannichaa	14
3.2. Mala Qorannichaa	14
3.3 Madda Odeeffannoo	14
3.4. Irraawwatama Qorannichaa	15
3.5. Iddattoo	15
3.6. Mala Iddatteessuu	16
3.7. Meeshaalee Funaansa Ragaalee	17
3.7.1. Sakatta`a Dookumantii	18
3.7.2. Afgaaffii	18
3.8. Adeemsa Ragaan Ittiin Funaanname	18
3.9. Mala Qaaccessa Ragaalee	19
3.10. Qindoomina Qorannichaa	19
Boqonnaa Afur	20
4. Hiikaafi Xiinxala Ragaalee	20
4.1. Xiinxala Beeksisoota (Sakatta`a Dookumantii) Irratti Taasifame	20
4.1.1. Qaaccessa Sadarkaa Qubeessuu Irratti Taasifameefi Hanqinoota Mul`atan	20
4.1.1.1. Hanqina Dubbachiistota Dheeressuufi Gabaabsuu Irratti Mul`ate	21
4.1.1.2. Dogoggora Sagaleewwan Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu Ilaallatu	34
4.1.1.3. Hanqina Itti Fayyadama Qub-guddeessaa	43
4.1.1.4. Hanqinoota Itti Fayyadama Irrabutaan Walqabatani Mul`atan	46

4.1.1.5. Hanqinoota Haala Jechoota Afaan Biroo Gabaajessuu Irratti Mul’atan	48
4.1.1.6. Dogoggoroota Akkaataa Barreeffama Jechoota Ergisaatiin Mul’atan.....	51
4.1.1.7. Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka Ofdanda’ootti Fayyadamuu	53
4.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Sirna Tuqaaleen Wal Qabatan.....	55
4.2.1. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Tuqaa (.).....	55
4.2.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Qoodduu (,).....	58
4.2.3. Hanqinoota Itti Fayyadama Hudhaa Irratti Mul’atan (’)	61
4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Af-gaaffii.....	65
4.3.1. Xiinxala Afgaaffii Waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa	65
4.3.1.1. Gosoota Rakkolee Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa Keessatti Mul’atan.....	65
4.3.1.2. Madda Qulqullina Dhabuu Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa.....	67
4.3.1.3. Dhiibbaawwan Qulqullinaan Qubeessuu Dhabuun Guddina Afaan Oromoo Irratti Fidu Danda’u	72
4.3.1.4. Yaaliifi Tattaaffii Hanqina Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa Irratti Taasifame	73
4.3.1.5. Hanqina Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa Ilaalchisee Kallattii Gara Fuula Duraa	74
4.3.2. Cuunfaa Boqonnichaa	76
Boqonnaa Shan	78
5. Guduunfaafi Yaada Furmaataa	78
5.1. Guduunfaa	78
5.2. Yaada Furmaataa	83
Wabiilee	
DABALEE- A	
DABALEE- B	
DABALEE- C	
DABALEE- D	

Baafata Gabateewwanii

Fuula

Gabtee 2. Hanqinoota dubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul`atan.....	22
Gabatee 3. Dogoggora dubbachiistota dheeressuu dhabuun uummaman.....	26
Gabatee 4. Dogoggora dubbifamtoota jabeessuu dhabuu irratti mul`ate.....	35
Gabatee 5. Dogoggora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul`atan.....	40
Gabatee 6. Dogoggoroota gama qubguddeessaan mul`atan.....	43
Gabatee 7. Dogoggoroota gama fayyadama irrabutaatiin mul`atan	46
Gabatee 8. Dogoggoroota haala jechoota Afaan biroo gabaajessuu irratti mul`atan.....	49
Gabatee 9. Dogoggoroota akkaataa barreeffama jechoota ergisaa mul`isan.....	51
Gabatee 10. Dhamjechoota hirkatoo (fi,hin) akka ofdanda`ootti fayyadamuu ilaallatu	53
Gabatee 11. Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul`atan.....	56
Gabatee 12. Iddoowwan hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu itti mul`atan.....	59
Gabatee 13. Hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul`ate	62
Gabatee 14. Cuunfaa qaaccessa ragaalee sakatta`a dookumeentii ibsu	64

Boqonnaa Tokko

1. Seensa

1.1 Ariirrata Qorannichaa

Kaayyoofi qabiyyee barreeffamni tokko irratti barreeffamu irratti hundaa’uun barreeffama gosa adda addaatti qooduun nidanda’ama. Gosoota barreeffamaa kana keessaa, barreeffamni

Jaarraa (2008:2) akka ibsutti, “ilmi namaa wanta raawwateefi kalaqe dhaloota dhufuuf dabarsuuf, akkasumas dhaamsaafi ergaa isaa nama halaala jiruuf dabarsuuf mala barreeffamaa argate,” jedha. Afaan Oromoos waggoota dheeraadhaaf tajaajila barreeffamaa saba isaaf osoo hin kennin afaan dubbii qofa ta’ee kan tureedha. Asafaa (2009) yoo ibsu, Afaan Oromoon waggoota muraasaan dura afaan hojii, afaan qorannoo, afaan barreeffamaafi barnootaa akka hin turre ibsa. Yaaliifi qabsoo yeroo dheeraatiin booda Afaan Oromoo erga Afaan barnootaa, Afaan hojii waajjiraalee mootummaa, Afaan sabquunnamtii (Miidiyaa), Afaan qorannoofi qo’annoo ta’ee tajaajila kennuu erga jalqabee waggoota muraasa lakkoofsisee jira.

Har’a immoo, Afaan Oromoon afaan hojii mootummaafi afaan barnootaa ta’ee jira. Erga haalli kun mijatee asitti afaan kun bu’uura cimaa buufatee dhiibbaa isa balleessuuf irratti godhamaa ture sana fashaleessee guddina fuula duraatiif abdi guddaan eegamaa jira. Xilahuun (2001:36) akka ibsutti, “Oromoon afaan isaatiin barreessuu fi hojjechuu aadaa isaa godhatee jira,” jedha.

Akka yaada kana irraa hubachuun danda’amutti, uummatni Oromoo afaan isaatiin barachuu, waajjiraalee mootummaa keessaattis ergaawwaniifi qajeelfamoota ittiin waliif dabarsuun akkasumas, hojjetee ogummaa isaa dagaagsuuf yaalii taasisuun isaa afaanichi mallattoo tokkummaa isaafi agarsiistuu eenyummaa isaa akka ta’e kanibsudha. Haata’u malee, seerlugni afaan kuni ittiin barreeffamuu qabu, namootni afaan kanaan waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa keessatti hojjechaajiran, dubbisuufi barreessuu kan danda’an hundi dandeettii kana gonfataniiru jechuun gaaffii mataa isaa danda’e kaasa. Adeemsa hojii kana keessatti immoo, barreeffamni beeksisaa ijoo guddaadha. Kanaafuu, seera afaan sana hin guutu taanaan walquunnamtii taasisuu irratti rakkoo guddaa ta’e kan fiduudha.

Beeksisootni waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa seerota afaanichaan jiran hordofuun, caasaafi qajeelfama mataa isaa qabaachuun akkaataa galma isaa eeggachuun namoota kallattii hojii garaagaraa irra jiraniifi dhaabbatoota beekkamoof ofeeggannoon kan barreeffamuudha. Yaada kana kan deeggaru Ross (1988:260), akka ibsutti, “a good writing should be neat. It should contain no mistakes in spelling, grammer, punctuation, and should follow the correct

writing form exactly,” jedha. Akka yaada kanaatti unkaafi qabiyyeen beeksisa waajjiraalee mootummaa waliigaltee dubbistootni sun irraa eeganiifi kan durumaan beekaman hordofuu qaba. Kunis qulqullummaa, qajeelfama sirrii, qubee sirrii, sirna tuqaaleefi seera afaanii sirrii, akkasumas, unkaafi qabiyyee sirriin barreeffamuu akka qabu kaa’a. Haaluma kanaan, yeroo ammaa kana Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa, Afaan barreeffamaa, sabquunnamtii, qorannoofi qo’annoon ittiin geggeeffamu, afaan mana murtiifi afaan barnootaa ta’ee jira.

Haata’u malee, beeksisa waajjiraalee mootummaafi mitmootummaan wal qabatee hanqinootni addaa addaa kan mul’ataniidha. Rakkooleen beeksisa waajjiraalee mootummaafi mitmootummaan mul’atan kunniin waan qaama hojii keessaa tokko ta’aniif, warra seera barreeffama Afaan Oromoo hinbeekne biratti akka waan sirrii ta’eetti ilaalamuu danda’a. Eгаа seera dhabdummaan haala qubeessuu beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa kun afaanichi haala barbaadameen akka hin guddanneef gufuu kan itti ta’uufi yaaddoo cimaas uumaa kan adeemudha.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Ergaan barreeffamootaan daddarban hundinuu sababii ofiin of ibsaniif, of eeggannoo cimaafi bilchina ogummaatiin deeggaramanii qubeeffamuu qabu. Kunis, kan milkaa’uu danda’u, seera barreeffama afaanichaa eeggachuun ogeessa afaanichaatiin yoo barraa’e qofa. Bu’uruma kanaan, mata duree “Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon” jedhu irratti qorannoo kana geggeessuuf dhimmootni garaa garaa qoraticha kakaasani jiru.

Isaanis, beeksisootni Afaan Oromootiin barreeffamanii magaalaa Gohaatsiyoon iddoowwan garaa garaatti maxxanfamanii argamaa turan keessatti hanqinoota seera barreeffamaa qabaachuu isaanii argaafi dhaga’aa turuu isaati. Kana malees, qorannoowwan dhimma qubeessuun walqabataniis barraa’an dubbisuudhaan qoratichi mata duree kana irratti qorannoo geggeessuuf kaka’umsa hedduu argatee jira. Kanaafis, qoratichi ka’umsa qorannoo isaatiif furmaata barbaachisu eeruudhaaf, adeemsa hojii qorannoo kana keessatti gaaffilee bu’uraa armaan gadii kanneen deebisuuf jira.

- ❖ Yemmuu Afaan Oromootiin beeksisootni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessatti barreeffaman, rakkooleen gahumsaan qubeessuu irratti mul’achaa jiran kanneen akkamiifaadhaa?
- ❖ Maddi qubeessuu dhabuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa maalfaa ta’uu danda’u laataa?

- ❖ Barreeffama beeksisootaa qulqullinaan qubeessuu dhabuun walqabatani rakkooleen mul'atan guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaawwan akkamii fiduu dandaa`u laataa?
- ❖ Dandeettii qubeessuu fooyyeffachuuf yaaliniifi tattaaffiin hojjetoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaatiin taasifamaa jiru maal fakkaataa?
- ❖ Rakkooleen qubeessuu dhabuu barreeffama beeksisootaa keessatti mul'achaa jiran, haala kamiin fooyya'aa adeemuu danda'uu?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon yemmuu ta'u, kaayyoo gooreen qorannoo kanaa immoo:

1. Haala gahumsaan qubeessuu barreeffama beeksisootaa ilaalchisee, hanqinootni mul'achaa jiran maalfaa akka ta'an adda baasuu.
2. Maddi gahumsaan qubeeffamuu dhabuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee maalfaa akka ta'an eeruu.
3. Dhiibbaawwan gahumsaan qubeessuu dhabuun guddina Afaan Oromoo irratti fiduu danda'u addeessuu.
4. Yaaliifi tattaaffii hojjetootni waajjiraalee hanqina qubeessuu isaanii fooyyeffachuuf taasisaa jiran maal akka fakkaatu sakatta'uu.
5. Akkaataa hanqinni qubeessuu barreeffama beeksisootaa ittiin fooyya'aa adeemuu danda'u ibsuu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qoratiichi hojii qorannoo isaa kana yemmuu xumuretti waraqaa qorannoo isaa waajjiraalee qorannichi irratti adeemsifame keessaa waajjira aadaafi turiizimiifi waajjira Siivil sarvisii aanichaatiif ni kenna. Bu'uruma kanaan, qorannoon kuni faayidaalee armaan gadii kanneen qabaachuu ni danda'a. Isaanis, Waajjiraaleen garaa garaa kanneen mootummaas ta'ee, mitmootummaa beeksisoota garaa garaa barreessanii maxxansuun dura akka irra deddeebi'anii hanqinoota jiran xiinxalan ni kakaasa. Yaadolee furmaataa dhiyaataniin qaamoleen dhimmichi isaan ilaallatu, akka ittiin of ilaalan isaan affeeruu ni danda'a. Kana malees, qorannoon kuni namoota mata duree kana irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu ni danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon irrattiidha. Kana malees, qorannoon kuni kan ilaallatu beeksisoota bara 2010 keessa baarraa'anii maxxanfaman qofa irratti xiyyeeffate. Kunis mata durichuma daangessuuf kan taasifameedha. Dabalataanis, waajjiraalee mootummaa 32 jiran keessaa waajjiraalee 8fi waajjiraalee mitmootummaa 3 jiran keessaa immoo, waajjiraalee 2 qofa irratti xiyyeeffachuunifi kkf akka daangaa qorannoo kanaatti ilaallamuu ni danda'u.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Hojiin namaan hojjetamu kam iyyuu, sababii garaa garaa irraa kan ka'een hanqina irraa bilisa ta'a jechuun rakkisaadha. Hanqinootni qorannoo kanaa kanneen armaan gadii ta'u:

- Xiyyeeffannoon qoratichaa haala qubeessuu barreeffama beeksisootaa sakatta'uu qofa irratti daanga'uu isaa.
- Waajjiraalee mootummaa magaalaa Gohaatsiyoon keessatti argaman 32 keessaa 8fi waajjiraalee mitmootummaa 3 keessaa 2 qofa filachuun qorannoo kana geggeessuu
- Waraqaa beeksisootaa 32 qofa irratti qaaccessi haala qubeessuu raawwatamuu isaa.
- Waraqaan beeksisoota kanaa kan ji'a hunda keessa barraa'e osoo hin taane, akkuma waajjiraaleen beeksisicha baasanitti kan funaanname ta'uu isaati, kunis yeroo isaan beeksisaa baasuu barbaadanitti malee, ji'a akkasiifi akkasii keessatti beeksisaa baasaatii maxxansaa jechuuniin waan hin danda'amneefidha.

Boqonnaa Lama

2. Sakatta'a Barruu

2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Qubeessuun ogummaawwan walii galtee ta'ee, yaada ofii haala gahumsa qindoominaa qabuufi ifa ta'een barreeffamaan ibsachuudha. Kun immoo, namni wanta barbaade sana dubbisuun yaada barreeffamichaa rakkoo tokko malee akka hubatu kan taasisu akka ta'e (Pincas, 1982) ibsee jira. Haaluma kanaan, haala qubeessuu barreeffama beeksisootaa ilaalchisee beektotni garaa garaa kan ibsan haala bal'inaafi gadifageenya qabuun boqonnaa kana jalatti ilaallameera.

2.1.1. Maalummaa Beeksisaa

Maalummaa beeksisaa ilaalchisee, akka Robert (2004:197-211) ibsutti, "The verb 'announce' means to declare publicly; give notice of formally; proclaim. The key to announcement is news you are telling others something important, news, and relevant to their interests." Yaada kanarraa waanti hubachuun dandaa`amu gochimni 'Beeksisuu' jedhu hawaasatti waalabsuu, yaadannoo idilaawaa ta'e kennuu kan jedhuun yoo walqabatu; 'beeksisaa' kan jedhu immoo, oduu barbaachisaa ta'e waan namoota biroof himamu kan fedhii isaaniitiin walqabatu jechuudhaan ibsee lafa kaa`a. Beeksisni dhimmoota adda addaatiif barreeffama fakkeenyaaf, sadarkaa guddina hojjettoota beeksisuuf, qaxarii garaagaraa geggeessuuf, haala geejjibaa hubachiisuuf, leenjii garaagaraa beeksisuufi akeekkachiisa garaagaraa kennuuf beeksisatti dhimma bahama. Kanaafuu beeksisni hojjettoota mootummaafi mitmootummaatiin mana hojii keessaa bahanii maxxanfamanis odeeffannoo wayitaawaa qabatanii waan dhiyaataniif karaa ifaafi salphaatti hubatamuu danda`uun barreessuun bay`ee barbaachisaadha.

Kanumaan walqabatee, website [www.http//www.hosa.org](http://www.hosa.org) jedhu yoo ibsu, adeemsa beeksisaa barreessuu keessatti; kaayyoo inni maxxanfamuuf dursanii adda baasuu. Beeksisni tokko kan maxxanfamuuf dhimma murtaa`e tokko raawwachuuf yookiin dhimma tokkoof hawaasa dadammaqsuuf ta`uu dandaa`a. Kanaafuu, beeksisaa barreessuun dura kaayyoo inni barreeffamuuf adda baasuudhaan barreessuun barbaachisaa ta`a. Gabatee beeksisni itti maxxanfamuu qabus murteessuu. Odooffannoon kun eenyuun bira gahuu qaba jedhanii adda baasuudhaan odeeffattoonni bakka ittargaman mirkaneeffachuun maxxansuun barbaachisaadha. Dabalataanis, wayita barreeffamus waantirratti xiyyeeffatamuu qabu: karaa gabaabaa ta'een barreessuu, afaan ifaafi qulqulluu ta`etti gargaaramanii jiruufi jireenya dubbisootaa waliin

walqabsiisuun barreessuufi qabxiilee ijoo ta'an ibsuudhaan dubbistoota kakaasuu akka ta'e lafa kaa'a.

Akka beektotni garaa garaa ibsanitti beeksisni hiika garaa garaa qaba. ዳንኤል ብርሃኑ ተሾመ (2007:42) waa'ee hojii beeksisaa kana akkas jechuun ibsa "የማስታወቅያ ስራ ጥበብ የተሞላበት ሳይንስ ነው። ይህንን ጥበብ የተሞላበትን ሳይንስ በተገቢው መንገድ ተጠቅሞ የሚፈለገውን ግብ ለመምታት የተለያዩ ክህሎት ያሻሉ። እነዚህም፡ ከተደጋጋሚ ሙከራ ያለ የሚገኙ ልምዶችና ከትምህርት የሚመጣ ብቃትም ለማስታወቅያ ውጤታማነትና ሙያዊ አቀራረብ የራሳቸው የሆነ አስተዋፅኦ አላቸው" Jechuun addeessa. Yaadni hayyuu kanaa kan nu hubachiisu, hojiin beeksisaa hojii ogummaa saayinsiitiin guute ta'uu isaa, hojii ogummaa saayinsiitiin guute kanas karaa sirriifi barbaachisaa ta'een fayyadamuun galma yaadame sana bira gahuuf dandeettiiwwan garaa garaatti dhimma bahuun barbaachisaa ta'uu isaa, dandeettiiwwan kunis, muuxannoowwan yaalii irra deddeebii yeroo hedduutiin booddee kan argamuufi gahumsi karaa barnootaan argamu bu'a qabeessummaa dhiyeessii ogummaa beeksisatiif gahee mataa isaanii danda'e akka qaban kan ibsuudha. Cuunfaa walii gala yaada kanaa irraayis wanti hubatamuu qabuufi dhugaan yoomuu haalamuu hin dandeenye, beeksisni barraa'u kam iyyuu ogummaa saayinsiitiin deeggaramee karaa bilchina qabuun barraa'ee dhiyaachuu akka qabuudha.

Zalaalam (2012:19), "beeksisni odeeffannoo quunnamtii dhuunfaa ta'uu dhabuu, waa'ee meeshaalee, oomishaalee, tajaajilaafi yaadolee karaa addaa addaatti fayyadamuudhaan kan nama amansiisuuf hojjetaman akka ta'eefi wal quunnamtii dhuunfaan kan raawwatamu akka hin taane akkasumas, tajaajilamtoota amansiisuufi hubachiisuuf mala ittiin wal quunnamaniidha" jechuun ibsa. Backhaus (2007:5) immoo, yemmuu ibsu, "beeksisni karaa uummatni ittiin wal quunnamu ta'ee, qaama biroo tajaajiluuf malee, mataa ofii tajaajiluuf kan hin barreeffamneedha" jedhee ibsa.

Beeksisni yaada barreeffamee bakka ifa ta'ee argamutti maxxanfamu yookan bakka namootni baay'een arganiifi dhaga'anitti ilaalun maxxanfama. Galmee Jechoota Afaan Oromoo (1993:39) Zalaalam (2012:21), "beeksisni yeroo durii dhagaa irratti fakkii kaasuudhaanifi namootni karaa irra asiifi achi adeemanii lallabuun dhimma barbaadan tokko ibsachaa turan. Ammas taanaan, bara duriitii eegalanii wantootni hawaasichaaf akka beeksisati tajaajilaas turan kunneen yeroo ammaas yemmuu tajaajila kennan ni mul'atu" jedha. Geediyoon (2013:14), beeksisni kanneen akka fakkii, fiilmii fi barreeffamoota ta'an waa'ee hojiiwwan garaagaraa ykn tajaajila oomishaa kan namatti himan, bakkeetti maxxanfamanii yookan dhaabbatanii walquunnamtii hawaasaaf kan oolaniidha. Beeksisni waa'ee uummataa kan dubbatuudha. Kunis, akkaataa ittiin jiraataniifi hojii isaan hojjetan, tajaajila isaan barbaadan jechuunis warreen hojii barbaadaniif warreen hojjechiisuu barbaadan kan wal quunnamsiisudha jedha.

Waajjiraalee mootummaas ta'ee, kan mit mootummaa garaa garaa keessatti hojiiwwan kutaalee addaa addaatti hojjetaman adeemsiisuuf beeksisatti fayyadamuun beekkamaadha.

Kanaaf, maalummaan beeksisaa waajjiraalee jalqaba irratti ergaa dabarsuuf barbaadame tokko qaama barbaadameen gahuudha. Kuni immoo, fiixaan bahiinsa argachuuf unkaafi qabiyyeen isaa iddoo ol'aanaa kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

John E. (1988:272) akka ibsutti, "after you have finished filling out of the letter, read through it again before you sign. Proofread to make sure that you have made no spelling, punctuation or factual errors," jedha. Akka yaada kanaattis hubachuun kan danda'amu, unki beeksisoota waajjiraalee qulqullina barreeffama walii galaa hordofuun barraa'uun dirqama isaa akka ta'eedha.

2.1.2. Kaayyoo Beeksisaa

Beeksisni kam iyyuu yemmuu barraa'u kaayyoo, ergaafi sababa mataa isaa qabaatu malee callisee hin barraa'u. Yaada kaayyoo beeksisaa kana *ዳንኤል ብርሃኑ ተሾመ* (2007:30) irratti yemmuu ibsu, የማስታወቅያ ዐላማን ስናስብ አብሮ ማሰብ የምገባን የተደራሹ ወይም የአገባቢያችን ማንነትንም ጭምር መሆን ይኖርበታል፡ ምክንያቱም ማስታወቅያዉ እንደያመጣ የምፈለገዉ ዉጤት ያለተደራሹ ማህበረሰብ ክፍል ምላሽ ዋጋ አይኖረዉምና ነዉ። Jechuun ibsa.

Yaada kana irraayis wanti hubatamuu qabu, kaayyoo beeksisaa keenyaa sana milkeessuu kan danda'u dubbistoota beeksisaa keenyaa sana gatii ta'eef, dursinee eenyummaa isaanii beekuun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaati. Sababni isaas, beeksisni keenya suni isaaniin alatti galma nuuf gahuu waan hin dandeenyefiidha. Kanaaf, kaayyoo beeksisaa keenyaa galmaan gahuuf barreessuun dura waa'ee dubbistoota beeksisaa sanaa gadi fageenyaan xiinxaluun baay'ee barbaachisaa ta'a jechuudha.

Ben Rafaeletal (2006:14), "defines linguistic landscape as referring to any sign announcement located outside or inside a public institute or private business in a given geographical location public sign are types of semiotic sign in that they too stand for something other than themselves," jedha.

Beeksisni mallattoodha. Mallattoon kunis, mallattoo ergaan walii galaa fedhiin uummataa ittiin darbu fakkeenyaaf, odeeffannoo teessuma lafaa, odeeffannoo kallattii agarsiisu, odeeffannoo ogummaa hawaasa naannoo murtaa'aa tokko jiraatu yookan akeekkachiisaafi wkkf mallattoon uummataa haala daldalaa keessatti mul'atu waan akka bittaafi gurgurtaa agarsiisa. Faayidaan isaanii, qalbii maamiltootaa gara hojii, daldala ykn oomishaafi kkf tti harkisuuf ta'uu isaati. Backhause (2007:5) Dabalataanis, yaaduma kana kan deeggaru Getaachoo (2009:7) yoo ibsu,

“barreessuun karaa yaada yookan ergaa ittiin dabarfatan keessaa isa tokko ta’ee, waraqaa irratti barreessuun nama dubbisee hubachuu danda’uuf ergaa ykn dhaamsa kaa’uudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa’uun kanneen akka waraqaa, sibiila, dhagaafi kkf irratti barreessuun karaa ittiin dhaloota biroof ergaa dabarsinuudha”jedha. Yaada kana irraa hubachuun akka danda’amuttis, beeksisni barreeffamaan kaawwamu karaa ittiin ergaa dabarfannu keessaa tokko ta’uu isaati.

Yaaduma kana *ዳንኤል ብርሃኑ ተሾመ* (2007: 30) irratti *አማርኛንዲና ቫራዳጃን*: 1989:93) wabeeffachuun yemmuu ibsu, “አንድ ማስታወቂያ ሶስት አባይት ፍላጎቶች ይኖሩታል: እነዚህም 1. ማስታወቂያዉ. እንድደርሰዉ. የተፈለገዉን ክፍል ቀልብ መሰብሰብ፤ 2. ከፍላጎት አልፎም፤ ከሚተዋወቀዉ ነገር ተጠቃሚ ለመሆን እንድወስን ለመርዳት፤ 3. ምርቱን እና አምራቹ ስም እና ማንነት በተደራሹ ህሊና ዉስጥ ለማተም ነዉ.” Jechuudhan ibsa. Akka yaada kanaatti beeksisni fedhiwwan ijo o ta’an sadi raawwachuuf kan barreeffamu ta’uu isaati. Isaanis, 1. Yaada dubbistoota sanaa ofitti harkisuuf, 2. Wantabeeksifame sana irraa fayyadamtoota akka ta’aniif kan isaan murteeffachiisuu danda’u ta’uu akka qabuufi 3 immoo, beeksisichi hojii hojjetame sanaafi warra hojii sana hojjete bareechee dhiyeessuun sammuu dubbistootaa sana keessatti mallatteessee akka hanbisuuf kan barreeffamu ta’uu isaa addeessa.

2.1.3. Adeemsota Beeksis Barreessuu Keessatti Xiyyeeffannoo Argachuu Qaban

Yaada kana *ዳንኤል ብርሃኑ ተሾመ* (2007: 30) yemmuu ibsu, *ማስታወቂያዎችን መጻፍ ከመጀመራችን በፊት*: ለምን እንደሚንፀፍ: ስለ ምን እንደምንፀፍ እና እንዴት መጻፍ እንዳለብን ከሁሉም አስቀድመን ማሰብ እና ማወቅ ይኖርብናል:: Jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamuu qabu, osoo beeksis tokko barreessuu hin eegalin dura wantootni beekuu qabnu 1. Maaliif akka barreessinu, 2. Waa’ee maali akka barreessinuufi 3. Akkamitti barreessuu akka qabnu dursinee itti yaaduufi beekuun dirqama akka ta’eedha. Yaada kana bu’ureeffachuudhaan beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa garaa garaa keessatti barra’anii maxxanfamaa turaniifi maxxanfamaa jiran fudhannee yoo ilaalle, dhuguma ulaagaalee kana keessa darbanii barreeffamanii maxxanfamu moo, miti laata gaaffiin jedhu wanta deebii barbaadu ta’a.

Kanumatti dabaluun, *ዳንኤል ብርሃኑ ተሾመ* (2007: 43) እነራይት: (1982:251) wabeeffachuun yemmuu ibsu, “የማስታወቂያ ፅሁፍ ዝግጁት ጉልበት የሚጠይቀዉ ከህሎት በሚሰጠዉ አነስተኛ የግዜ ሽራፊ ዉስጥ መባል ያለበትን ነገር ብሎ ለመጨረስ የሚያስችል ብቃት ነዉ:: ማኳሪ እና ማይክ (1996) እንደሚሉትግን የማስታወቂያ ፅሁፍ ከሚያዘጋጁት ብዙዎች ይህንን ዉጤት ለደርሱበት አልቻሉም: ምክንያቱም ደግሞ የማስታወቂያ የፅሁፍ ብልሃቶችን ጠንቅቀዉ ካለመገንዘብ እና ተግባራዊ ካለማድረግ ይመነጫል”jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, hojiin beeksis barreessuu hojii human ogummaa nama gaafatu ta’ee, yeroo xiqqoo namaaf kennametti ogummaadhaan gargaaramuun wanta jechuu barbaadan hunda jechuu danda’uu kan nama gaafatu ta’ee, namootni beeksis barreessan hedduun isaanii garuu bu’aa ogummaa kanaa bira gahuu kan hin dandeenye ta’uu

isaaniiti. Sababni isaatis, ogummaa beeksisni ittiin barreeffamu hubachuu dhabuu irraa kan ka'eefi isuma beekan iyyuu immoo, hojiirra oolchuu dadhabuu irraa kan madduun ta'uu isaati.

2.2. Seera Barreeffama Afaan Oromoo

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessaa inni tokkoofi inni hangafaa qubeessuudha. Waa'ee qubeessuu ilaalchisee Fedhaan (1999:85) yemmuu ibsu, "dhimma qubeessuun walqabatee mul'atu keessaa inni tokko, dheeressuu, gabaabsuu, laaffisuufi, jabeessuun barreessuu akka ta'e, addeessa. Haalli kunis, kan uummamuu danda'u, sagaleen haala hin barbaachisneen yoo dheerate, yoo gabaabbate, yoo laafe, yoo jabaatefi kkf ta'ee, ergaan barreeffama tokkoo jal'achuu ykn yaada ergichi qabatee jiru gadi lakkisiisuu danda'a," jedha.

Kunis kan ibsu, seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti seerri jabeessuufi laaffisuu jechoota jabaachuufi laafuu qaban irratti hojjechuu akka qabuufi seerri gabaabbachuufi dheerachuu immoo, jechoota gabaabbachuufi dheerachuun barraa'uu qaban irratti hojjechuu akka qabu kan ibsuudha. Kana ta'uu baannaan garuu, seera afaanichaa cabsuu bira darbee, dubbistoota illee burjaajessuu kan danda'u ta'a jechuudha.

Yaada kana irraayis kan hubatamu, ergaan barreeffamaan darbuuf yaaddame tokko akka hingufanneef seerotni kun xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadan ta'uu isaaniti. Yaada kana Todd (1986:434) haala kanaan ibsa, "spelling involves the forming of words with letters according to convention and accept usages," jedha. Yaadni kun kan ibsu, qubeessuun adeemsa jechoota ijaaruuf taasifamu keessatti qubeewwan afaanichaaf irratti waliigalameen kan bakka bu'amuudha. Kun kan agarsiisu, qubeessuun seera afaaniin kan to'atamu yoo ta'u, seericha cabsinaan hiikni waan jijjiiramuuf, rakkoo walquunnamtii akka uumamu taasisa. Qubeessuu mallattoolee walii galameefi fayyadama afaanii fudhatama qabuun qubeewwanitti gargaaramuun jechoota ijaaruudha.

Guta (1981:1) yoo ibsu, "Incorrect spelling contributes to inefficient language use in writing. This is mainly because accurate spelling may be one manifestation of general proficiency in language," jedha. Kana irraa kan hubachuun danda'amus, namni tokko beekumsa afaanichaa qaba kan jechisiisu keessaa agarsiistuu guddaan qulqullinaan qubeessuu isaati.

Kelly (1998:391) dhiibbaa dogoggorri qubeessuu barreeffama irratti qabu yoo ibsu, "Misspelled words can spoil the effect of another wise excellent paper. However, avoiding these errors is no easy task," jedha. Yaanni kunis kan ibsu, dogoggorri qubee jecha tokkoo, barreeffamoota hafan kan boressu yoo ta'u, kana hojiirra oolchuun hojii salphaa akka hin taane addeessa. Kanaafis, yaada kana irraa kan hubatamuun danda'amu, rakkoon dogoggoraan qubeessuu jecha tokkoo

ergaa waliigalaa yaada barreeffama sanaa guutummaattis ta'ee, gamisaan kan gaaga'u ta'uu isaati.

2.2.1. Dubbachiistota Dheeressuufi Gabaabsuu Ilaalchisee

Adeemsa qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa qaba jennee murteessuuf seera katabbii Afaan Oromoo hordofuun ta'uun barbaachisaadha. Akkuma, jabeessuufi laaffisuun sagalee dubbifamaarratti hundaa'ee adda baafamu, sagalee dheeraafi gabaabaan immoo, dubbachiisaa bu'uura kan godhatuudha. Yaada kana ka'umsa godhachuun Geetaachoo (2006:26), haala armaan gadiitiin yoo ibsu,

Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan Oromoo warra bu'uuraa shananiin yemmuu gabaabaa uumani. Sagalee dheeraa uumuuf yeroon barbaachisu sagalee gabaabaa uumuuf yeroo barbaachisu nicaala. Dabalata kanaan sagaleen uumamu hiika jechi tokko duraan qabu nijjiira. Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo lamaan barreessina jedha.

Yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun kan dandaa'amu, uumamsa sagalee dheeraafi gabaabaa gidduu garaagarummaan yeroo akka jiruufi akkasumas garaagarummaa hiikaas akka qaban salphaatti nuhubachiisa. Kanaaf, adeemsa ijaaruu sagalee dheeraafi gabaabaa keessatti dubbachiiftota xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha jechuudha. Dabalataanis, Abarraafi warri biroo (1995), "dheerinniifi gabaabbinni dubbachiistuu jijjiirama hiikaa ni fida" jedhanii ibsu. Dhugaan gama saayinsiitiin jiru kanuma ta'us, hanqina fayyadama afaanii keessaa tokko kan ta'e, dogoggoraan dubbachiistuu dheeressuufi gabaabsuun beeksisoota Afaan Oromoo magaalaa Gohaatsiyoon keessatti mul'atanii jiru.

2.2.2. Sagaleewwan Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu Ilaalchisee

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaan agarsiisuuf dubbifamaa tokko yeroo lama katabna. Yaaduma kana ilaalchisee Geetaachoon (2006:28) haala kanaan ibsee jira,

Seera katabbii Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaan agarsiisuuf dubbifamaa tokko yeroo lama katabna. Seerri kun dubbifamtoota qubee yookiin mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta'a. dubbifamtootni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yogguu laafanis yemmuu jabaatanis unka tokkoon katabamu waan ta'eefuu, dubbifamoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessatti jabinni sagalee gidduu hiriiraa yookiin jechaa qofatti argama. Jalqabaafi dhuma jechaarratti barreeffamni Afaan Oromoo jabaachuu hin danda'u.

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun akkuma dandaa`amu, dubbifamaan qeenxee ta`an yeroo lama jecha tokko keessatti kan katabaman yoo ta`e, sagaleen jecha sana keessatti dhagahamu yookiin dubbifamu sagalee jabaataadha. Akkasumas, sagalee qeenxeen yeroo tokko kan katabamu yoo ta`e jechichi katabame sagalee laafaa ta`e qabaachuu isaa nuuf mirkaneessa. Kanaafuu, sagaleen jechoota katabnuu ulaagaa kana kan hinhordofne yoo ta`e ergaa barbaadame galmaan gahuu hindanda`u jechuudha.

2.2.3. Itti Fayyadama Sirna tuqaalee Ilaalchisee

Kana ilaalchisee Boove (1989:460) yoo ibsu, “Grammar rules and specially punctuation rules are commonly broken by advertising, copy writers, and this truly infuriates the critics,” jedha. Kunis, akkaataan itti fayyadama seerluginiifi sirni tuqaalee barreessitoota beeksisaa biratti kan hanqina qabu ta`uu isaatifi inni kun ammoo, walumaa galatti, yaadolee armaan olitti ibsaman kana irraa fayyadamni afaanii beeksisa keessatti qulqullina qabaachuu akka qabu kan nutti agarsiisudha.

Yaaduma kana ilaalchisee Addunyaa (2014:146) yeroo ibsu, “Sirni tuqaalee ergaa barreeffama tokkoon darbu haala barbaadameen dubbisaa bira akka gahuuf gumaacha guddaa taasisa,” jedha. Akka yaada kanaatti sirna tuqaalee utuu hinfayyadamin barreessuun ergaan barreeffama keenyaa eessa akka jiruufi maal akka ta`e hubachuun akka hin danda`amneedha. Kunis, faayidaan sirna tuqaalee hedduu ta`uu ibsa. Yaaduma kanaan kan walfakkaatu immoo,

Geetaachoo (2006:154) yoo ibsu, “Sirni tuqaalee bifaafi bakka tajaajilaan adda adda ta`an illee himoota ijaaraman guutuu taasisuuf barbaachisaadha,” jedha. Kanaafuu, rakkoon gama kanaan beeksisa waajjiraalee garaa garaa keessatti mul`atan ergaa darbuu barbaadame irratti gufuu ta`aa jiru jechuudha. Mee kanneen armaan gaditti itti fufanii dhiyaatan yaa ilaallu.

Waa`ee itti fayyadama mallattoo tuqaa ilaalchisee, Mirreessaa Amanuu (2014:165) yemmuu ibsu, “tuqaan yaada ergaa guutuu dabarsee xumurame tokko agarsiisuuf akkasumas, jechoota ga baajessuufi kkf kan tajaajiluudha” jedhee ibsa. Fayyadama sirna tuqaalee keessaa tuqaan yeroo baay`ee kan namni waan fedhe barreessu tokko irra deddeebidhaan itti gargaaramuudha. Yaada kana ka`umsa godhachuun William (2005:22) yoo ibsu, “Use a period to mark the end of a sentence that makes a statement or express a command.” Jedha.

Yaada kana irraawanti hubatamu, xumuramuu himaa yookiin himamsaafi yaada ajajaatiin booda tuqaan galuu qaba jedha. Kanaafuu, barreeffama keessatti dhuma himaafi himamsaa irratti

mallattoo tuqaatti dhimma bahuun barbaachisaa ta'uu isaati. Yoo itti hin gargaaramnu ta'e garuu, seera barreessuu afaan tokkoo keessaa iddoo ijoo hir'isuu keenya ta'a jechuudha.

Qoodduun hima keessatti jechoota ykn gaaleewwan tarree galanii hiriiran addaan baasuuf, guyyaafi ji'a addaan baasanii barreesuuf, ciroowwan caasaan wal hingitne adda baasuuf, qabsiistota hima walqabsiisan booda, seensistoota hima walqabsiisan boodas, akka galuu qabu hayyootni adda addaa ni eeru (Adduuyaa 2014fi Geetachoo 2003).

2.3. Dhiibbaawwan Hanqina Qubeessuu

Hanqinni yeroo ammaa kana barreeffama beeksisootaa irratti mul'atu, oolee bulee hawaasa afaan kanaa keessatti rakkoo hamaa qaqqabsiisuu mala. Hanqinni mul'atu kunis, jala jalaa sirrachaa hin adeemu taanaan turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii hubachuutu dhufa. Rakkoon kun hawaasicha keessatti babal'achaa yoo adeeme, beekumsaafi bu'aa ergaa dabarfamuuf barbaadamee ni gufachiisa. Walquunnamtiin beeksisaan taasifamu rakkoo keessa waan galuuf abbaan dhimmaa yeroo dubbisu ergaa isaa hubachuu dhabuu irraan kan ka'e odeeffannoo dogongoraa akka fudhatu nitaasisa.

Hanqinni qubeessuu jiraannaan garuu, haalli kuni ta'uu akka hin dandeenye agarsiisa. Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sanaaf baay'ee murteessaadha. Sababni isaas, qubeen tokko sagalee tokko waan bakka bu'uuf, jijjiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fiduu danda'a waan ta'eefidha. Kanaaf iyyuu, qubeen tokko jecha barreeffamu tokko keessaa hafnaan yookiin itti dabalamna ergaa darbuuf yaadame sana irratti rakkoo cimaa fiduu danda'a jechuudha.

Hanqinni qubeessuu jiraannaan garuu kun akka ta'uu hindandeenye agarsiisa. Keessattuu Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sanaaf baay'ee murteessaadha. Dabalees hanqinni qubeessuu haala dubbisa hima tokkoo qofa kan jijjiiru osoo hintaane, haala barreeffama keessatti argamu guutuusaa jijjiiruu danda'a (Hodge, 2009).

Miidhaan hanqina qubeessuun dhufu kana qofa miti. Namoonni hojii argachuuf xalayaa iyyannoo waajjira yookiin qaama isa qacaruu barbaade sanaaf nidhiyeessu. Hanqinni qubeessuu keessa jiraannaan garuu carraa qacaramuu dhabuu danda'u. Inni hojiirra jirus qabatuma kanaan guddina itti aanutti darbuu dhabuu danda'a. Inni guddaan iddoo hundatti walfakkaatu ammoo barreessaafi dubbisaan walquunnamuu dadhabuu isaaniiti. (Fergus,1983).

Walumaagalatti, hanqinaaleen qubeessuu jiruuf jireenya hawaasaa keessatti gama guddina afaanichaas ta'e tajaajila afaanichaan rakkoo guddaa fida. Kunis, ergaa darbuu male tokko

danquu yookiin hiika dhabamsiisuu danda'a. Kun immoo, yoo gadi qabamee ilaalamu gama guddina afaanichaatiinis ta'ee tajaajila inni kennurratti dhiibbaa qaba. Akkasumas, hawaasni nama barreeffama dogoggora qubee qabu barreesse sana akka nama barnootaafi dandeettii hinqabneetti fudhachuufi barreeffamichis fudhatama akka hinqabnetti fudhachuu danda'a. Kun immoo, yaada barreeffamichaa fudhatama dhabsiisa. Fayidaan afaanicha irraa argamus ni hir'ata jechuudha. Haalli kun immoo, akka hawaasni gama barreeffamaan afaan isaa sana irraa shakkii guddaa qabaatu taasisuu danda'a.

2.4. Sakatta`a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura hojjetamanii mataduree qorannoo kana waliin walitti dhiyaatan iddoo itti eeraniidha. Barbaachisummaan isaa inni guddaan immoo, tokkummaafi adda addummaa qorannoon kun kanneen biroo sana waliin qabu ibsuufidha. Isaanis: Geetoo (2012) mata duree "Rakkoo dogoggora qubeessuu Afaan Oromoo Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Baalee Gaasaraa keessatti mul'atan" jedhu irratti qorannoo adeemsisee jira. Kaayyoon isaa, hojjetootni waajjiraalee Aanaa Baalee Gaasaraa rakkoo qubeessuu irratti qaban qaaccessuun kan hojjetameedha. Qorannoon kun garuu, kan inni irratti xiyyeeffate qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa irrattiidha.

Sakattaani barruu walfakkiin inni biroon immoo, Shimallis (2015) mata duree, " Sakatta`a rakkoolee Afaan Oromootiin barreessuu waajjiraalee mootummaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaat keessatti mul'atan." Kan jedhurratti adeemsisee ture. Kaayyoon isaa immoo, "Rakkoolee Afaan Oromootiin barreessuu waajjiraalee mootummaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaat keessatti mul'atan sakatta'uun yaada kaa'uu." Kan jedhuudha. Kaayyoon isaanii adda addummaa qabaatus, qorannoowwan kun lamaan hanqina qubeessuu irratti hojjetamuun isaanii kan wal isaan fakkeessuudha. Kaayyoon isaa sakatta`uu wayita ta`u, kan qorataa kanaa garuu qaaccessuudha. Kana malees, qorannoon Shimallis akka walii galaatti, sakatta'a rakkoolee Afaan Oromootiin barreessuu waajjiraalee mootummaa kan jedhu yemmuu, qorannoon kun garuu, qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisootaa kan jedhuudha. Gama birootinis, garaagarummaan qorannoowwan kanaa, qorannoon Shimallis, waajjiraalee mootummaa Aanaa Jibaat kan ilaallatu yemmuu ta`u, kan qorataa kanaa garuu, waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa irratti kan xiyyeeffateedha.

Walumaagalatti, qorannoowwan armaan olitti eeraman kunneen dhimmoota qubeessudhaan wal qabatan irratti bakkeewwan garaa garaatti kan geggeeffaman ta'an iyyuu, kaayyoniifi argannoon isaanis kan qorataa kanaa irraa addadha.

Boqonnaa Sadi

3. Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatan: saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, irraawwatama qorannichaa, mala qorannichaa, iddatoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, mala qaaccessa ragaaleefi qindoominni qorannichaa haala itti aanun tartiibaan dhiyaatanii jiru.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuuf, qoratichi odeeffannoo guurrate bifa lakkoofsaafi bifa jechaan teessisuun mala ibsaatiin immoo hiika itti kennuun argannoofi yaada furmaataa isaa bira gahee jira.

3.2. Mala Qorannichaa

Mata duree qorannoo, “Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa” jedhurratti odeeffannoon meeshaalee garaagaraan funaanaman mala makaa ykn mala akkamtaafi ammamtaatiin xiinxalamani jiru.

Sababni isaas, odeeffaannoowwan bifa ibsaafi lakkoofsaan waan xiinxalamaniifi. Malli ammamtaa odeeffannoo argame sana gara lakkoofsaatti deebisuun garaagarummaa jijjiiramoota gidduutti argamu ibsuun xiinxaluudha. Malli akkamtaa /ibsa/ immoo, odeeffannoo argame sana jechootaan ibsuudha. Kunis, kanneen jechaan taa’an qaaccessuun jechoota dogoggora qabaatanii funaanaman akka adeemsi isaa sirrii ta’utti waliin walbira qabaa qaaccessuun jechaan kan ibsi itti kennameedha.

Bu`uruma kanaan, qoratichi sanadoota sakatta`amaniifi afgaaffii geggeeffame irraa ragaalee funaanaman mala ibsaatti gargaaramuun odeeffannoo qorannoo isaa xiinxalee jira. Qoratichi rakkoolee ogummaa kanarratti hojjetoota mootummaa fi mitmootummaa keessaa hojjetan biratti argamu xiinxaluuf malli makaan kun caalmaatti na gargaara jedhee waan itti amaneef mala kanatti gargaaramee ragaalee isaas xiinxalee jira.

3.3 Madda Odeeffannoo

Madda ragaalee jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti. Dhugummaa odeeffannoo tokkoo addaan baafachuuf, qaama odeeffannoon irraa argamuudha. Haaluma kanaan immoo, odeeffannoo qorannoo tokkoo galmaan gahuuf maddoota ragaalee adda addaa irraa argachuun ni danda’ama. Bu`uruma kanaan, akka hubannoofi ilaalcha qoratichaatti haala qabatamaa mata duree qorannoo kanaatiin kan barbaachisu madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati.

Maddi odeeffannoo tokkoffaan beeksisoota garaa garaa kanneen bara kana keessa magaalicha keessatti barreeffamanii maxxanfamanii argaman kan ilaallatu yemmuu ta’u, maddi odeeffannoo inni lammaffaan immoo, hawaasa aanichaa kan odeeffannoon irraa funaannamee yemmuu ta’an, Hojjetootni kanneen Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon keessatti waajjira mootummaa keessatti hojjetan kanneen akka, hojjetoota waajjira barnootaa, waajjira siivil sarvisii, waajjira aadaafi turiizimii akkasumas, waajjira mitmootummaa keessaa immoo, hojjetootni Piroojektii misooma daa’immanii Waldaa Birahaana Wangeeliifi hojjetootni Piroojektii misooma daa’immanii Waldaa Birahaana Kiristoosii keessatti hojjetan afgaafficha keessatti hirmaatanii jiru.

3.4. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa inni hangafaan beeksisoota waajjiraalee mootummaafi kanneen mitmootummaa magaalaa Gohaatsiyoon keessatti bara 2010 keessa maxxanfamanii fudhataman yemmuu ta’an, irraawwatamni lammaffaan odeeffannoo qorannoo kanaa immoo, hojjetoota waajjiraalee mootummaa iddattoon filatamanii afgaaffiiif dhiyaatan kanneen akka: waajjira barnootaa, waajjira aadaafi turiizimii, waajjira siivil sarvisiifi waajjiraalee mitmootummaa keessaa immoo, hojjetoota piroojektii misooma daa’immanii waldaa Birahaana Wangeeliifi hojjetoota piroojektii misooma daa’immanii waldaa Birahaana Kiristoosii Gohaatsiyoonidha. Cuunfumatti irraawwatamni qorannoo kanaa, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi kanneen mitmootummaa kan Aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon irraa walitti funaannamaniifi hojjetoota filatamanii afgaaffii irratti hirmaataniidha. Malli qoratichi waajjiraalee armaan olii ittiin filate mala kaayyawaan ta’ee, Sababiin qoratichi waajjiraalee armaan olii kana qofa filateef immoo, daangaa qorannoo isaa too’achuufidha. Kana malees, beeksisootni waajjiraalee hunda irraa funaannamuun osoo baay’atanii gaarii ture. Yaa ta’u malee garuu qoratichi waraqaa beeksisootaa 32 qofa kan fudhateef, kaayyoon isaa waraqaa beeksisootaa baay’isuu osoo hin taane, isuma walitti qabate sirriitti xiinxaluu ykn qaaccessuu waan barbaadefi.

3.5. Iddattoo

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaallametti, kanneen qorannoon kun ilaallatu hundumaa irraa odeeffannoo guuruun bu’aa qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekkamaadha. Haata’u malee garuu, waajjiraalee mootummaa 32 fi waajjiraalee mitmootummaa 3 aanaa Warra Jaarsoo keessa jiran hunda irraa tokkuma tokkoon odeeffannoo funaanuuf yoo jedhame humna qorataa kanaatiin ol ta’a. Kunis, yeroo, baajataafi meeshaalee barbaachisan gahaa argachuu waan gaafatuufidha. Kanaafuu, iddattootti gargaarramuun baay’ee

barbaachisaa ta'ee argame jechuudha. Qoratichi qorannoo isaa kana keessatti mala makaa gargaaramus, irra caalaatti kan inni dhimma itti bahe mala akkamtaatt ta'uun isaa waanuma amalli mata durichaa eeyyamuufidha. Haaluma kanaan, milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaannaman beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit mootummaa kanneen magaalaa Gohaatsiyoon keessatti bara 2010 keessa maxxanfamanii, walitti qabamanii dhiyaatan irraa ta'a. Kunis kan filatameef, kan baroota hedduu irratti kan xiyyeeffatamu yoo ta'e, daangaa qorannichaa bal'isuu danda'a jedhamee yaadameeti. Akkasumas, qoratichi karaa afgaaffiin odeeffannoo isaa funaannachuuf, hojjettoota Waajjira barnootaa namoota 28 keessaa namoota 10, waajjira Aadaafi Turiizimii namoota 26 jiran keessaa namoota 8, waajjira siivil sarvisii namoota 36 jiran keessaa namoota 10 fi hojjettoota waajjira mit-mootummaa piroojektii misooma daa'immanii waldaa Birahaan Wangeelii keessatti hojjetan 4 keessaa namoota 2 irraa, hojjettoota piroojektii misooma daa'immanii waldaa Birahaana Kiristoosii magaalaa Gohaatsiyoon 4 keessaa namoota 2, ida'amaan, namoota 32 ta'an irraa odeeffannoo isaa karaa afgaaffii banaatiin funaannatee jira. Filannoon iddattoota kunis mala darbaa dabarsaatin bira gahuun kan raawwatameedha.

Waraqaalee beeksisoota funaannamanii ilaalchisees immoo, qoratichi kan funaannate, ji'ootaan daangessee kan ji'a kanaafi kanaa naaf fidaa jechuun osoo hin taane, ji'uma isaan beeksisa itti baasan eeggachuun eeyyamsiisee kan fudhateedha. Sababni isaatis, waajjiraaleen kunneen ji'a hunda keessa beeksisa baasuu dhiisuu danda'u waan ta'eefidha.

3.6. Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa hojjettoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa W/Jaarsoo keessatti argaman yommuu ta'an, qoratichi tooftaalee iddatteessuu jiran hunda keessaa waajjiraalee filachuuf mala mitcarraa fayyadamuun hojii iddatteessuu isaa gaggessee jira.

Sababni malli kuni filatameefis, waajjiraaleen filataman kunneen kaayyoo qorannoo kanaa galmaan naaf gahuu danda'u jedhee qorataan waan itti amaneeffidha. Kanumaan walqabatee, qoratichi gosa iddatteessuu mitcarraa kana keessaa immoo, mala iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'ee jira. Sababni isaas, iddattootni filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaa irratti waan xiyyeeffatuufidha. Qoratichis, haaluma kanaan, milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaannaman, hojjettoota waajjiraalee mootummaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti hundaa'uun waajjiraalee 32 jiran keessaa 8 (saddeet) mala kaayyeffataatti gargaaramuun filatamanii qorannoon kun irratti adeemsifamee

jira. Dabalataanis, hojjettoota waajjiraalee saddeet keessa jiran dhiirota 58fi dubartoota 32 walitti qabaa 90 kan qabu yoo ta'u; isaan keessaa odeef-kennitota karaa mala darbaa dabarsaatiin gargaaramuun filatee jira. Kunis kan ta'eef, namoota irra caalaatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e kennuu danda'an bira gahuufidha.

Bu'uruma kanaan, hojjettoota Waajjira barnootaa namoota 28 jiran keessaa namoota 10, waajjira Aadaafi Turiizimii namoota 26 jiran keessaa namoota 8, waajjira siivil sarvisii namoota 36 jiran keessaa namoota 10 fi hojjettoota waajjira mitmootummaa piroojektii misooma daa'immanii waldaa Birahaana Wangeelii keessatti hojjetan 4 keessaa namoota 2, hojjettoota piroojektii misooma daa'immanii waldaa Birahaana Kiristoosii magaalaa Gohaatsiyoon namoota 4 keessaa namoota 2, ida'amaan, namoota 32 ta'an irraa odeeffannoo isaa karaa afgaaffii banaatiin funaannatee jira. Filannoon kunis mala darbaa dabarsaatin bira gahuun kan raawwatameedha.

Gay (1981) waa'ee mala filannoo iddattoo kanaa ilaalchisee, "namni qorannoo geggeessu tokko kaayyoo isaa irraa ka'ee eenyufaa osoon filadhee odeeffannoowwan nabarbaachisan argachuu danda'a laata? gaaffii jedhu hubannoo keessa galchuun iddattoo isaa filachuun barbaachisaa akka ta'e ibsee jira. Dabalataanis, Sarantakos(2005) waa'ee iddattoo adda baasanii filachuu yoo ibsu, "In technique the researcher purposely choose subjects who, in their opinion are relevant to the project, in such cases the important criteria of choice is the knowledge and expertise of the respondents, and hence their suitability for the study," jedha.

Akka yaada kanaatti, qorataan namoota fedhii, muuxannoo, beekuumsaafi kaayyoo qorannoo isaa waliin walitti hidhata gaarii qaban addaan baasee mala ittiin filatu ta'uu isaa agarsiisa. Iddattootni qorannoo kanaa hojjettoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Godina Shawaa Kaabaa aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon keessatti argaman yommuu ta'an, qoratichi tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa waajjiraalee filachuuf, mala mit-carraa gargaaramuun, mala mitcarraa keessaa immoo, mala akkayyootti gargaaramee murteeffachuun waajjiraalee kan filatee jira. Sababni malli kun filatameef immoo, odeeffannoo kennitoota keessaa filachuuf waajjiraaleen filataman qorannoo kana sirriitti galmaan naaf ga'u jedhee qorataan waan itti amaneefidha.

3.7. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa argamsiisuun qorannoo kiyya galmaan naaf gahuu danda'a jedhee itti amanuun filate sakatta'a dookumantiifi af-gaaffiitti dhimma bahee jira.

3.7.1. Sakatta'a Dookumantii

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti meeshaalee ragaan ittiin funaaname keessaa inni tokko dookumantii ykn barreeffama beeksisootaa sakatta'uuni. Sababni meeshaan funaansa ragaa kuni filatameefis, hanqinoota haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa aanaa warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon keessaa funaannamanii qabatamaan xiinxaluufi. Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate barreeffamoota beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa qaaccessuun hanqinoota haala qubeessuu adda addaa achi keessatti mul`atan adda baasuun, madda isaanitiif furmaata barbaadufiidha.

Haaluma kanaan, waraqaaleen beeksisoota waajjiraalee qorannoon kun irratti adeemsifamee baay'inni isaanii 32 ta'an xiinxalamuun madda ragaa qorannichaa ta'uun tajaajilanii jiru.

3.7.2. Afgaaffii

Meeshaa funaansa ragaa afgaaffii ilaalchisee Dastaa (2002: 84) yommuu ibsu, "Odeeffannoon afgaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta'in, qorataan keessa deebi'ee fooyyessuu danda'uufi odeeffannoo kennitootni illee waan isaaniif hingalle gaafachuuf carraa qabaachuun isaanii meeshaa funaansa ragaa kana filatamaa isa taasisa" jedha. Kanaaf, meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun qoratichi gaaffilee banamoo ta'an shan Afaan Oromootiin qopheessuun hojjetoota waajjira barnootaa keessaa nama 10, waajjira siivil sarvisii keessaa namoota 10, Waajjira aadaafi Turiizimii keessaa namoota 8 ida'amaan hojjetoota mootummaa 28 fi hojjetoota waajjiraalee mit mootummaa magaalaa Gohaatsiyoon keessatti hojjetan 8 keessaa 4, ida'amaan iddattoota 32 ta'an irraa gaaffilee bu'uraa isaa irratti ragaa funaannachuuf qoratichi meeshaa funaansa ragaa kanatti fayyadamee jira.

3.8. Adeemsa Ragaan Ittiin Funaaname

Qoratichi mataduree qorannoo qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon jedhu irratti, adeemsi odeeffannoon isaa ittiin funaaname, jalqabatti ragaan madda tokkofaa beeksisoota magaalicha keessatti maxxanfamanii argaman funaannachuun kan qaaceffame ta'ee, ragaa dabalataa funaannachuuf immoo, hojjetoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa filatamaniif afgaaffii dhiyeessuun iddattoota kanneen ragaa kennuu irratti hirmaatan biratti qaamaan argamuun hojiin funaansa ragaa qorannoo kanaa adeemsifamee jira. Dhuma irrattis, odeeffannoowwan karaa sakatta'a dookumantiifi afgaaffiin walitti qabaman kunneen mala lakkoofsaafi ibsaatiin fayyadamuun qaaceffamanii jiru.

3.9. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun amalaafi adeemsa qabu irraa ka'ee mala makaatiin gaggeeffame. Kuinis, mala akkamtaafi hammamtaa jechuudha. Mala ammamtaa fayyadamuu keessaatti qoratichi ragaaleen funaanaman akka sirriitti ifa ta'aniif, dogoggora qubeessuu jiru gosaan qoodee dhibbeentaan kaa'e. Ergasii ibsi itti kenname. Mala akkamtaa fayyadamuu keessatti immoo dogoggoroota mul'atan karaa afgaaffiin adda baasuun qaaccessuun ibse. Kanaafuu, qorannichi mala makaa fayyadame jechuudha.

Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi qaaccessuuf barbaadameeti. Mala makaa fayyadamuun ammoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkicha gadfageenyaan akka hubataniif gargaara (Creswell, 2009).

Haaluma kanaan, ragaalee sakatta'a dookumantootarraa argaman akka ifa ta'utti jalqaba akkaataa walfakkaataniin gosa gosaan qoodamanii dhiyaatan. Itti aansuun immoo, baay'ina dogoggorootaa argamee gosa gosaan gabatee keessa kaa'udhaan dhibbeentaatti jijjiiruun qaaccessi irratti geggeeffamee jira. Dabalees, kanneen jechaan taa'an qaaccessuuf jechoota dogoggora qubeessuu qabaatanii funaanaman akka adeemsi isaa sirrii ta'utti dogoggora kan jedhu jalatti tarreessuun gara itti sirreeffaman immoo, sirrii kan jedhu jalatti teessifamanii jiru.

Ragaalee afgaaffiin argamanis, iddoo barbaachisaa ta'etti kan qaaccessa ragaalee dookumantii waliin walbira qabaa adeemuun qaaccessuuf yaallamee jira. Ergasiis, odeeffannoo karaa lamaanuu argaman walitti fiduun hagam akka walfakkaatan ilaaluun, yaada walfakkatuufi kan wal hinfakkaanne adda baasuuf ammamtaadhaan kaawwamee ibsis itti kennamee dhiyaatee jira.

3.10. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qooddamee kandhiyaate yemmuu ta'u, Boqonnaa tokko keessatti seensa, ariirata, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa, Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo, maalummaa beeksisaa, faayidaa beeksisaa, gosoota beeksisaa, unkaafi qabiyyeewwan beeksisootni of keessatti hammachuu qaban, yaad-rimeefi sakatta'a barruu wal fakkiitu dhiyaate, Boqonnaan sadi immoo, saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, sakatta'a dookumantii, afgaaffii, mala ragaaleen ittiin qaaccaffaman, qindoomina qorannichaa kan ofkeessaa qabuufi, Boqonnaa afraffaa keessatti immoo, ragaaleen karaa sakatta'a dookumantiifi karaa afgaaffiin walitti qabaman qaaccaffamanii dhiyaatanii jiru. Boqonnaa shanaffaa jalatti immoo, guduunfaafi argannoo akkasumas, yaada furmaataa qorannichaatu dhiyaatee jira. Wabiiniifi dabaleenis qaamuma qorannoo kanaati.

Boqonnaa Afur

4. Hiikaafi Xiinxala Ragaalee

Boqonnaan kuni iddoo itti odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan kanneen kallattiilee garaa garaan walitti funaannaman itti hiikamaniifi xiinxalamaniidha. Qindeeffamaafi mala qaacceessa ragaalee qorannoo kanaa keessatti odeeffannoowwan karaa sakatta'a dookumantiifi afgaaffitiin walitti qabaman muuxannoo qoratichaafi qorannoo mana kitaabaa bu'uureffachuun qindaa'anii dhiyaatanii jiru. Haaluma kanaan, beeksisootni waajiraalee mootummaafi mitmootummaa aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon keessatti bara 2010 fulbaana irraa hanga Waxabajjii guyyaa 30tti afaan Oromiffaatiin barreeffamanii maxxanfaman yommuu ilaallaman unkaanifi qabiyyeen isaanii dogoggoroota akkam akkamii akka qabaniifi ragaaleen haala walitti dhiyeenya qabaniinqindaa'aniifi qaaceffamanii dhiyaatanii jiru. Maqaan waajiraalee immoo, iccitii (ethics) qorannichaa eeguuf jecha koodidhaan bakka buufamanii jiru. Isaanis: waajirri barnootaa 'A', siivil sarvisiin 'B', bulchiinsi 'C', waajirri poolisii 'D', BLTO'n 'E', waajirri fayyaa 'F', qonni 'G', Piroojektiin misooma daai'immanii Birahaana Wangeelii 'H', Piroojektiin misooma daai'immanii Birahaana Kiristoosii immoo 'I' dhan bakka buufamanii dhiyaatanii jiru.

4.1. Xiinxala Beeksisoota (Sakatta'a Dookumantii) Irratti Taasifame

Akkuma boqonnaa sadaffaa keessatti eeramee ture, ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabachuuf qoratchi sakatta'a ragaalee dookumantii taasiseejira. Sakatta'insi ragaalee dookumantii kunis kan gaggeeffame beeksisoota waajiraalee mootummaafi mitmootummaa kanneen iddatto qorannoo kanaaf filatamanii jiran keessatti Afaan Oromootiin barraa'anii turan ragaafi haala qabatamaan yemmuu ilaalaman dogoggorootni mul`atan maalfaa akka ta'ana ddaan baasuuf, dookumantiiwwan beeksisaa kanneen fudhataman kutaa kana jalatti haalaafi gosa gosa rakkoo isaaniitti qoqqoodamuun xiinxalamaniin jiru.

4.1.1. Qaaccessa Sadarkaa Qubeessuu Irratti Taasifameefi Hanqinoota Mul'atan

Qubeessuu keessatti wantoota sagaleen walqabatan hedduu ilaaluun nidanda`ama. Kanaaf, qaaccessa kana jalatti dhimmootni qubeessuu ilaallatan jechuunis rakkooleen kanneen akka: jabeessuu, laaffisuu, dheeressuufi gabaabsuun haala gadiitiin qaaceffamanii dhiyaatanii jiru. Qulqullinaan qubeessuun walquunnamtii barreeffamaa sirrii ta'e tokko uumuuf kanneen oolan keessaa isa tokkoodha. Kana ilaalchisee Clarkfi warri biroo (1994:51) akka itti aanutti ibsu,

One of the keys to successful communication is correct spelling. In writing a misspelled word can detract the reader from content of the message and cause misunderstanding. Incorrect spelling may also cause embarrassment because it lowers the writer's image in the reader's mind. Proper spelling, therefore, is basic to effective communication.

Yaaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, walquunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti qubeessuun iddoo ol'aanaa kan qabu ta'uu isaati. Dogoggorri qubeessuu ergaa barbaaddame tokko karaatti hambisuu bira darbee, barreessaa sana kan qeeqsisu ta'uu isaati. Kunis, qubee sirnaan fayyadamuun walquunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti murteessaa ta'uu isaa nuuf mirkaneessa.

Walumaagalatti, dogoggorri qubeessuu walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduu jiru waan harcaasuuf ergaan barbaadame akka hin dabarre, yookiin ergichi bifa hinbarbaadamneen faallaa ta'ee akka darbu kan taasisu ta'uu isaa hubachuun gaarii ta'a. Hanqinootni qubeessuun walqabatani barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa qorannoon kuni irratti adeemsifamee muudatan akkaataa armaan gadii kanaandhiyaachuun tokko tokkoon beeksisoota barreeffamanii jiran keessaa waraabbachuudhaan qaaceffamanii jiru. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

4.1.1.1. Hanqina Dubbachiistota Dheeressuufi Gabaabsuu Irratti Mul'ate

Haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee xiinxalamani keessatti dheeressuufi gabaabsuun sagaleewwanii kun haalaan hojiirra oolee hinmul'atu. Rakkooleen sagalee dubbachiisaa bakka dheerachuu qabanitti dheeressuu dhabuufi iddoo gabaabbachuu qabutti immoo, dheeressanii barreessuun nimul'ata. Rakkoon dubbachiisaa seeraan qubeessuu dhabuu kun immoo, hiika ergaan barreeffamichaa dabarsuu qabu ni dhoorkata.

Adeemsa qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa qaba jennee murteessuuf seera katabbii Afaan Oromoo hordofuun ta'uun barbaachisaadha. Akkuma, jabeessuufi laaffisuun sagalee dubbifamaarratti hundaa'ee adda baafamu, sagalee dheeraafi gabaabaan immoo, dubbachiisaa bu'uura kan godhatuudha. Yaada kana ka'umsa godhachuun Geetaachoo (2006:26), haala armaan gadiitiin yoo ibsu,

Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan Oromoo warra bu'uuraa gosa tokko ta'an qeenxessuun yemmuu jecha uumani. Sagalee dheeraa uumuuf yeroon barbaachisu sagalee gabaabaa uumuuf yeroo barbaachisu nicaala. Dabalata kanaan sagaleen uumamu hiika jechi tokko duraan qabu nijijjiira. Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo lamaan barreessina jedha.

Yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun kan dandaa`amu, uumamsa sagalee dheeraafi gabaabaa gidduu garaagarummaan yeroo akka jiruufi akkasumas garaagarummaa hiikaas akka qaban salphaatti nuhubachiisa. Kanaaf, adeemsa ijaaruu sagalee dheeraafi gabaabaa keessatti dubbachiiftota xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha jechuudha. Kana ta'uu baannaan jechi suni ergaa dabarsuuf jedhe sana gadi dhiisee ergaa biraa dabarsa jechuudha. Rakkooleen qubeessuu akkasii kun beeksisoota keessatti argamanii jiru.

Kana hubachuuf gabatee armaan gadii ilaaluun ba'eessa ta'a. Hubachiisa. Jechootni gabatee armaan gadii keessatti tarraa'anii dhiyaatan kunneen haala galumsaa barreeffama beeksisootaa sana keessatti ilaallamuun kan madaallaman ta'ee, jechootni kuni haala galumsaa iddoo birootti immoo, sirrii ta'uu danda'uu isaanii hubachuun gaariidha. Akka dhaamsa qoratichaatti, jechootni kuni dogoggoraan qubeeffamuu isaanii hubachuuf, haalaafi iddoo galumsa isaanii waraqaa beeksisootaa sana dabalee jalatti ilaaluun adda baasuun gaarii ta'a.

Gabtee 2. Hanqinoota dubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul'atan

Lak	Dogoggora dubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul'ate		
	Jecha dogoggoraa	Kan ta'uu qabu	Wajjiraalee dogoggoricha uuman
1	barumsaa	barumsa	Wajjira C
2	baayyane	bayyane	Wajjira C
3	haanga	hanga	Wajjira C
4	gaatii	gatii	Wajjira C
5	xaalayaa	xalayaa	Wajjira C
6	gaatiin	gatiin	Wajjira C
7	Hangaa	hanga	Wajjira C
8	bitaachuu	bitachuu	Wajjira C
9	banamuu	banamu	Wajjira C
10	hoggansaa	hoggansa	Wajjira A
11	irraa	irra	Wajjira A
12	jiraan	jiran	Wajjira A
13	barsiisoota	barsiisota	Wajjira A
14	barbaadaa	barbaada	Wajjira A
15	tajaajilaa	tajaajila	Wajjira A
16	gosaa	gosa	Wajjira A
17	hundaa	hunda	Wajjira A
18	hangaa	hanga	Wajjira A
19	Barataan	baratan	Wajjira A
20	barbadaa	barbaada	Wajjira A
21	galmooftaan	galmooftan	Wajjira A
22	hundaa	hunda	Wajjira A

23	hangaa	hanga	Waajjira A
24	wajjirichaa	waajjiricha	Waajjira A
25	galmooftaan	galmooftan	Waajjira A
26	dabraan	dabran	Waajjira A
27	guutuu	guutu	Waajjira B
28	tooko	tokko	Waajjira B
29	fotokooppii	footokoppii	Waajjira B
30	dhimmaa	dhimma	Waajjira B
31	dhimmii	dhimmi	Waajjira F
32	xumuree	xumure	Waajjira F
33	waajjiraa	waajjira	Waajjira F
34	hangaa	hanga	Waajjira F
35	keessaan	keessan	Waajjira F
36	ammatii	ammatti	Waajjira F
37	naagaa	nagaa	Waajjira F
38	buufataa	buufata	Waajjira F
39	bulchiinsa	bulchiinsa	Waajjira F
40	humnaa	humna	Waajjira F
41	waaggaa	waggaa	Waajjira G
42	too'aataa	too'ataa	Waajjira G
43	hoojjeetaa	hojjetaa	Waajjira G
44	Danda'uu	Danda'u	Waajjira G
45	namoonnii	namoonni	Waajjira E
46	fuudhachuu	fudhachuu	Waajjira E
47	beeksisaa	beeksisaa	Waajjira E
48	hindeebinee	hindeebine	Waajjira E
49	baruumsaa	barumsa	Waajjira E
50	gaaffaa	gaafa	Waajjira D
51	torbaa	torba	Waajjira D
52	qaabatani	qabattani	Waajjira D
53	lamaa	lama	Waajjira D
54	beeksisnaa	beeksisna	Waajjira D
55	wajjiin	wajjin	Waajjira D
56	waajjirichaa	waajjiricha	Waajjira D
57	miseensoota	miseensota	Waajjira D
58	beeksisaa	beeksisaa	Waajjira D
59	barbaadamuu	barbaadamu	Waajjira D
60	barbaachisuu	barbaachisu	Waajjira D
61	doorgoomuu	dorgomu	Waajjira D
62	beeksisnaa	beeksisna	Waajjira D
63	guuyaa	guyyaa	Waajjira H
64	beeksiissa	beeksisaa	Waajjira H
65	qaaxxari	qaxarri	Waajjira H

66	olliitti	olitti	Waajjira H
67	piiroomjaktii	piroomjektii	Waajjira H
68	gargaarsaa	gargaarsa	Waajjira H
69	iraatii	irratti	Waajjira H
70	akaa	akka	Waajjira H
71	hiraamaan	hiraman	Waajjira H
72	ciimsiinee	cimsinee	Waajjira H
73	isiin	isin	Waajjira H
74	beeksisnaa	beeksisna	Waajjira H
75	namootnii	namootni	Waajjira H
76	hudduu	hunduu	Waajjira H
77	hiin	hin	Waajjira H
78	horraa	horaa	Waajjira H
79	bullaa	bulaa	Waajjira H
80	garaagaramaa	gargaaramaa	Waajjira H
81	qaaccaree	qacaree	Waajjira H
82	dhuufee	dhufee	Waajjira H
83	doorgomuu	dorgomuu	Waajjira H
84	Dandaa'a	Danda'a	Waajjira H
85	Gosnii	gosni	Waajjira H
86	barnootaa	barnoota	Waajjira H
87	beeksisaa	beeksisaa	Waajjira H
88	ibsiineettii	ibsinetti	Waajjira H
89	namootnnii	namootni	Waajjira H
90	beeksisaa	beeksisaa	Waajjira H
91	iraati	irratti	Waajjira H
92	kuttaa	kutaa	Waajjira H
93	haaftan	haftan	Waajjira H
94	kaan	kan	Waajjira H
95	arihamtaan	ari'amtan	Waajjira H
96	waajjiin	wajjin	Waajjira H
97	fayyaadamattonnii	fayyadamtootni	Waajjira I
98	kuttaa	kutaa	Waajjira I
100	dhuufuu	dhufuu	Waajjira I
101	kaan	kan	Waajjira I
102	uummmattaa	uummata	Waajjira I
103	beeksisiisna	beeksisna	Waajjira I
104	faayadamtonnii	fayyadamtootni	Waajjira I
105	Saa'attii	Sa'aatii	Waajjira I
106	biitame	bitame	Waajjira I
107	fuudhattannii	fudhattanii	Waajjira I
108	dhabbatiicha	dhaabbatiicha	Waajjira I

109	ooboo	obbo	Waajjira I
110	osooo	osoo	Waajjira I
111	irrattii	irratti	Waajjira I
112	raaga	ragaa	Waajjira I
113	akkaa	akka	Waajjira I
114	naggaa	nagaa	Waajjira I
Hanqinni dubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul'ate % 36.48 dha.			

Abarraafi warri biroo (1995), “dheerinniifi gabaabbinni dubbachiistuu jijjiirama hiikaa ni fida” jedhanii ibsu. Dhugaan gama saayinsiitiin jiru kanuma ta’us, hanqina haala qubeessuu keessaa tokko kan ta’e, yoomessa isaanitiin alatti dubbachiistota dheeressuufi gabaabsuun beeksisoota Afaan Oromoo magaalaa Gohaatsiyoon keessatti maxxanfaman irratti mul’atanii gabatee armaan olii keessatti dhiyaatanii jiru.

Akkuma gabaticha irraa hubachuun danda’amutti, hanqinootni dubbachiistota gabaabbachuun barraa’uu qaban dheeressuun barreessuu irratti mul’ate beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa funaannamanii qaaceffaman irratti hundaa’uun dhibbentaan isaa yemmuu ilaallamu % 36.48 ta’ee mul’atee jira. Isaan keessaa immoo, iddoo 33 tti dogoggora kana uumudhaan dhibbentaa olaanaa dogoggorichaa kan mul’ise waajjira ‘H’ti. Sababni isaatis, dogoggorri isaan uuman kuni dhibbentaatti yemmuu ilaallamu % 10.56 ta’uun caalmaa agarsiisee jira waan ta’eefidha. Itti aanudhaan immoo, iddoo 17tti dogoggoruudhaan gama kanaan dhibbentaa lammaffaarra kan jiru waajjira ‘I’ti. Isaanis dogoggora walii galatti uumame keessaa dhibbentaa % 5.44 qabatanii argamu gatii ta’eefidha.

Rakkoo hojjettoota piroojektiwwan kanaas odeeffannoon qoratichi afgaaffidhaan argate akka ibsutti, yeroo baay’ee Afaan hojii isaanii Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaa ta’uu isaa, akkasumas, yeroo qacarrii hojjettootaa adeemsisan immoo, ulaagaan isaanii inni ol’aanaan dandeettii Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaa ta’uu isaafi namumti Afaan Oromoo dhaga’uufi dubbachuu hin dandeenye illee akka jirutu ibsame.

Itti aansudhaan sadarkaa sadaffaarra kan jiru waajjira ‘A’ti. Isaanis iddoo 16 tti dogoggora kana mul’isanii dhibbentaa isa dogoggora walii gala irraa yemmuu ilaallamu % 5.12 mul’isanii jiru. Waajjirri kunis akka odeeffannoon afgaaffiidhaan taasifame mirkaneessutti, namootni achi keessa jiran namoota sirna durii keessa baratan, namoota dhiibbaan saba Amaaraa garmalee hudhee jiru, namoota kutaa 10 irraa dorgomuun hojii akka waardiyyummaa, qulqulleessituufikkf galuudhaan adeemsa tirannaa keessa barnoota fagootiin iddoo sana qabatanii jiraniifi kkf ta’uu isaanii ibsanii jiru.

Akkasumas, tartiibni sadarkaa dogoggora kanaa guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu ilaallamu, waajjirri ‘D’ n iddoo 12tti, waajjirri ‘F’ n iddoo 10tti, waajjirri ‘C’ n iddoo 9, waajjirri ‘E’ n iddoo 5, waajjirri ‘B’ n iddoo 4fi waajjirri ‘G’ n immoo iddoo 3tti dogoggora kana uumanii jiru. Dhuma irrattis gama dubbachiistota gabaabsuu dhabuu kanaan rakkoo xiqqoo ta’e kan uume waajjira ‘G’ ti jechuudha.

Kunis, namni tokko afaanuma ittiin barreessu sana irratti ga’umsa utuu hinqabaatin ittiin hojii hojjechaa jiraachuu isaa kan mul’isuudha. Norrish (1983:8), hanqinni ga’umsaa wantoota barreessuu irratti dhiibbaa fidan keessaa isa tokko akka ta’e ibsa. Yaaduma kana ilaalchisuun Addunyaa (2010:7) yoo ibsu, “barreessitoonnifi hojjetootni waajjiraalee mootummaa caasaa Afaan Oromootti fayyadamuu irratti hanqina qabu. Hanqinni caasaa immoo, ergaa darbu sana gaaga’a,” jedha. Caasaan afaan tokkoo dabnaan, ergaan darbuu barbaadame qixa barbaadameen darbuu hindanda’u. Kanaafuu, madda hanqina ga’umsaa ta’anii kan calaqqisan afaan biroon baratani Afaan Oromoon barreessuu, muuxannoo hojii birootiin sadarkaa olaanaa irraa hojjechuun yeroo walquunnamtii hojii taasisan maddoota hanqinaalee beeksisa waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa keessatti warreen hammataman akka ta’an argina.

Walumaa galatti bearreeffama beeksisootaa gama dubbachiistota gabaabsutiin qaaceffaman kana keessatti rakkooleen kuni karaa waajjiraalee garaa garaatiin uumamuun isaanii ergaa barreeffamichaa jijjiiruufi guutummaatti hiikaa dhabsiisuu irratti dhiibbaa cimaa uumanii kan jiran ta’uu isaatu hubatame. Odeeffannoon afgaaffiin argames yaaduma kana qoratichaaf mirkaneessee jira.

Gabatee 3. Dogoggora dubbachiistota dheeressuu dhabuun uummaman

Lak	Dogoggora dubbachiistota dheeressuu dhabuu irratti mul’atan		
	Dogoggoricha	Kan ta’uu qabu	Waajjiraalee dogoggoricha uuman
1	eguuf	eeguuf	Waajjira G
2	raga	ragaa	Waajjira G
3	mana barumsa	mana barumsaa	Waajjira G
4	iddoo qorumsa	iddoo qorumsaa	Waajjira G
5	misoomafi	misoomaafi	Waajjira G
6	Fulbaan	Fulbaana	Waajjira G
7	Sa’ati	Sa’atii	Waajjira G
8	Baadiyya	baadiyyaa	Waajjira G
9	ogessa	ogeessa	Waajjira G
10	madalli	madaallii	Waajjira G
11	lama	lamaa	Waajjira G
12	irratifi	irratiiifi	Waajjira G

13	hojetaa	hojjetaa	Waajjira G
14	kontiraatan	koontiraataan	Waajjira G
15	jaarsoti	jaarsotii	Waajjira G
16	dorgomuf	dorgomuuf	Waajjira C
17	barnoota	barnootaa	Waajjira C
18	raawwanna	raawwannaa	Waajjira C
19	barreessen	barreesseen	Waajjira C
20	kaastani	kaastanii	Waajjira C
21	magaala	magaalaa	Waajjira C
22	koppi	koppii	Waajjira C
23	dandeettiwwan	dandeettiwwan	Waajjira C
24	qabanfi	qabaniifi	Waajjira A
25	qabatan	qabaatan	Waajjira A
26	waajjira barnoota	waajjira barnootaa	Waajjira A
27	waajjira barnoota	waajjira barnootaa	Waajjira A
28	waajjira barnoota	waajjira barnootaa	Waajjira A
29	waajjira barnoota	waajjira barnootaa	Waajjira A
30	originaalafi	orijinaalaafi	Waajjira A
31	originaalafi	orijinaalaafi	Waajjira A
32	beektani	beektanii	Waajjira A
33	oleef	ooleef	Waajjira A
34	ta'u	ta'uu	Waajjira A
35	dhirra	dhiira	Waajjira F
36	hang	hanga	Waajjira F
37	raga	ragaa	Waajjira F
38	wan	waan	Waajjira F
39	dhiyefaatinif	dhiyeeffatiniif	Waajjira F
40	badanii	baddanii	Waajjira F
41	barumsa	barumsaa	Waajjira F
42	barnoota	barnootaa	Waajjira F
43	raga	ragaa	Waajjira F
44	Sa'atti	Sa'aatii	Waajjira B
45	Sa'atti	Sa'aatii	Waajjira B
46	raga	ragaa	Waajjira B
47	raga	ragaa	Waajjira B
48	barnoota	barnootaa	Waajjira B
49	barumsa	barumsaa	Waajjira B
50	barumsa	barumsaa	Waajjira B
51	barumsa	barumsaa	Waajjira B
52	barumsa	barumsaa	Waajjira B
53	barumsa	barumsaa	Waajjira B
54	barumsa	barumsaa	Waajjira B
55	barumsa	barumsaa	Waajjira B

56	yeroo qorumsa	yeroo qorumsaa	Waajjira B
57	dandeettiwwanifi	dandeettiwwaniifi	Waajjira B
58	fotookooppifi	footokoppiifi	Waajjira B
59	Kabaddaatif	Kabbadaatiif	Waajjira D
60	badanif	baddaniif	Waajjira D
61	dandeessanif	dandeessaniif	Waajjira D
62	qaabatani	qabattanii	Waajjira D
63	kannafu	kanaafuu	Waajjira D
64	Ta'un	Ta'uun	Waajjira D
65	qabatani	qabattanii	Waajjira D
66	dorgomu	dorgomuu	Waajjira D
67	gulanta	gulantaa	Waajjira D
68	Sajjiinfi	Saajiniifi	Waajjira D
69	ibsani	ibsanii	Waajjira D
70	namatti	namaatti	Waajjira D
71	dhiyatani	dhiyaatanii	Waajjira D
72	kennu	kennuu	Waajjira D
73	kontiraata	koontiraata	Waajjira E
74	kennu	kennuu	Waajjira E
75	mottummaa	mootummaa	Waajjira E
76	mojo	mojoo	Waajjira E
77	beksiissa	beeksisa	Waajjira H
78	armanii	armaan	Waajjira H
79	yalaametti	yaallametti	Waajjira H
80	Magalaa	magaalaa	Waajjira H
81	keenyaatif	keenyaatiif	Waajjira H
82	Gara gara	garaagaraa	Waajjira H
83	lachaa	laachaa	Waajjira H
84	jiirachuun	jiraachuun	Waajjira H
85	meeshalee	meeshaalee	Waajjira H
86	belama	bellama	Waajjira H
87	kesa	keessaa	Waajjira H
88	dhuftani	dhuftanii	Waajjira H
89	cimsine	cimsinee	Waajjira H
90	namootnni	namootni	Waajjira H
91	dhagenye	dhageenye	Waajjira H
92	Da'iman	Daa'imman	Waajjira H
93	kenyatii	keenyaatti	Waajjira H
94	garagaramaa	gargaaramaa	Waajjira H
95	jiranifi	jiraniif	Waajjira H
96	wan	waan	Waajjira H
97	dorgomu	dorgomuu	Waajjira H

98	Afan Ormoo	Afaan Oromoo	Waajjira H
99	Kemistirii	Keemistirii	Waajjira H
100	Baa,ooolojii	Baayooloojii	Waajjira H
101	fayyadamottotni	fayyadamtootni	Waajjira H
102	dhabata	dhaabbata	Waajjira H
103	tarkanfii	tarkaanfii	Waajjira H
104	Yoonattan	Yoonataan	Waajjira H
105	Firromsaa	Firoomsaa	Waajjira H
106	Hunduma	hundumaa	Waajjira H
107	dhaabbata	dhaabbataa	Waajjira H
108	qabaachun	qabaachuun	Waajjira H
109	kenya	kenya	Waajjira H
110	bekamaa	beekkamaa	Waajjira H
111	ayyaanatiin	ayyaanaatiin	Waajjira H
112	oolef	oolef	Waajjira H
113	tarkanfii	tarkaanfii	Waajjira H
114	fayyadamtonni	fayyadamtootni	Waajjira I
115	dhaabata	dhaabbataa	Waajjira I
116	kenyaa	kenyaa	Waajjira I
117	dhiyatani	dhiyaattani	Waajjira I
118	Gutuu	Guutuu	Waajjira I
119	Chaalchisa	Caalchisaa	Waajjira I
120	aansudhan	aansuudhaan	Waajjira I
121	lafa	laafaa	Waajjira I
122	tarkanfii	tarkaanfii	Waajjira I
123	kabajan	kabajaan	Waajjira I
Dhibbentaan dheerachuu dhabuu dubbachiistotaa irratti mul'ate % 39.36			

Akkuma gabatee olii irraa hubachuun danda'amutti,hanqinni jechoota dheerachuu osoo qabanii gabaabbachuun barra'anii beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa iddattoon filamanii qaaceffaman kana keessatti mul'ate dhibbentaatti % 39.36 yemmuu ta'u, ammas akkuma gabatichi agarsiisutti waajjiraalee kanneen keessaa waajjirri H'n iddoo 37tti dogoggora kana uumudhaan dhibbentaa dogoggora walii galaa % 39.36 keessaa kophaa isaatti % 11.84 qabachuun waajjiraalee hunda caalee argamee jira. Ragaan qoratichi afgaaffii isaanii irraa argatee tures kanuma kan mirkaneessudha.

Itti aansuunis hanqina sagaleewwan dubbachiistuu dheerachuu qaban dheeressuu dhabuu kana kan uuman tartiiba guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu ilaallu,waajjirri 'B'n iddoo 15, waajjirri G'n iddoo 15, waajjirri D'n iddoo 14, waajjirri I'n iddoo 10, waajjirri F'n iddoo 9, waajjirri C'n iddoo 8, fi waajjirri E'n immoo, iddoo 4 tti dogoggora kana uumudhaan sadarkaa duraa duubaa

qabatanii jiru. Akka qaaccessa kanaatti gama kanaan rakkoo xiqqoo kan uumee mul'atu waajjira 'E' ta'ee mul'ata. Yaa ta'u malee garuu, beeksisni waajjira isaanii irraa mul'atee qaaccaffame xiqqoo waan ta'eef, dogoggorri isaanii xiqqoodha jechuun rakkisaa ta'uu danda'a fakkaata. Waraqaa beeksisoota kanaa dabalee jalatti ilaaluun dhimma kana ni mirkaneeffachiisa. Ibsaafi qaaccessa dabalataa waa'ee gabaabbachuu dhabuufi dheerachuu dhabuu dubbachiistotaa kanaatif, qaaccessa armaan gaditti taasifame hordofuun irruma caalaatti cimsuuf gaariidha.

Beeksisni waajjirri barnootaa gaafa guyyaa 15/10/2010 baase keessaa kan fudhatame kana waraabbii armaan gadii keessatti yaa ilaallu. Hubachiisa: waraabbii taasifame kana keessatti qoraticchi dogoggoratu jira ittiin jechuuf kan danda'e, haala galumsaa iddoo sanaa (context) sana keessatti maal akka fakkaatanii qubeeffaman madaaludhaani. Kana jechuunis, jechootni waraabbii armaan gadii keessatti dogoggoraan qubeeffaman jedhaman kunneen yoomessa haala galumsaa kan biroo keessatti immoo, sirrii ta'uu danda'u waan ta'eef, akkaataa sanaan hubatamuu qaba. Kana hundaafuu waraabbii itti aanee jiru ilaaluun gaarii ta'a.

“Barsiisota *Hoggansaa Irraa Jiraan* Hundaaf...” jedha. Akkaataa barreeffama kanaa yoo ilaalle, jechi *hooggansa* jechuuf yaadamee ture sababii sagaleen dubbachiistuu/o'n barbaachisummaa malee dheeratteefi dhamsaga /s/ biratti immoo, sagaleen dubbachiistuu /a/n barbaachisummaa malee dheeratteef, caasaan jechichaa tuqamee jira. Jechi *irra* jedhamuuf barbaadamee tures, sababii dhuma jechichaa irratti dubbachiistuu /a/n dheerattee galteef hiikaa jechichaa gara gaaffiitti jijjiiree jira. Jechi *jiraan* jedhus yoo ilaallame, akkuma armaan olitti ibsametti, sababii dubbachiistuun /a/ dheeratteef hiikaa *jiran* jedhu sana gadi dhiisudhaan gara isa nama lubbuudhaan jiru ykn namni jiraan gara jedhutti geessee argama. Kunis, guutummaannis ta'ee gamisaan ergaa ykn hiikaa jechootaafi himoota kanaa jijjiiruu isaati. Beeksisuma waajjira armaan olii kana keessatti “...*Isiin* Beeksisuu Ilaala.” Jedhee jira. Kunis, sababii dubbachiistuu /i/n barbaachisummaa iddoo ishee maleetti dheeratteef wanti jedhamuuf barbaadame osoo hinjedhamin hafee jira.

Fuuluma beeksisni armaan olii kana irratti “...*dorgomsisuu Barbadaa*.” Jechuudhan barreeffamee argama. Rakkoon barreeffama kana keessatti argamus, rakkoo dheerinaafi gabaabbina sagaleewwan dubbachiistuuti. Kunis, jecha *dorgomsisuu* jedhamuuf karoorramee ture keessatti, sababii dubbachiistuun /i/ gabaabbatteef, jechi jedhamuuf barbaadamee ture hafee, *dorgomsisuu* akka jedhamu ta'ee jira. Jechi *Barbadaa* jedhus, yemmuu ilaallamu, akkaataa galumsa himichaatiin yemmuu ilaallamu guutummaan guutuutti ergaa ykn hiikaa jechichaas ta'ee, kan himichaa jijjiiree jira. Sababni isaatiis, akka galumsa barreeffamichaatti

wanti jedhamuuf yaaddame, jecha ni *barbaada* jedhu ture. Yaa ta’u malee garuu, sababii dubbachiistuu /a/n dhamsaga /b/ fuulduratti osoo dheerachuu qabduu gabaabbatteefi dhamsaga /d/ fuulduratti immoo, osoo gabaabbachuu qabduu dheeratteen hiikaan jecha barbaaduu ykn fedhuu jedhuu guutumaan guutuutti jijjiirramuudhaan gara jecha mukukkula ibiddaa ykn giimii abiddaatti jijjiirramee jira.

Kelly (1998:391) dhiibbaa dogoggorri qubeessuu barreeffama irratti qabu yoo ibsu, “Misspelled words can spoil the effect of another wise excellent paper. However, avoiding these errors is no easy task,” jedha. Yaanni kunis kan ibsu, dogoggorri qubee jecha tokkoo, barreeffamoota hafan kan booressu yoo ta’u, kana hojiirra oolchuun hojii salphaa akka hin taane addeessa. Kanaafis, yaada kana irraa kan hubatamuun danda’amu, rakkoon dogoggoraan qubeessuu jecha tokkoo ergaa waliigalaa yaada barreeffama sanaa guutummaattis ta’ee, gamisaan kan gaaga’u ta’uu isaati. Walumaagalatti, dogoggorri qubeessuu walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduu jiru waan harcaasuuf ergaan barbaadame akka hin dabarre, yookiin ergichi bifa hinbarbaadamneen faallaa ta’ee akka darbu kan taasisu ta’uu isaa hubachuun gaarii ta’a.

Cuunfaadhumatti yaada waraabbii armaan olii kanneen irraa hubachuun kan danda’amu, yemmuu dubbachiistotni seera malee gabaabbataniifi dheeratan hiikaafi ergaa wanta jechuuf karoorfame sanaa jeequu kan danda’u ta’uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun beeksisa waajjirri barnootaa gaafa guyyaa 25/10/2010 baasee maamiltoota isaatiif maxxansee ture keessaa waan xiqqoo fudhannee yoo ilaalle,

“*Akkuma armaan oliti ibsuuf yaallameetii...*” jedhamuun barraa’ee argama. Jechi *oliti* jedhu kun akka galumsa kanaatti hiikaan isaa ifa bahee hin mul’atu. Hawaasni iddoo sanatti Afaanichaan dubbatus, jecha kana akkanatti hin dubbatu waan ta’eefi. Kana qofas osoo hintaane, jechi *yaallameetii* jedhus rakkoo mataa isaa danda’e qaba. Innis, dubbachiistuu /e/n osoo gabaabbachuu qabduu waan dheeratteef, dubbifamaan /t/’n immoo, osoo jabaachuu qabuu waan laafeef akkasumas, dubbachiistuun /i/’n immoo, osoo gabaabbachuu qabuu waan dheerateef hiikaan jechichaa gara jecha gaaffii *yaallameetii* ? jedhutti cee’ee argamee jira.

Ammas, itti fufuun fuuluma beeksisa armaan olitti caqasne kana keessaa kan fudhatame “...*yeroo jedhamee keessaatii akka xumurtaan...*” kanas akkuma armaan olitti ibsame kanaan fudhannee yommuu ilaallu, rakkoo cimaan askeessatti mul’atu dubbachiistotni askeessatti

hiriranii dhufan iddoo sirrii isaaniif male irratti dheerachuu dhabuufi gabaabbachuu dhabuun walqabatani kan mul'ataniidha.

Haaluma wafakkaatuun beeksisa waajjirri bulchiinsa gaariifi siivil sarvisii aanaa warra Jaarsoo gaafa guyyaa 30/09/2010 baase keessatti yoo ilaalle, “...saala addaan hin baasuu.” As keessatti, dheerachuun dubbachiistuu /u/ kuni jechicha gara gaaffiitti naannessuun hiikaa wanta jedhamuuf barbaaddamee ture sanaas jijjiiree mul'ata. Sababni isaatis, saala addaan hin baasu jedhee dubbistootaaf ibsuuf jedhee kan turetu, saala addaan hin baasuu? Jedhee dubbistoota gaafachaa jira waan ta'eefidha.

Haaluma walfakkaatuun, rakkooleen waajjiraalee mit-mootummaa keessattis gama kanaan mul'atan hedduudha. Kanneen keessaa beeksisa piroojektiin misooma daa'immanii waldaa Birahaan Wangeelii gaafa guyyaa 06/07/2010 lakkoofsa galmee P/M/D/W/B/W/M/G 0206'n baase maxxanse akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle, “...Yoo guuyaa kana dhuufuu dhiistanii haftan garuu; hundi keessaan tarkanfii itti fufuun koreeti dhiiyaachuun dirijjitiicha keessaa kaan arihamtaan ta'a” jechuudhan barreeffamee argama.

Wallace (1984). Waa'ee rakkoo olii kana ilaalchisee yemmuu ibsu, “People from different cultural or linguistic background think differently and it even make fairly good social scientific sense in using different words ” jedha. Kunis kan hubachiisu, haalli jiruufi jireenya ilma namaa aadaa, safuu fi duudhaa isaa irratti hundaa'ee kan deemu ta'uu isaati. Kanaaf, namootni yeroo beeksisa barreessan itti fayyadama jechootaa keessatti walii galteef dhimma itti bahan akkaataa aadaa hawaasa sanaa keessatti fudhatama sirrii argachuu danda'uun barreeffamuu qaba jechuudha. Kana ta'uu baatee faallaa isa kanaatiin barreeffamnaa garuu, hiikaafi ergaa jechichaa jijjiiruu bira darbee aadaafi safuu hawaasa sanaatti bu'uun arrabsoo garaa garaa ta'uun hawaasicha aarsuu ykn dallansuu kan danda'u ta'uu isaati.

Hima waraabbii armaan olii keessatti rakkoolee gama dubbachiistota dheeressuufi gabaabsuu irraa maddan hedduutu jiru. Inni kuni immoo, hiikaa ykn ergaa jechichaa ykn himichaa jijjiiruu bira darbee aadaa fi safuu hawaasaatti bu'uudhaan yeroo nama arrabsaniifi ergaa dabarsuun hin barbaachisne dabarsan argina. Sababni isaatis, hima armaan olitti waraabbamee jiru kana keessatti...guuyaa kan jedhu kana keessatti, dhamsagni /u/'n tasuma dheereffamuudhaan tajaajilaafi barbaachisummaa tokko malee galtee jirti. Dhamsagni /y/'n immoo, keessaa hir'achuudhaan waan barraa'eef hiikaa jechichaa balleessee argama. Kana qofas osoo hintaane immoo, waraabbii armaan olii keessatti, jechi dhufuu jedhu, sababii dubbachiistuun/u/ iddoo

ishee maleetti dheerattee barreeffamteef gara jecha dhuufuu jedhutti jijjiiramtee argamti. Jechi kuni immoo, akka aadaafi safuu hawaasa Aanaa Warra Jaarsootti arrabsoo ykn jecha safuuti.

Ammas haaluma walfakkaatuun, jechi haftan jedhamuuf barbaadamee ture sababii dubbachiistuun /a/'n iddoo isheef hinmalletti dheerattee argamteef, hiikaa jechichaa jijjiiree jira. Waraabbuma armaan olii keessatti kan argamu, tarkanfii jedhu sababii dubbachiistuu /a/'n dhamsaga /k/ fuulduratti gabaabbatee barreeffameef hiikaa jechichaa balleessee argama. Askeessatti koreeti kan jedhus, dhamsagni /t/'n keessaa waan hir'ateef ergaa jechichaa gara birootti jijjiiree jira. "Dhiyaachuun" kan jedhus, sababa/dhamsaga/dh/ fuulduratti /i/'n tokko dheerattee barroofteen hiikaa jechichaa miidhee jira. Dirijjitiicha kanjedhu immoo, jecha ergisaati. Jechi kuni jechuma Afaan Oromoo keessatti iyyuu jecha dhaabbata jedhuun bakka bu'ee barreeffamuu nidanda'a ture. Yaata'u malee garuu, yoo fudhatames immoo, jechi ergisaa waraabbii keessa galfamuun barreeffamuu qabaayyu ture. Kana qofas osoo hintaane, akkaataa qubeeffama isaa keessatti dhamsaga /j/ fuuduratti dhamsagni /i/'n dheerachuun dhamsaga /t/fuulduratti immoo gabaabbachuun barraa'uu qaba .

Ammas, waraabbiidhuma armaan olii keessatti yoo ilaalle, Gaaleen ...kaan arihamtaan ta'a jedhu, rakkoodhuma armaan olii kana kan ofkeessaa qabuudha. Jecha "...kaan..." jedhu keessatti /a/'n tokko iddoo hin barbaachisnetti waan dheeratteef, jecha hiikaan isaa kan jedhu gara isa kaan (kan biroo) jedhuutti jijjiiree jira. Dhuma irrattis, jecha "...arihamtaan ta'a" jedhu keessatti sababii dhamsagni/a/n iddoo isheef hinmalletti dheereffamteef hiikaa jechichaa balleessee jira. Walumaa galatti, waraabbii beeksisa piroojektii misooma daa'immanii waldaa Birahaan Wangeelii Magaalaa Gohaatsiyoon keessaa fudhatame kana irraa hubachuun kan danda'amu, adeemsa hojii beeksisa barreessuu isaanii keessatti dubbachiistotatti akka malee gargaarramuu ykn seeraafi barbaachisummaa isaanitiin alatti barreessaa kan jiran ta'uu isaanii. Inni kuni immoo, akka yaada hayyoota armaan oliitti jechi tokko akkaataa hawaasichi haasaa isaa keessatti fayyadamuun kan hinbarreeffamne taanaan aadaa, safuufiduudhaa hawaasichaatti bu'uun hawaasicha aarsuufi dallansuu akka danda'u eerree turre. Waraabbiin armaan olii kunis kanuma nuuf mirkaneessa. Sababni isaatis, ergaa waraabbii "...Yoo guyyaa kana dhuufuu dhiistanii haftan garuu; hundi keessaan tarkanfii itti fufuun koreeti dhiyaachuun dirijjitiicha keessaa kaan arihamtaan ta'a" jedhu kana akkuma waraabbii kanaatti fudhannee osoo ilaalle, fayyadamtootni dhaabbata kana keessa jiran kunneen yoo guyyaa jedhame kanatti dhuufuu dhiisanii hafan, hundi isaanii iyyuu, tarkaanfii itti aanee jiruun gara koreetti dhiyaachuun, dhaabbaticha keessaa kan ariyamuuf jedhan ta'uu isaanii kan akeekkachiisudha.

Kanaaf ergaa guddaan beeksisa kanaan darbee jiru, akka uummatichi dhufuuf osoo hintaane, akka uummatichi dhuufuuf kan akeekkachiisudha. Cuunfaadhumatti, dogoggorri waraabbii armaan olii keessa jiru kuni dogoggoroota kanneen biroo dabalachuun akkaataa itti aanee jiru kanaan osoo sirreeffamee gaarii ta'a. Innis, *Yoo guyyaa kana dhufuu dhiistanii haftan garuu, hundi keessan tarkaanfii itti fufuun koreetti dhiyaachuun, dhaabbaticha keessaa kan ari'amtan ta'a* bifa jedhuun osoo sirratee gaarii ta'a. Beeksisa waraabiin kuni keessaa fudhatame ilaaluuf dabalee jalatti ilaaluun ni danda'ama.

Rakkoodhuma bifa kanaan walqabatu, beeksisa Piroojeettiin misooma daai'immanii Waldaa Birahaana Kiristoosii Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 02/06/2010, lakkoofsa galmee P/M/D/W/B/K/G/0112'n baasee maxxanse fudhanee yooilaalle, "...*tarkanfii itti aanu, osoo isin irrattii hin fudhatin...*" jechuudhan barraa'ee argama. Askeessattis, wanti hubatamuu qabu, sababii jecha jalqaba waraabbii keessa jiru kana keessatti dhamsaga /k/tti aanee dubbachiistuun /a/'n dheerachuu dhabeef jechichi hiikaa dhabuu isaa, jecha "...*osooo...*" jedhu keessatti sababii /o/'n inni gara dhumaarra jiru iddoofi haala hin barbaachisneen dheerateef, jechicha hiika dhabsiisuu bira darbee, seera caasaa afaan Oromoo cabsee jira. Sababiin isaatis, Afaan Oromoo keessatti sagalee dubbachiistuun walfakkaatoon sadi walitti aanee hinbarraa'u waan ta'eefidha.

Cuunfaadhumatti, rakkooleen akka kanaa beeksisoota waajjiraalee mootummaas ta'ee, kan mitmootummaa keessatti hanga malee kan mul'ataniidha.

4.1.1.2. Dogoggora Sagaleewwan Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu Ilaallatu

Seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti laaffinniifi jabinni sagalee dubbifamaa waliin kan walqabatuudha. Yaada kana wajjin kan walqabatu Geetaachoo (2009:27-28) yoo ibsu seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti sagalee jaba'a agarsiisuuf dubbifamaa tokko yeroo lama katabna. Seerri kunis kan dubbifamoota qubee ykn mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta'a. Dubbifamootni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yommuu laafanis ta'ee, yemmuu jabaatan (form) tokkoon katabamu.

Waan kana ta'eef, dubbifamtoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessatti jabinni sagalee jidduu hirira. Jalqabaafi dhuma jechaa Afaan Oromoo irratti sagaleen jabaachuu hin danda'u jedha.

Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu, jabinaafi laafina sagalee keessatti dubbifamaa qofa irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati. Kunis qubeen dubbifamaa yeroo qeenxeen barreeffamu sagaleen kan laafu ta'uufi yeroo inni dacha ta'ee barreeffamu kan jabaatu ta'uu argina. Kunis

kan hubachiisu, barreeffamni keenya haala kana kan hin hordofne taanaan ergaa dabarsuuf yaadame sana jal'isuu kan danda'u ta'uu isaati.

Yaata'u malee garuu, beeksisootni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa magaalaa Gohaatsiyoon keessatti maxxanfamanii argaman faallaa saayinsii armaan olii kanaa kan ta'aniidha. Mee dogoggora haala qubeessuu jechoota waraabii beeksisootaa keessaa fudhatamanii xiinxalaman gabatee armaan gadii keessatti fudhannee yaa ilaallu. Kunis, akkaataa galumsa barreeffamichaatiin xiinxalamuun kan taasifameedha.

Gabatee 4. Dogoggora dubbifamtoota jabeessuu dhabuu irratti mul'ate

Lak	Dogoggora dubbifamtoota jabeessuu dhabuu irratti mul'atan		
	Dogoggoricha	Kan ta`uu qabu	Waajjiraalee dogoggoricha uuman
1	hojjetootaa	hojjetoota	Waajjira F
2	lamaffaa	lammaffaa	Waajjira F
3	badaaniif	baddaniif	Waajjira F
4	dhiyeeffataan	dhiyeeffattan	Waajjira F
5	ammattii	ammatti	Waajjira F
6	dhiyefatiniif	dhiyeeffatiniif	Waajjira F
7	Kan eyamame	Kan eeyyamame	Waajjira A
8	Dabaraan	dabarraan	Waajjira A
9	keessumesine	keessummeessine	Waajjira A
10	olittii	olitti	Waajjira A
11	yaallameetii	yaallametti	Waajjira A
12	kallattii	kallattii	Waajjira A
13	beekamaa	beekkama	Waajjira A
14	buufanee	buufannee	Waajjira A
15	arganee	arganne	Waajjira A
16	keessaatii	keessatti	Waajjira A
17	dhiyeeffatanii	dhiyeeffattanii	Waajjira A
18	hoggansumaaf	hooggansummaaf	Waajjira A
19	rawannaa	raawwannaa	Waajjira A
20	Averegiidhaan	aveerejjiidhaan	Waajjira A
21	dandeetiwwani	dandeettiwwan	Waajjira C

22	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
23	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
24	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
25	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
26	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
27	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
28	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
29	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
30	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
31	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
32	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
33	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
34	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
35	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
36	waardiyaa	waardiyyaa	Waajjira C
37	dhiyeeafatu	dhiyeeffatu	Waajjira C
38	dhiyeefachuu	dhiyeeffachuu	Waajjira C
39	hawaasummaa	hawaasummaa	Waajjira C
40	dandeetiwan	dandeettiwwan	Waajjira C
41	baayina	baay'ina	Waajjira B
42	qaxarii	qaxarrii	Waajjira B
43	hojjeetaa	hojjetaa	Waajjira B
44	hawaasumaa	hawaasummaa	Waajjira B
45	qulquliinaa	qulqullina	Waajjira B
46	dubartoon	dubartoonni	Waajjira B
47	barbaadota	barbaaddota	Waajjira B
48	dandeetiwwan	dandeettiwwan	Waajjira B
49	namaati	namaatti	Waajjira B
50	waamama	waammamaa	Waajjira B

51	qulqulleesituu	qulqulleessituu	Waajjira B
52	dhiyeefachuun	dhiyeeffachuun	Waajjira B
53	dorgomtoonni	dorgomtoonni	Waajjira B
54	baayina	Baay'ina	Waajjira B
55	qaxarii	qaxarrii	Waajjira B
56	tooko	tokko	Waajjira B
57	hojetaa	hojjetaa	Waajjira G
58	Human namaatii	Human namaatti	Waajjira G
59	guutachuu	guuttachuu	Waajjira G
60	mallateessudhaf	mallatteessudhaaf	Waajjira G
61	qulquliinaa	qulqullina	Waajjira G
62	Sa'atti	Sa'aatii	Waajjira G
63	Kaabaddaatiif	Kabbadaatiif	Waajjira D
64	qabataanii	qabattanii	Waajjira D
65	Jaarsotii	Jaarsootti	Waajjira D
66	dhiyaatan	dhiyaattan	Waajjira D
67	waajiin	wajjin	Waajjira D
68	keenisisaa	kennisisiisaa	Waajjira D
69	baribadan	barbaaddan	Waajjira D
70	muxanoo	muuxannoo	Waajjira D
71	hojjechuuf	hojjechuuf	Waajjira D
72	barfameen	barreeffameen	Waajjira D
73	miseensooni	miseensonni	Waajjira D
74	keesatii	keessatti	Waajjira D
75	barbadamuu	barbaaddamu	Waajjira D
76	qabatani	qabattanii	Waajjira D
77	dhiyatani	dhiyaattanii	Waajjira D
78	yaalameetti	yaallametti	Waajjira D
79	waanbadaniif	waanbaddaniif	Waajjira D

80	yaaletti	yaalletti	Waajjira I
81	keesan	keessan	Waajjira I
82	beekama	beekkama	Waajjira I
83	dhaabatichi	dhaabbatichi	Waajjira I
84	dhiyeeffataniif	dhiyeeffattaniif	Waajjira I
85	dhabaata	dhaabbata	Waajjira I
86	dhiyaatan	dhiyaattan	Waajjira I
87	guuyaa	guyyaa	Waajjira I
88	koreeti	koreetti	Waajjira I
89	Kees'an	keessan	Waajjira I
90	aka	akka	Waajjira I
91	isiniraa	Isin irraa	Waajjira I
92	akuma	akkuma	Waajjira H
93	iraati	irratti	Waajjira H
94	beekamu	beekamu	Waajjira H
95	akuma	akkuma	Waajjira H
96	dhabataa	dhaabbata	Waajjira H
97	keesaa	keessaa	Waajjira H
98	koreeti	koreetti	Waajjira H
99	koreeti	koreetti	Waajjira H
100	guyaa	guyyaa	Waajjira H
101	aka	akka	Waajjira H
102	dhabataa	dhaabbata	Waajjira H
103	da'iman	daa'imman	Waajjira H
104	kenyatii	kenyatti	Waajjira H
105	iratti	irratti	Waajjira H
106	daa,imanii	Daa'immanii	Waajjira H
107	iraa	irraa	Waajjira H
108	kesa	keessaa	Waajjira H

109	iraatii	irratti	Waajjira H
110	akaa	akka	Waajjira H
Dogoggorri sagalee dubbifamtootaa jabeessuu dhabuu irratti mul'ate % 35.2			

Gabateen 4 kan agarsiisu, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa aanaa W/Jaarsoo keessatti jechootni osoo jabaatanii barreeffamuu qabanii, laafanii barraa'an dhibbentaa walii galaatin % 35.2 ta'ee, isaan keessaa waajjirri C'n iddoo 20tti irra deddeebi'uun dogoggora kana uumudhaan dhibbentaa walii galaa % 35.2 ture keessaa kophaa isaatti dogoggora % 6.4 ta'u uumee sadarkaa ol'anaarra kan jiru yemmuu ta'u, warreen kaanis guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu tarreeffaman, waajjirri H'n iddoo 18, waajjirri I'n iddoo 17, waajjirri B'n iddoo 16, waajjirri I'n iddoo 14, waajjirri A'n iddoo 13, waajjirri G'n iddoo 6 waajjirri F'n iddoo 6 tti dogoggora dubbifamtoota jabaachuu qaban jabeessuu dhabuu kana uumudhaan mul'atanii jiru.

Kunis ergaa barreeffamichaa irratti dhiibbaa cimaa uumuu danda'uu isaa agarsiisa. Beeksisa barreessuu keessatti qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaafi caasluga afaan sanaaf xiyyeeffannoon hin godhamne taanaan, ergaan darbu dogongora isaatu haasa'ama. Ross (1988:270) xiyyeeffannoo beeksisa waajjiraaleef taasifamuu qabu ilaalchisee yoo ibsu, "Before you begin to write abusiness announcement, it is agood idea to think about what you want to say,"jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, beeksisa tokko yemmuu barreessinu dursinee waa'ee wanta barreessuuf jennu sanaa itti yaaduu akka qabnuudha.

Qaaccessa sagaleewwan dubbifamtootaa jabeessuu dhabuu irratti taasifame kana keessatti dogoggorri isaa kan hin mul'anne waajjira E'ti. Waajjirri kuni akkuma dura ibsuuf yaallametti waraqaan beeksisa isaanii xiqqoo waan ta'eefis ta'uu danda'a.

Cuunfaadhumatti, hanqinni gama rakkoo kanaatiin beeksisoota kana keessatti mul'ate ergaa inni jallisuu, miidhuufi balleessuu danda'u yoo ilaalle rakkoo ulfaataa ta'uu isaatu hubatame.

Gabatee 5. Dogoggora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul'atan

Lak	Dogoggora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul'atan		
	Dogoggora barraa'e	Kan ta'uu qabu	Waajjiraalee dogoggoricha uuman
1	yallammeetti	yaalametti	Waajjira D
2	hojjii	hojii	Waajjira D
3	iddiilee	idilee	Waajjira D
4	hubbatameraa	hubatameera	Waajjira D
5	saajjin	sajin	Waajjira D
6	ollitti	olitti	Waajjira D
7	gaaffaa	gaafa	Waajjira D
8	hojj	hojii	Waajjira D
9	dhiiyyataan	dhiyaatan	Waajjira D
10	dhiyyeeffachu	dhiyeeffachuu	Waajjira D
11	kannafu	kanaafuu	Waajjira D
12	waajjirrichaa	waajjiricha	Waajjira D
13	kaabaattif	kaabatiif	Waajjira D
14	namoonnii	namootni	Waajjira E
15	mootummaa	mootummaa	Waajjira E
16	Sa'atti	Sa'aatii	Waajjira B
17	hawwaasummaa	hawaasummaa	Waajjira B
18	ummurii	umurii	Waajjira B
19	orijnaalaa	orijinaala	Waajjira B
20	qulqullinnaa	qulqullina	Waajjira B
21	bulchbnsa	bulchiinsa	Waajjira G
22	orijnaalaa	orijinaala	Waajjira G
23	qulqullinnaa	qulqullina	Waajjira G
24	muuxxannoo	muuxannoo	Waajjira G
25	Fotokoppii	footokoppii	Waajjira F
26	dhiyyeeffachuu	dhiyeeffachuu	Waajjira F
27	muuxxannoo	muuxannoo	Waajjira F
28	mijeessaa	mijeessaa	Waajjira A
29	ummurii	umurii	Waajjira C
30	gammaggama	gamaggama	Waajjira C
31	Sa'aattii	Sa'aatii	Waajjira C
32	fayyaadamttotni	fayyadamtootni	Waajjira I
33	garrgaarsaa	gargaarsa	Waajjira I
34	issiniif	isniif	Waajjira I
35	issiin	isin	Waajjira I
36	fuudhattannif	fudhattaniif	Waajjira I
37	namootnnii	namootni	Waajjira I
38	Hir'ifama	Hir'ifama	Waajjira I
39	uummmattaa	uummata	Waajjira H

40	hindhufineeff	hindhufneef	Waajjira H
41	cimssinee	cimsinee	Waajjira H
42	kuttaa	kutaa	Waajjira H
43	fayyaadamtottni	fayyadamtootni	Waajjira H
44	qaaccarree	qacarree	Waajjira H
45	olliiti	olitti	Waajjira H
46	misoomma	misooma	Waajjira H
47	issinniif	isiniif	Waajjira H
48	hirammaan	hiraman	Waajjira H
49	horraa	horaa	Waajjira H
50	bullaa	bulaa	Waajjira H
Dhibbentaan dubbifamtoota laafuu qaban laaffisuu dhabuun mul'ate % 16 dha.			

Gabatee kana irraa akka hubachuun danda'amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa armaan olitti qaaceffaman kanneen keessatti jechootni osoo laafanii barraa'uu qabani jabaatanii kan barraa'an % 16 ta'ee, isaan keessaa immoo, waajjirri irra caalmaadhaan iddoo 13tti rakkoo kana mul'ise waajjira D'ti. Waajjirri kun dhibbentaa hanqina gama kanaan mul'ate % 16 keessaa dhuunfaa isaatti % 4.16 qabatee jira.

Itti aansudhaan tartiibaan yoo ilaalle, waajjirri H'n iddoo 12tti, waajjirri I'n iddoo 7tti, waajjirri B'n iddoo 5tti, waajjirri G'n iddoo 4, waajjirri F'n iddoo 3tti, C'n iddoo 3tti, E'n iddoo 2ttifi waajjirri A'n immoo, iddoo 1tti hanqina kana mul'isuudhaan sadarkaa walduraa duubaa qabatanii jiru.

Rakkoon akkanaa immoo, hangam akka inni seera Afaan Oromooti bu'uu danda'u qaaccessa armaan gaditti taasifame keessatti ilaaluun ni danda'ama. Beeksisa waajjirri barnootaa aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 25/10/2010 baasee maxxanse keessatti

“...*School Girantii Manneen Barnoota Buusuu Ilaala*”.Jedha. Kana irraa kan hubannu, jechi *School Girantii* jedhu kuni seera barreeffama Afaan Oromoo kan cabse ta'uu isaati. Sababni isaatis, jalqaba jecha kanaa irratti dubbifamaan gosa garaa garaa sadi ta'ee barraa'uu isaati. Wanti hubatamuu qabus, jechi kuni jecha ergisaa yoota'e iyyuu, kan barraa'aa jiru Afaan Oromomiffaatin waan ta'eef, akka itti aanee jiru kanaan gara caasaa Afaan Oromooti deebisuudhan dogoggoroota biro walqabatanii jiran waliin iyyuu, akka itti aanee jiru kanaan sirreeffamee barraa'uu qaba ture. Innis,barreeffamichi mata duree waan ta'eef,“*Dhimmi:Iskuul Gaaraantii Manneen Barnootaa Buusuu Ilaallata*.”Jedhamuu qaba ture. Gabaabumatti, dogogg orri kunniin caasaa Afaan Ingiliffaa hordofuudhaan dogoggora uumame ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu, jecha...“*school*” jedhu duubatti qubee dubbachiistuu /i/ galchuun, /s/immoo, akkuma jiruttifudhachuun, /ch/isa ture immoo, gara /k/tti jijjiiruun, /oo/ isa

tures, /uu/ tti jijjiirree /l/ immoo, akkuma turetti fudhachuun “ Iskuul gaaraantii ” jechuudhaan barreessuun gara caasaa Afaan Oromootitti deebisuun barbaachisaa ta’a. Kanamalees, beeksisa waajjirri barnootaa magaalichaa gaafa guyyaa 21/09/2010 lakkoofsa galmee WB/888/85/12’n baasee maxxanse yommuu ilaallu...”*Barsiisotaa Aanaawaan Keenyaa Humndaaf*” jedha. Kana irraayis hubachuun kan danda’amu, gaalee armaan olii kana irraa dogoggoruma armaan olitti ibsine kanaan kan walqabatu argina. Jalqaba irratti jechi barsiisota jedhu “*barsiisotaa*” jedhamee barraa’e. Hanqinuma armaan olitti ibsuu jalqabne kanaan walfakkaatu, beeksisoota waajjiraalee mitmootummaa kanpiroojektii misooma daa’immanii waldaa birahaan wangeelii magaala Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 04/03/2010 maxxanse yoo ilaalle, “...*aka hin dhufineeff...*” jedhamuun barraa’ee argama. Hanqinni kunis yemmuu fooyya’ee barraa’u... “*akka hindhufneef...*” jedhamuun barraa’uu qaba ture.

Dogoggorri qubeessuu jala jalaa fooyya’aa hin adeemu taanan, turtii keessa akka waan sirrii ta’eetti qaama afaanichaa godhanii fudhachuutu dhufa. Fudhatamus garuu dogoggora waan ta’eef iddoo galee tajaajilu hundatti nama rakkisuun isaa hinoolu. (Brown, 1994).

Akkasumas, hanqinni qubeessuu fooyya’aa hin adeemu taanaan, rakkoo dogoggora qubeessuu walxaxaafi sirraa’uu hin dandeenye fiduun dhaloota dhaalchisaa adeema. (Gefvert, 1988; Leggett et al, 1978).

Yaadni armaan olitti ibsame kun akkuma walii galaatti kan jiru yoo ta’u, miidhaawwan gooree ammoo hedduu ta’u. Akkaatuma kanaan, dogoggorri barreessuu gama ergaa darbuun yoo ilaalamu miidhaa cimaa qaqqabsiisuu danda’a. Kunis, barreeffamaan ergaan darbaa jiru tokko akka isa kan afaaniin darbuu, akka dubbii dhaggeeffataaf bakka ifa hin taanetti ibsa biraa dabaluu, sochii qaamaatiinis, haala fuularraa, dhaggeeffataan yoo isaaf hingalle ta’e bakka hingalleefitti gaafachuun odeeffannoo dabalataa argachuufi kanneen biroon dhaggeeffataaf ifa gochuun ni danda’ama. Barreeffama tokkoon ergaa dabarsuun garuu kanarraa addadha. Dubbisaan ergaa barreeffama sanaa hubachuuf kan isa dandeessisu achumaa argachuu qaba (Norrish, 1983). Kana jechuun barreeffamni tokko ergaa ofkeessatti qabate sana dubbisaa isaaf ifa taasisuu danda’uu qaba jechuudha. Kana gochuuf wanti fayyadu inni guddaan qubees ta’u jecha bifa galumsaa sanaaf barbaachisuun sirriitti barreessuudha.

Dabalee ‘Afi B’ qorannoo kanaa jalatti bal’inaan ilaaluun irruma caalaatti odeeffannoo gama kanaan jiran kan dhugoomsan ta’u.

4.1.1.3. Hanqina Itti Fayyadama Qub-guddeessaa

Akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsamee ture, seera barreeffamoota keessatti eeggamuu qabu keessaa qubguddeessi isa ijoodha.

Beeksisni tokko adeemsa seera barreeffama afaanichaa eegee barreeffamuu keessatti fayyadamni qubee guddaas ta'ee, kan qubeelee xixiqqaa beekuun iddoo ol'aanaa ta'e kan qabuudha. Yaada kana ilaalchisee Tafarii (2000:153) yoo ibsu, "Qubee gurguddaafi qubee xixiqqaa seera malee walkeessa makuun barreessuun sirrii miti. Jecha yookaan hima, akkasumas, yaada tokko yeroo barreessinu, seera barreeffama afaanichaa eegnee quboota gosa lamaanitti iyyuu seeraan gargaaramuu qabna. "jedha. Yaada kana irraayis kan hubatamuu qabu, qubeelee gurguddaatti kan gargaaramnu maqaafi haalawwan seera barreeffamichaa keessatti murteessoo ta'an irratti hundaa'uun ta'uu isaati.

Yaata'u malee garuu, beeksisoota waajjiraalee armaan gadii keessatti jechootni ykn himootni qubee guddaan osoo jalqabuu qabani, qubee xiqqaan jalqaban hedduutu jiru. Qoratichis fakkeeniyota kanneen armaan gadii beeksisoota wajjiraalee kanneenii keessaa fudhatee dogoggoroota isaan ofkeessaa qaban lakkaa'udhaan akkaataa armaan gadiitiin gabatee keessatti dhiyeessee jira.

Gabatee 6. Dogoggoroota gama qubguddeessaan mul'atan

Lak	Dogoggora qubguddeessa irratti mul'ate	
	Waajjiraalee dogoggoricha uuman	Baay'ina dogoggora isaan uumanii
1	Waajjira G	Iddoo 96 tti
2	Waajjira A	Iddoo 86 tti
3	Waajjira B	Iddoo 69 tti
4	Waajjira C	Iddoo 67 tti
5	Waajjira F	Iddoo 32 tti
6	Waajjira H	Iddoo 25 tti
7	Waajjira D	Iddoo 11 tti
8	Waajjira I	Iddoo 11 tti
9	Waajjira E	Iddoo 6 tti
Dhibbentaan walii galaa rakkoo qubguddeessaa irratti mul'ate % 128.96		

Akkuma gabaticha keessatti ibsamee jirutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa kanneen armaan olitti rakkoo qubguddeessatiin qaaceffamanii dhiyaatan

kunneen akkaataa tartiiba guddaa irraa gara xiqqaatti irraa gadi tartiibeffamanii waan jiraniif irra deebi’anii asitti tartiibessuun barbaachisaa ta’ee qoratichatti hin mul’anne. Yaata’u malee garuu wanti qoraticchi asitti ibsee darbuu barbaadu rakkoon kuni dhibbentaan isaa % 128.96 ta’uun isaa rakkoo gosa hundaanifi karaa hundaan mul’ate caalaa olka’aa ta’uu isaati. Kunis kan agarsiisu, hojjetootni waajjiraalee mootummaas ta’ee, kanneen mitmootummaa gama fayyadama qubguddeessatiin hanqina ol’aanaa ta’e qabaachuu isaaniti.

Kana immoo, xiinxalli waraabbii armaan gadii caalaadhumatti nuuf mirkaneessa. Mee dogoggoroota beeksisoota waajjiraalee mootummaa aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon keessatti qubguddeessa walkeessa makuun barreessudhaan mul’atan muraasa isaanii fudhannee yaa ilaallu: *Isaanis*, Beeksisa waajjirri barnootaa gaafa guyyaa 07/07/2010 baasee maxxanse irratti-

“...*Waajjirri barnootaa Aanaa W/Jaarsoo Barsiisoota Barumsaa Gannaa Barataan Digirii 2ffaa (Mastersii) dorgomsiisuu barbadaa.*” Jedhee barreeffamee jira. Barreeffama beeksisa kanaa ija seera qubguddeessatiin yoo ilaallu, qubeeleen jalqaba jechaa irra jiran kaan isaanii qubee gurguddaadhaan, kaan isaanii immoo, qubee guguddaadhaan barreeffamanii jiru. Barreeffamni kuni mata duree waan ta’eef, barreeffamuun kan irra ture garuu, *Waajjirri Barnootaa Aanaa W/Jaarsoo Barsiisota Barumsa Gannaa Baratan Digirii 2ffaa (Maastarsii)’f Dorgomsiisuu Barbaada.* Haala jedhuun ta’uu qaba ture. Rakkoon hima armaan olii kana keessatti mul’atu rakkoo qubguddeessa walkeessa fayyadamuu qofa osoo hintaane, rakkoon qubeessuufi rakkoon sirna tuqaalees mul’atanii jiru. Kunneenis, barsiisota kan jedhamuuf barbaaddame, barsiisoota, barumsa jedhamuuf kan ture, barumsaa, baratan jedhamuuf kan ture, barataanfi barbaada jedhamuuf yaaddamee kan ture immoo, barbadaa jedhamee barreeffamee jira. Inni kunis caasaa afaan Oromootti bu’ee jira. Dabalataanis, ergaan dabarfamuuf barbaaddame haala barbaaddameen kan hin dabarreefii haalli qindoomina jechoota waliin ijaarramaniitis kan nama hin hawwanne ta’anii mul’atanii jiru. Beeksisa dhuma kana irratti kan argamu himni kan biraan,

“...*Hojii Rawannaa Yeroo Afurii qabachuu kan walitti anuu Averegeiidhaan...*” jechuudhan barraa’ee argama. Kanas, gama qubguddeessatiin yoo ilaalle, jechootni kaan isaanii qubee guddaadhaan barraa’anii yemmuu argaman, jechootni kaan isaanii immoo, qubee xiqqaadhan jalqabamanii barreeffamanii argamu. Rakkoon barreeffama kanaa inni guddaan immoo, qubguddeessaan walkeessa makamee barraa’uu isaa qofa iyyuu osoo hintaane, iddoon barreeffamni kuni itti barraa’ee argamu jidduu beeksisichaatti waan ta’eef, wantumti akka inni qubee guguddaadhaan barreeffamuuf isaaf eeyyamu iyyuu kan hinjirre ta’uu isaati.

Dabalataanis, fuuluma beeksisa kanaa gara dhumaa irratti immoo, “...*Iddoon Galmee Kutaa Misoomaa Barsiisootaa fi Hoggansaa Barnoota ta’uu kabajaan isiin beeksisfna.*” Jedhamee barraa’ee argama. Kunis, rakkoodhuma walfakkaataa armaan olitti ibsamee kan qabuudha. Jechuunis, rakkoon kuni rakkoo walmakuu qubguddeessaa qofa osoo hin taane, barreeffama walakkaatti akkasitti barreessuun wanta barbaachisummaa hin qabne ta’uu isaati.

Kunis kan madduu danda’u, Shaakala qubeessuu dhabuufi kkf irraa ta’uu danda’a. Qabatni kuni jedhameefis, barreessuun dhimma altokkoon gonfatamu utuu hinta’in, dhimma shaakala walitti fufaa barbaaduudha. Kana ilaalchisee Fedhaan (1999), shaakala barreessuu ilaalchisee yaada wayita kennu, shaakala barreessuu dubbisaa biraatiif goonutu ogummaa barreessuu keenya nuuf cimsa jechuurra, kan mataa keenyaaf goonutu ogummaa barreessuu keenya nuuf fooyyeessa. Kanaafuu, shaakala barreessuu gochuu qabna. Yoo shaakala guddaa godhan malee, ogummaa barreessuu cimsachuun akka hindanda’amne kitaaba isaa keessatti ibsee jira.

Akka yaada hayyuu kanaatti, dhimmi qubeessuu dhimma shaakala gaafatuudha. Shaakala qubeessuu taasisuun immoo, dogoggora adda addaa mul’atan irraa bilisa ta’uuf gargaara. Kanaafuu, shaakala qubeessuu gochuun barbaachisaa ta’a jechuudha.

Gama waajjiraalee mit-mootummaatinis rakkoolee akka kanaa yoo ilaalle, beeksisa piroojektiin misooma daa’immanii waldaa Birahaana Wangeelii Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 10/09/2010 lakkoofsa galmee P/M/D/W/B/W/0212’niin baasanii maxxansan keessatti,

“...*AKKUma aramanii olliti ibisammuuf yalaametti...*” Jechuun barraa’ee jira. Askeessattis hanqinni fayyadama qubguddeessaa ifatti ba’ee kan argamuudha. Innis, Sababaafi qabata tokko malee “...*AKKUma...*” jechuun qubeewwan guguddaafi xixiqqaa walkeessa makuudhaan barreeffamee argama. Kana keessatti kan jedhamee barraa’uu qabu, akkuma kan jedhu ture. Armaan olitti kan argamus rakkoo qubguddeessaa qofa osoo hin taane, rakkooleen kanneen akka qubeessuufi sirna tuqaalees ni mul’atu. Sababni isaas, tuqaan iddoo isheef maleen alatti galtee waan argamteefi. Waa’een rakkoolee qubeessuu iddoo birootti waan ibsameef ammaaf isa bira yaa dabarru. Kana malees, xaalayaadhuma waldaan Birahaan Wangeelii kuni gaafa guyyaa 12/06/2010 baasee maxxanse fudhannee yoo ilaalle,

“...*1. ENGLISH 2. AFAN Ormoo 3. KEmistrii...*” Jechuudhan barreeffamee jira. Kunis kan inni agarsiisu, jechootni kaan qubeelee guguddaadhaan, kaan isaanii immoo, xixiqqaadhan barreeffamanii argamu. Rakkoon askeessatti argamu rakkoo qubguddeessaa kana qofas osoo hin taane, afaanumti jechootni kuni ittiin barreeffaman Oromiffaanis, Ingiliffaanis miti. Ittuma dabaluu beeksisuma waajjira kanaa guyyuma armaan olii kanaan ba’e gara dhumaa isaa irratti

immoo, “...*HUB, Namootnii HIn argamne; meeshaan isiniraa hirr’ifama*” jechuun barraa’ee jira. As keessattis, rakkoon walkeessa makamuu itti fayyadama qubguddeessaa ol ba’ee ifee kan mul’atuudha. Innis kan barraa’uu qabu, *Hub.Namootni hinargamne, meeshaan isin irraa hir’ifama* karaa jedhuun ta’a ture.

4.1.1.4. Hanqinoota Itti Fayyadama Irrabutaan Walqabatani Mul’atan

Sagaleewwan irra butamuun barraa’uu qaban irra butuu dhabuun jecha tokko hiikaa dhabsiisus ta’ee hiikaa jallisuu nidanda’a. Haata’u malee garuu, beeksisoota magaalaa Gohaatsiyoon keessatti caasaan fayyadama Afaan Oromoo kun gama kanaanis cabee yemmuu mul’atu argina.

Gabatee 7. Dogoggoroota gama fayyadama irrabutaatiin mul’atan

Lak	Dogoggoroota fayyadama irrabutaa irratti mul’atan		
	Dogoggoricha	Kan ta’uu qabu	Waajjiraalee dogoggoricha uuman
1	Proojektii	Piroojektii	Waajjira G
2	bulchiibnsa	Bulchiinsa	Waajjira G
3	taransikrbitii	Tiraaniskiriipitii	Waajjira A
4	orjjiinaalii	Orijinaalii	Waajjira A
5	herrgni	Herreegni	Waajjira A
6	school	Iskuul	Waajjira A
7	grantii	Gaaraantii	Waajjira A
8	garrgaarsaa	Gargaarsa	Waajjira I
9	cimssinee	Cimsinee	Waajjira H
10	proojktiin	Piroojektiin	Waajjira H
11	dhufineeff	Dhufneef	Waajjira H
Dhibbentaan dogoggora fayyadama irrabutaa irratti mul’ate % 3.52 dha.			

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamutti hanqina fayyadama irra butaatiin walqabatee waajjiraalee olitti eeramaniin mul’ate keessaa irruma caalaan iddoo 5tti rakkoo agarsiisuun dhibbentaa gama hundaan % 3.52 ture keessaa % 1.6 qabachuun kan mul’ate waajjira barnootaa yemmuu ta’u, rakkoo xiqqoo ta’e iddoo 1tti qofa kan uumee argame immoo piroojektii misooma daa’immanii W/B/K ta’ee, waajjeraaleen osoo hin caqafamin hafan immoo warreen beeksisa isaanii keessatti rakkoon fayyadama irra butaa isaan hinmuudanneedha jechuudha. Kanas,dhiibbaa inni barreeffama keessatti uumuu danda’uufi hangam akka inni

caasluga Afaan Oromoo waliin akka walitti bu’u qaaccessa itti aanee dhiyaate kana keessatti argina. Fkn. Beeksisa waajjirri qonnaa Aanaa Warra Jaarsoo gaafa guyyaa 3/4/2010 baasee maxxanse keessaa kallattiidhaan kan waraabbameedha.

“...*Hojii Proojektii SLMP.2 hojichaa ture irratti...*” jechuun barraa’ee jira. Barreeffamni kuni seera caasaan afaan Oromoo irra buta irratti qabu kan cabse ta’uu isaa hubanna. Kana qofas osoo hintaane, barreeffamichi maaljechuu akka barbaade tilmaamuun illee kan hindanda’amneedha.

Dabalataanis, beeksisuma waajjirri kuni gaafa guyyaa 03/09/2010 maxxanse yoo ilaalle, “...*ogesssa gosa barnootaa... bulchiibnsa human namaa...*” jechuun barreeffamee argama. Kunis, akkuma olitti jennee dabarre gama caasaa Afaan Oromootiin takkumaayyuu kan hin eeyyamamneefi hiikaas kan hin qabneedha. Afaan Oromoo keessatti cimdoominni dhamsagoota lamaa jalqabaafi dhuma irratti hin hojjetu. Akka seera walfaanommii Afaan Oromooti dubbifamaan tokkoo ol jalqabaafi dhuma jecha tokkoo irratti waliin argamuun hin danda’amu (Addunyaa, 2012:72). Haata’u malee garuu, beeksisoota magaalaa Gohaatsiyoon keessatti caasaan fayyadama Afaan Oromoo kun gama kanaanis cabee yemmuu mul’atu argina.

Beeksisa waajjirri fayyaa Aanaa Warra Jaarsoo gaafa guyyaa 12/10/2010, lakkoofsa galmeew/B/M/Q/N/455/25/88’tin baasii godhee maxxansaan “...*orjjiinaalii fi fotokoppii taransikribitii...*” jechuun barreeffamee jira. Askeessattis ifatti bhuun wanti mul’atu waa’eedhuma rakkoo irra butaati. Waraabbii kana keessatti kan argaman jechootni kuni jechoota afaan Ingiliffaa irraa gara Afaan Oromootitti dhufaniidha. Ta’us garuu, jechoota Caasaa Afaan biroo keessatti itti fayyadamnu akkuma jirutti gara caasaa Afaan biroo tokkotti geessuudhaan akkuma jirutti itti fayyadamuun hindanda’amu. Sababni isaatis, afaan hundumtuu seera mataa isaa danda’e qaba waan ta’eefidha. Rakkoon kunis kan uummamuu danda’e akkuma armaan olitti waraabbamee mul’atutti jechoota ergidsaadhaan fudhataman mallattoo waraabbii keessa kaa’uun hafuu, akkaataa barreeffama jechootichaa immoo gara Afaan Oromootitti harkisuuf dhama’uu caalaa, gara Afaan Ingiliffaatti harksisuuf ifaajuufikk’tu ifatti bahuun mul’ata. Gabaabumatti jechoota waraabbii armaan olii kanneen, “*orjjiinaaliifi fotokoppii tiraaniskiriibitii*”...jedhamuun osoo barreeffamee gaariidha. Waraabbii keessa kankaawwamaniif immoo, akka jechootni kunneen jechoota Afaan biroo irraa dhufan ibsuuf gargaara.

Haaluma walfakkaatuun, beeksisa waajjirri barnootaa Aanaa Warra Jaarsoo gaafa guyyaa 25/10/2010 maxxanse fudhannee yommuu ilaallu, rakkooleen armaan olitti ibsaa turre kunneen bal’inaan mul’atu, “...*Manneen barnoota hundaaf herrgni school grantii hangaa guyyaa*

20/10/2010 tiii akka xumurtanii...”jedha. Jechoota waraabbii keessa jiran keessaa jechi “*herrgni*”jedhu seera barreeffama Afaan Oromoos ta’ee, seera dubbii Afaan Oromoo cabsee jira. Kana malees, jechi Afaan Ingiliffaatiin “*School fi grantii*” jedhan kunneen guutumaan guututti seera Afaan Oromoo cabsanii jiru. Sababiin isaatis, akka seera walfaanommii Afaan Oromootti dubbifamaan tokkoo ol ta’ee, jalqabaafi dhuma jecha tokkoo irratti waliin galuu hin danda’u (Addunyaa,2012:72).

Hanqina gama irra butatti fayyadamuutiin waraabbii armaan olii keessatti xiinxalamaa ture dogoggoroota kanneen biro achi keessa jiran waliin akkanatti sirreessuun gaarii ta’a. *Manneen barnootaa hundaaf, herreega “Iskuul gaaraantii” hanga guyyaa 20/10/2010 tti* akka xumurtan jechuudhaan gara caasaa Afaanichaatti madaqsuun barreessuun gaarii fakkaata. Sababiin jechi iskuul gaaraantii jedhu mallattoo waraabbii keessa kaawwameefis, jechichi jecha ergisaadhaan dhufe ta’uu isaa dubbistootatti agarsiisuuf ta’a.

Mee amma immoo, hanqina irra butaa kana gama waajjiraalee mit-mootummaatiin fudhannee yaa ilaallu, beeksisa P/M/D/W/B/K/Magaalaa Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 10/10/2010 baasee maxxanse keessatti, “...*meeshalee garrgaarsaa issiniif biitame aka fuudhattannif, issiin beeksisnaa.*” jedha.

Waraabbii armaan olii keessatti akka rakkoo ijootti kan kaasnu, jecha “*garrgaarsaa*” jedhuudha. Sababni isaatis, akkaataan barreeffama jecha kanaa saayinsii armaan dura gara oliitti kaasne sana waan faallessuufidha. Kanaaf, akkaataan sirrachuu malaa isaa ykn wanti jedhamuuf yaadame“gargaarsa” kan jedhu waanta’eef, bifa kanaan sirreessuun gaarii ta’a.

Haaluma walfakkaatuun, beeksisa Piroojektiin Waldaa Biraana Wangeelii gaafa guyyaa 04/03/2010 baasan yoo ilaalle, “...*akkuma beekamu proojktiin keenya...aka hin dhufineeff cimssinne isin beekisiisna.*”jedha. Waraabbii kana keessatti jechi “*proojktiin*” jedhu kuni, seerluga Afaan Ingiliffaas ta’ee, seerluga Afaan Oromoo kan eegee barreeffame miti. Sababni isaatis, Afaan Ingiliffaatiin kan barraa’uu qabu “*project*” jedhameeti ture. Jechi kun Piroojektii jedhamuudhaan gara afaan Oromootti madaqfamee barraa’uu qaba ture. Yaa ta’u malee garuu, akkaataan inni ittiin barreeffamee jiru kun kan afaan lamaanii irraa iyyuu garaa gara ta’ee jira jechuudha. Kunis kan agarsiisu, haalli barreeffama jecha kanaa seerluga Afaan Oromootis ta’ee, kan afaan Ingiliffaa kan hinordofne ta’uu isaati.

4.1.1.5. Hanqinoota Haala Jechoota Afaan Biroo Gabaajessuu Irratti Mul’atan

Gabaajee hubachuun miseensota mana hojii tokko kessatti hojjetaniif ifaa ta’uu dandaa’a. Haata’u malee, namoota waajjira sanaa ala ta’aniif gaaffii guddaa uumuu dandaa’a. Kanaafuu,

waan barreeffamaan darbu tokko ibsa bal`aa yoo itti kennuu dhiisan illee, jechoota muraasa salphaatti hubatamuu dandaa`anitti dhimma bahuun barbaachisaadha. Yaada kanas boqonnaa 2ffaa Dhugaan saayinsii kanaa kanuma ta`ee osoo jiruu garuu, dhimma kan haala qabatamaa beeksisoota Aanaa Warra Jarsoo magaalaa Gohaatsiyoon keessatti Afaan Oromootiin barreeffamanii maxxanfamuun sakatta`a dookumantiitiin funaannaman irraa kan mul`atu faallaa saayinsii kanaatiin kan ta`eedha.

Gabatee 8. Dogoggoroota haala jechoota Afaan biroo gabaajessuu irratti mul`atan

Lak	Dogoggora haala jechoota Afaan biroo gabaajessuu irratti mul`atan		
	Dogoggora	Kan ta`uu qabu	Waajjiraalee dogoggoricha uuman
1	PGSPSS	Hin hubatamu	Waajjira A
2	PGSSS	Hin hubatamu	Waajjira A
3	EDPM	Hin hubatamu	Waajjira A
4	Sup	Hin hubatamu	Waajjira A
5	PGD	Hin hubatamu	Waajjira A
6	BID	Hin hubatamu	Waajjira A
7	GPA	Hin hubatamu	Waajjira A
8	TTI	Hin hubatamu	Waajjira A
9	XXXI	Hin hubatamu	Waajjira G
10	<i>WPSMQNAW</i>	Hin hubatamu	Waajjira G
11	<i>SLMP</i>	Hin hubatamu	Waajjira G
12	OH	Hin hubatamu	Waajjira G
13	<i>ET809</i>	Hin hubatamu	Waajjira H
Dhibbentaan hanqina haala jechoota Afaan biroo gabaajessuu mul`isu % 4.16 dha.			

Akkuma gabaticha irraa hubachuun danda`amutti, jechoota afaan biroo keessaa bifa ergisaatin fudhatamanii beeksisoota waajjiraalee mootummaas ta`ee kan mitmootummaa keessaa funaannamuun qaacceffamanii keessatti rakkoon mul`ate % 4.16 yemmuu ta`u, isaan keessaa irra deddeebi`uun iddoo 8tti rakkoo kana uumuun barreessee kan argame waajjira A`ti. Innis dhibbentaa walii gala % 4.16 kana keessaa % 2.56 kan ta`uudha. Itti aansuun waajjirri G`n iddoo 4ttifi waajjirri H`n immoo, iddoo 1tti rakkoo gama kanaan mul`atu keessatti kan hirmaatan ta`ee, mul`atee jira. As keessatti dhimmi kuni akka rakkootti kan ilaallameefis maaliif

jechootni liqeeffatamu gama jedhuun osoo hintaane, yemmuu liqeeffatamanii dhufan seera ergisaa isaanii eeggachuun, gara caasaa Afaan Oromootti madaqfamuun gabaajeffamanii barraa'uu ykn ibsi adda ta'e itti kennamuun akka dubbistootni hubachuu danda'anitti gabaajeffamuu waandhabaniifi. Inni kuni immoo, akka dubbistootni yaada sana hinhubanneef kan burjaajessuu danda'u keessaa gufuu isa tokkoodha. Fkn. Beeksisa waajjirri barnootaa Aanaa warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 15/10/2010 baasanii maxxansan keessatti kan mul'atan keessaa kallattiidhaan kan fudhatame akka armaan gadiitti yoo ilaallu,

- “PGD, PGSPSS, PGSSS: Sup. EDPM” jechoota waraabii keessa jiran kanneen fudhannee yoo ilaalle, seera Afaan Oromoo keessatti jechootni ittiin gabaajeffamanii barraa'an kan cabsan ta'uu isaanii hubanna. Sababni isaatis, jechootni yemmuu gabaajeffaman, tokkoon tokkoon jalqaba jechootaa irraa qubee guddaadhaan fudhachuudhaan mallattoo tuqaa immoo, jidduu jidduu isaaniitti galchuudhaan ta'uu qaba waan ta'eefi. Kanneen waraabii keessatti fudhataman kunneen seera afaanichaa cabsuu isaanii qofa osoo hin taane, dubbisaan tokko ergaa isaan dabarsuu barbaadan bira gahuu kanhin dandeenyedha. Akkaataan ittiin fooyya'uu qabu, saayinsiidhuma armaan olitti caqasne sana bu'ureeffachuudhaan jidduu jidduu isaaniitti mallattoo tuqaa galchuudhaan ta'a jechuudha.
- Akkasumas, beeksisuma waajjirri barnootaa Aanaa Warra Jaarsoo gaafa guyyaa 10/09/2010 baasee maxxanse keessatti “GPA...” kan jedhutu jira. Kunis, haaluma dura kaasnee tureen sirreeffamuun barraa'uu kan barbaaduudha.
- Ittuma fufees, beeksisa waajjirumti kun gaafa guyyaa 14/10/2010 baase keessatti, “...BID... fi TTI...” jechuun barraa'ee jira. Kanneen jidduuttis saayinsiin fayyadama tuqaa dhabamuu isaa argina.
- Ammas, bifuma walfakkaatuun, waajjirumti kun beeksisa gaafa guyyaa 14/10/2010 baase keessatti jechoota rakkoo akkanaa qaban hedduutu mul'atu, Fkn. “...WPSMQN...” jechuun barraa'ee argama. Kanas yoo ilaalle, saayinsii gabaajessuu Afaan Oromoo cabsuu isaati.

Akkaataadhuma kanaan, beeksisoota waajjira mit-mootummaas fudhannee yoo ilaalle, piroojeektiin misooma daa'immanii waldaa Biraan Wangeelii Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 12/06/2010 baasee maxxanse keessatti “...ET-809...” jedhee argama. Kunis, warra alaa dhufanii dubbisaniif kan hin galle ta'uu isaatifi gama caasaa A/Otinis kan hin deeggaramne ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Cuunfaadhumatti waraabiiwwan armaan olii kuni kan

agarsiisu, rakkoo gama gabaajessuutiin jiru kana irratti waajjiraaleen mootummaas ta'ee, waajjiraaleen mit-mootummaa rakkoo walfakkaataa ta'e qabaachuu isaaniiti.

4.1.1.6. Dogoggoroota Akkaataa Barreeffama Jechoota Ergisaatiin Mul'atan

Barreeffamni tokko, hawaasa walfakkaataa afaan tokko waliin dubbatu keessatti ergaa ifaa ta'e dabarsuuf, dhiibbaa afaan biroo irraa bilisa ta'uun baay'ee barbaachisaadha. Afaan tokko cunqursaa jala turuun rakkooolee gama kanaan mul'ataniif akka saaxilamu taasisa. Jechootni afaan biroo keessaa dhufan afaan sana keessatti olaantummaa akka argatan godha. Haaluma kanaan, barreeffamoota beeksisoota mana hojii mootummaafi mit-mootummaa keessattis dhiibbaan jechoota afaan biroo bal'inaan mul'ataniif jiru. Jechoota dhiibbaa Afaan birootiin beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa irraawwatama qorannichaa keessaa walitti funaannaman bifa gabateetiin fudhannee yaa ilaallu.

Gabatee 9. Dogoggoroota akkaataa barreeffama jechoota ergisaa mul'isan

Lak	Dogoggoroota akkaataa barreeffama jechoota ergisaa ilaallatan		
	Jechoota ergisoo	Kan ta'uu qabu	Waajjira dogoggoricha uume
1	Teeknishaala	teeknishaana	Waajjira A
2	Orginaala	orijinaala	Waajjira A
3	Eksipartii	Ekipartii	Waajjira A
4	gammaggama	madaallii	Waajjira A
5	Averegiidhaan	aveerejjiidhaan	Waajjira A
6	Libaraariistii	Laayibiraristii	Waajjira A
7	school grantii	Iskuul gaaraantii	Waajjira A
8	taransikribitii	tiraaniskiriipitii	Waajjira A
9	orjjiinaalii	orijinaalii	Waajjira G
10	fotokoppii	footokoppii	Waajjira G
11	Pablik survice	Paablik sarvisii	Waajjira G
12	laabiraatorii	laabiraatoorii	Waajjira G
13	Level I, II, III,	Sadarkaa 1,2,3ffaa	Waajjira G
14	Maarketing	Maarkeetingii	Waajjira G
15	Bus.Mg't	Biizinas manaajimantii	Waajjira G
16	Dirrijjiitiicha	Dirijjiiticha	Waajjira I
17	proojktii,	piroojektii	Waajjira I
18	Gutuu Chalchiisa	Guutuu Caalchisaa	Waajjira I
19	tutorial	tiitooriyaalii	Waajjira H
20	Dirrijjiitiicha	Dirijjiiticha	Waajjira H
21	proojktii	piroojektii	Waajjira H

Dhibbentaan hanqina gama haala jechoota ergisaa barreessutiin mul'atee % 6.72

Yaada gabatichaa irraa hubatamuu kan danda’u, beeksisoota waajjiraalee mootummaas ta’ee, kanneen mitmootummaa keessatti jechootni ergisaadhaan fudhataman ofeeggannoodhaan gara seera Afaanichaatti deebifamuun barreeffamaa kan hin jirre ta’uu isaati. Kunis, seera Afaanichaa cabsuu isaa qofa osoo hin taane dubbistoota beeksisaa sanaa kan dhiphisuufi hubannoo kandhoowwu danda’uudha. Gabaticha keessattis kan ifatti ba’ee mul’atu, rakkoon akkanaa walii galatti % 6.72 ta’uu isaatifi rakkoo kana irra deddeebidhaan yeroo 8 uumee sadarkaa ol’aanaa irratti kan argame waajjira A ta’uu isaati. Itti aansuunis waajjirri G’n iddoo 7 tti rakkoo kana kan uumee jiru ta’ee, dhuma irratti waajjiraaleen mitmootummaa lamaan isaanii iyyuu iddoo sadi saditti walqixa rakkoo kana uumanii jiru. Kunis, akka caasaa Afaanichaatti dogoggora cimaa ta’e hubannaa dubbistootaa irratti kan uumudha.

Boove (1989:275) beeksisaa keessatti fayyadama afaanii yoo ibsu, “You will get your point across better if you use words and phrases that are familiar to your reader,” jedha. Askeessatti jechootaafi gaaleewwan dubbistoota keenya biratti beekkaman yoo gargaaramne haala gaariidhaan kaayyoon keenya fiixaan ba’uu kan danda’u ta’uu isaa nutti agarsiisa.

Kana malees, faaayidaa hubatamuu danda’uu beeksisaa ilaalchisee, Boove (1989) akkas jechuun ibsa, “Thousands of announcement competes for your reader. The more understandable your advertisement, the more likely it will be read,” jedha. Yaada hayyuu kanaa irraayis wanti hubatamuu qabu, beeksisootni kumaatamatti lakkaawwaman yoo jiraatan iyyuu, kan sirriitti hubatamuu danda’u beeksisoota kanneen kaan caalaa akka dubbifamu isa taasisa jechuudha. Goshgarian (2001:313) jechoota beeksisaa keessatti faayyadamnu ilaalchisee; “Every word in announcement is there for a reason; no word is wasted,” jedha. Kunis, qusannaan jechootaa iddoo olaanaa akka qabuufi jechootni muraasni ergaa bal’aa ta’e dabarsuu akka danda’anitti fayyadamuun barreessuun barbaachisaa akka ta’e kan ibsuudha. Beeksisootni xiinxalaman garuu, jechoota hubatamuu dadhabuun dubbistoota biratti harca’an ta’ee mul’atee jira.

Yaada kana cimsuuf qaaccessa waraabii kallattii armaan gadii yaa hordofnu. Fkn, jechoota kanneen akka: “...*Teeknishaala, gita hojii pg-10, gosa barumsa Bio, Fiz, Eksipartii, gammaggama, gita hojii XI, Libaraariistii, level IV, school grantii, taransikrbitii, orjjiinaalii, fotokoppii...*” fikkf hedduun isaanii waraqaa beeksisoota waajjiraalee mootummaa fi mitmootummaa kanneen qorannoon kuni irratti gaggeeffame keessaa waraabbiidhaan kan fudhatamaniidha. Odeeffannoo dabalataatiif guutummaa waraqaa beeksisoota kanaa dabalee jala dhaquun ilaaluun baay’ee gaarii ta’a.

Haaluma walfakkaatuun, beeksisoota waajjiraalee mit-mootummaa muraasa isaanii fudhachuudhaan dhiibbaan jechoota biroo achi keessatti maal fakkaata kan jedhu fudhannee akka itti aanee jiru kanaan yaa ilaallu. Fkn. Jechoota kanneen akka: “...*Dirrijjiitiicha, proojktii, Gutuu Chalchiisa* (*maqaa namaa Afaan Oromiffaatiin barreessuuf*)...”fikkf hedduun isaanii ni mul’atu. Dabalee jalatti ilaaluun, nidanda’ama.

Walumaa galatti waraabii jechoota ergisoo armaan olii kana irraa wanti hubachuu qabnu, beeksisoota waajjiraalee mootummaas ta’ee, kanneen mit-mootummaa keessatti dhiibbaan afaanota biroo jiraachuu isaati. Isaan akkasii kuni immoo, ergaan jedhamuuf barbaaddame suni karaa qajeelaa ta’een, dubbistoota keenya bira akka hingenyeef, gufuu guddaa ta’uun dhaabbatanii, ergaa barreeffamoota keenyaa kan danqaniidha. Cuunfaadhumatti, xiinxala kana irraa hubatamuu kan qabu, dhiibbaan gama kanaatis beeksisoota waajjiraalee mootummaas ta’ee, kanneen mit-mootummaa keessatti argamuu isaati.

4.1.1.7. Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka Ofdanda’ootti Fayyadamuu

Walqabsiistuun “fi, hin” ulaagaalee hiikaa, caasaafi xinsagaa waan hinguunneef, kophaa ta’uun dhaabbatee barreeffamuu hindandeessu (Askale,1998:335). Hubachiisa: dhamjechootni (fi,hin) gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan kanneen barreeffama beeksisootaa qaaceffaman keessatti kophaa isaanii dhaabbachuun barraa’anii argamaniidha. Sababni qoratichi jarreen kana lakkoofsatti jijjiiruun iddoo isaan kophaa dhaabbachuun argamanii fudhateef immoo, barreeffama beeksisootaa sana hunda waraabee as kaa’uun qaaccessuun baay’ee rakkisaa waan ta’eefidha. Barbaachisaa taanaan raga kana dabalee Afi B jalatti ilaaluun ni danda’ama. Gabateen armaan gadiitis isuma kana nuuf mirkaneessa.

Gabatee 10. Dhamjechoota hirkatoo (fi,hin) akka ofdanda’ootti fayyadamuu ilaallatu

Lak	Dogoggora dhamjechoota akka ofdanda’ootti fayyadamuu ilaallatu		
	Waajjiraalee dogoggoricha uuman	Dhamjechoota hirkatoo	Hanga mul’atan
1	Waajjira A	= fi	12
		hin=	4
2	Waajjira B	= fi	20
		hin=	7
3	Waajjira C	= fi	36
		hin=	6
4	Waajjira D	= fi	9
		hin=	3
5	Waajjira E	=fi	-
		hin=	1

6	Waajjira F	=fi	6
		hin=	3
7	Waajjira G	= fi	27
		hin=	4
8	Waajjira H	= fi	-
		hin=	6
9	Waajjira H	= fi	-
		hin=	2
Iddoowwan dhamjechootni hirkatoon akka of danda'ootti itti mul'atan 146 dha.			
Dhibbentaan rakkoo gama kanaan mul'ate % 46.72			

Askale (1998:329) daangaa jechootaa barreeffama Afaan Oromoo ilaalchisee akkana jetti, “In the Oromo written materials, word boundaries seem to be random and inserted at the whim of each writer,” jetti. Akka yaada kanaatti, gareen jechaa tokko walitti dhufuumoo of danda'ee barreeffamuu qaba? Yaada jedhu murteessuuf ulaagaa hiikaa, caaslugaa fi odeeffannoo xiinsagaa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha. Ulaagaa hiikaa kan jedhaman gareen jechaa tokko kophaa dhaabbatee ergaa dabarsuu danda'uu isaati. Walqabsiistuun 'fi' ulaagaalee hiikaa, caasaafi xiinsagaa waan hin guunneef, kophaa dhaabbatee barreeffamuu hin dandeessu.

Yaa ta'u malee garuu, odeeffannoo gadii keessatti walqabsiistuun kun kophaa ishee of dandeessee kophaa ishee dhaabbatee barreeffamuun argina. Odeeffannoo gadii keessatti qofa osoo hintaane, kanneen duraan ibsi itti kennamee darbe tokko tokko keessatti illee dogoggorri kuni argamee jira.

Akkuma gabatee armaan olii kana irraa hubachuun kan danda'amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaa irraa funaannaman keessaa dhamjechoota hirkatoo akka of danda'oo gochuun kan barreessan % 46.72 ta'ee, kanneen keessaa waajjirri C'n irra deddeebi'uun iddoo 43tti ykn dhibbentaa % 13.76 ta'u dogoggora dhamjechoota hirkatoo akka of danda'ootti fayyadamuun barreessuu kana agarsiisanii jiru. Akkaataan walcaalmaa dogoggora isaanii akkuma gabaticha keessatti mul'atu ta'ee, gama kanaan rakkoo muraasa kan agarsiise waajjira E fi waajjira I' ti. Rakkooleen kunis ergaa beeksisoota kanaa harcaasanii jiru.

Mee hanqina dhamjechoota hirkatoo akka of danda'ootti fayyadamuu kana beeksisoota waajjiraalee mootummaatiin eegaluun rakkoolee argaman waraabbiidhaan fudhannee yaa ilaallu, Waraabbiin kun, beeksisaa waajjirri qonnaa Aanaa Warra Jaarsoo gaafa guyyaa 14/10/2010 baasee maxxanse keessaa kallattiidhaan kan fudhatameedha.

“...Misooma fi Gabaa Bunaa fi Shaayii..., guyyaa fi halkan eguuf kan fedhii qabu..., ogummaa fi teekinkaa..., dubbisuu fi barreessuu...” jechuudhan barraa'ee jira. Egaa

waraabbiin armaan oliitis kan nu hubachiisu dhamjechootni hirkatoon kophaa isaanii dhaabbachuun ergaa ofii isaanii danda'e dabarfachuu hindandeenye, barreeffamicha keessatti akka waan ofdanda'aniitti barraa'anii argamuu isaaniiti. Kunis, seera caasaa Afaan Oromoo gama kanaan jiru kan cabsuufi ergaa dabarfamuuf jedhus kan dubbistoota jalaa harcaasuu danda'u ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun amma immoo, rakkoo fayyadama dhamjechoota hirkatoo kanaan waqabsiisnee beeksisoota waajjiraalee mit-mootummaa keessaa fkn muraasa fudhachuun yaa ilaallu. Beeksisa piroojeektiin misooma daa'immanii waldaa Birahaana Kiristoosii Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 02/06/2010 baasee maxxanse keessatti,

“...hafa jirachuun keessaan *ni* beekamaa..., osooo isin irrattii *hin* fudhatin...” jedha. Askeessattis, akkuma duraan ibsaa turretti, dhamjechootni kanneen akka, *ni*, *hin* jedhaman kunneen akka waan ofdanda'anii ergaa dabarsuu danda'aniitti barreeffamuu isaaniiti. Haaluma walfakkaatuun beeksisa piroojeektiin waldaa Birahaana Wangeelii gaafa guyyaa 12/06/2010 baase keessatti, Cuunfaa yaada waraabbiwwan armaan olitti dhimma hanqina itti fayyadama dham jechootaatiin walqabsiisnee xiinxalaa turre kanaa yoo ilaalle, waajjiraaleen mootummaas ta'ee, waajjiraaleen mit-mootummaa dhamjechoota hirkatoo ta'uun beekkaman, akka waan ofdanda'oo ta'anii kophaa isaanii dhaabbachuu danda'aniitti fayyadamanii jiru. Odeeffannoon afaa'ffis yaaduma kana dhugaa nuuf ba'a.

4.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Sirna Tuqaaleen Wal Qabatan

Boqonnaa lammaffaa keessatti barreeffamni tokko sirna tuqaaletiin alatti faayidaa kamiyyuu qabaachuu akka hindandeenye ibsamee ture. Ta'us garuu, beeksisoota ilaallaman keessatti rakkooleen itti fayyadama sirna tuqaaletiin walqabatanii jiran hedduun mul'atanii jiru. Armaan gaditti yaa ilaallu:

4.2.1. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Tuqaa (.)

Waa'ee itti fayyadama mallattoo tuqaa ilaalchisee Mirreessaa Amanuu (2014:165) yemmuu ibsu, “tuqaan yaada ergaa guutuu dabarsee xumurame tokko agarsiisuuf akkasumas, jechoota gabaajessuufi kkf kan tajaajiluudha” jedhee ibsa. Kun akkuma jirutti ta'ee garuu, beeksisootni waajjiraalee garaa garaa magaalaa Gohaatsiyoon keessatti, faallaa isa kanaatiin barraa'aniifi maxxanfamanii argamanii jiru.

Gabatee 11. Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul’atan

Lak	Hanqinoota itti fayyadama tuqaa irratti mul’atan	
	Waajjiraalee dogoggora kana uuman	Hanga hanqinni tuqaa mul’ate
1	Waajjira A	6
2	Waajjira B	20
3	Waajjira C	15
4	Waajjira D	5
5	Waajjira E	-
6	Waajjira F	8
7	Waajjira G	23
8	Waajjira H	9
9	Waajjira H	4
Dhibbentaan hanqina itti fayyadama tuqaa irratti mul’ate % 28.8 dha.		

Akkuma olitti ibsamee turetti, gabatee armaan olii irraayis wanti hubatamuu danda’u, rakkoon fayyadama tuqaa irratti barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa Warra Jaarsoo irraa funaannamanii qaacceffaman irratti mul’ate dhibbentaan yemmuu ilaallamu % 28.8 ta’ee, waajjirri gama kanaan caalmaatti rakkoo ol’aanaa qabu, waajjirri G’n % 7.36, waajjirri B’n iddoo 20 (%6.4), waajjirri C’n iddoo 15tti (%4.8), waajjirri ‘H’n iddoo 9tti (%2.88), waajjirri F’n iddoo 8 (% 2.56), waajjirri A’n iddoo 6 (%1.92), waajjirri D’n iddoo 5 (%1.6)fi waajjirri I’n iddoo 4 (%1.28) kan uuman ta’ee, beeksisni waajjira gama kanaan rakkoon irratti hinmul’anne waajjira E dha. Kunis akka qoratichi xiinxaletti, xiqqaachuu waraqaa beeksisisa isaanii bu’ureeffachuu danda’a.

Cuunfaadhumatti haalli gabatee kanaa kan ibsu, beeksisootni kunneen gama fayyadama tuqaa kanaanis rakkoo hedduu ta’e akka qabaniidha. Rakkoon kuni immoo, rakkoo cimaa ergaa beeksisoota kanneenii harcaasuuf human qabuudha. Mee hanqinoota gama itti fayyadama tuqaatiin beeksisoota waajjiraalee mootummaa aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon keessatti mul’atan fudhannee yaa ilaallu. Waraabbiin armaan gadii kun beeksisisa waajjirri Siivil Sarvisii Aanaa Warra Jaarsoo gaafa guyyaa 14/10/2010 baasedha.

“...Waan kan ta’eef dorgomtoonni dandeettiinwan barbaaddaman guutuu kamiyyuu galmaa’uu ni danda’uu” ammas beeksisuma kana keeyyata kan biroo keessatti,

“Waraqaa qulqullinaa waajjira Bul. Fi Nageenya Aanaa Irraa dhiyeefachuu kan danda’uu” jechuudhaan barreeffamee jira. Waraabbiin kana keessatti, hanqinootni biroo hedduun kan

mul'atan yoo ta'anis, waa'ee isaanii kutaa kan biroo jalatti waan ilaalleef, ammaaf waa'ee dhimma tajaajila tuqaa ilaalla. Barreeffama waraabbii isa jalqabaa keessatti, gara dhuma himichaa iddoo “*galmaa'uu ni danda'uu*”jedhee, dhuma isaa irratti sababii mallattoon tuqaa galuu dhabeefi sababii dhamsagni /u/'n dheeratteef, barreeffamichi bifa isaa jijjiirrachuudhan gara hima gaaffiitti yemmuu naanna'utu ifaan ifatti mul'ata. Waraabbiin inni jalqabaa kuni hanqinoota kanneen biroo ofkeessatti dabalachuun, *Waan kana ta'eef, dorgomtootni dandeettiiwwan barbaaddaman guutan kamiyyuu galmaa'uu ni danda'u*. Bifa jedhuun osoo sirratee barraa'ee gaarii ta'a.

Fayyadama sirna tuqaalee keessaa tuqaan irra deddeebiin kan namni waabarreesu tokko itti gargaaramuudha. Yaada kana William (2005:22) yoo ibsu, “Use a period to mark the end of a sentence that makes a statement or express a command.” Yaada kanarraa wanti hubatamu, xumuramuu himaa yookiin himamsaafi yaada ajajaatiin booda tuqaan galuu qaba jedha. Kanaafuu, barreeffama keessatti dhuma himaafi himamsaarratti mallattoo kanatti dhimma bahuun barbaachisaadha jechuudha. Yoo itti hin gargaaramnu ta'e garuu, seera barreessuu afaan ichaa hanqisuu bira darbee ergaa sana illee kan gaaga'u ta'a.

Waraabbii isa lammaffaas fudhannee yoo ilaalle, iddoo *waajjira Bul*. Jedhutti tuqaan seera malee galtee argamti. Gara dhumaa iddoo *dhiyeefachuu kan danda'uu* jedhutti immoo, qooda dubbachiistuu /u/ isa dhuma irratti galte kanaa mallattoo tuqaatu galuu qaba ture. Sababa mallattoon tuqaa galuu didee sagalee dubbachiistuun dhumarraa tuni iddoo ishee maleetti dheeratee galteef himni tuqaadhaan xumuramuuf ture gara hima gaaffiitti naanna'ee jira jechuudha.

Sababiin isaatis akkuma armaan olitti ibsaa turretti, tuqaan sirna tuqaalee keessaa yaada tokko xumuruuf kan gargaaru waanta'eefidha. Himni ergaa guutuu dabarsu tokko xumuramuu isaa kan ittiin beeknu mallattoon kun yoo dhuma isaa irratti galeedha. Sana ta'uu baannaan garuu, barreeffamni suni kan ittifufee jiru yookiin osoo hinxumuramin jiru fakkaata. Yaadni waraabbii armaan gadii kuni immoo, akkuma jirutti barreeffamoota waajjiraa mit-mootummaa keessaa kan waraabbameedha. Beeksisa Waajjirri mit-mootummaa piroojektii waldaa Birahaana Wangeelii gaafa guyyaa 10/09/2010 lakkoofsa galmee- P/M/D/W/B/W/G/0212/'n baasee maxxanse keessatti, hanqinoota fayyadama mallattoo tuqaatiin walqabatani mul'atan hedduutu jiru. Waraabbiin armaan gadiitis yaaduma kana nuuf mirkaneessa.

AKKuma aramanii olliti ibisammuuf yalaametti. Nuti proojaktiin misoomma daa,imani magalaa gohaatsiyoon daa.iman piroojaktii keenyatiif gargaarsa gara garalachaa jirachuun keenya ni beekkama, Haata'u malee garuu. namootni hedduun keessan guyyaa nuti meeshalee gargaarsaa issinniif hirru belama iraa haftanii:nu Rakkisaa. Waan jirtaniif; gaafa guyyaa 12/09/2010 ganama kesa sa'aa 2:00 iraatii akaa dhufatani meshale hiraammaan aka fudhatan ciimsiine issiin beksisisnaa,

Jechuudhaan barraa'ee argama. Waraabbiin armaan olii kuni hanqinoota seera barreeffama Afaan Oromoo hedduu of keessaa qabaachuun isaa waan ifee mul'atuudha. Seerota caasaa Afaan Oromootis hedduu isaanii cabsee kan jiruufi mallattoolee sirna tuqaalee Afaan Amaariffaatti illee dhimma bahuunifi kkf mul'atanii jiru. Yaada waraabbi kanaan keessatti Wanti hubatamuu qabu, iddoo mallattoon tuqaa galuu qabutti mallattoo qoodduu, iddoo mallattoon qoodduu barbaachisutti immoo, mallattoo tuqaa, qoodduu jabaa, tuq-lameefi iddoo mallattoon kam iyyuu hin barbaachisnetti immoo, mallattoo tuqaa, sirna tuqaa Afaan Amaariffaa kan ta'e (፩), tuq-lamee, qoodduu, qoodduu jabaa, iddoo hudhaatti qoodduufi mallattoolee kkf 'tti gargaarramuun mul'atee jira. Walumaa galatti, hanqinoota gama hundaan waraabbi armaan olii keessatti mul'atan dabalatee, bifa itti aanee jiru kanaan sirrachuu qaba.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaallametti, nuti piroojektii misoomma daa'imani magalaa Gohaatsiyoon daa'imman piroojektii keenyatiif gargaarsa garaa garaa laachaa jiraachuun keenya ni beekkama, Haata'u malee garu, namootni hedduun keessan guyyaa nuti meeshaalee gargaarsaa isinniif hirru beellama irraa haftanii nu rakkisaa waan jirtaniif, gaafa guyyaa 12/09/2010 ganama keessaa sa'aa 2:00 irratti dhufatani meeshaalee hiraaman akka fudhattan cimsinee isin beksisisna. Jechuun sirrachuu qaba.

Cuunfaadhumatti, waraabbiwwan hanqinoota fayyadama tuqaa jalatti ilaalaa turre kunneen beeksisoota waajjiraalee mootummaa keessattis ta'ee, kanneen waajjiraalee mit-mootummaa keessatti haaluma walfakkatuun, rakkoo ykn hanqina ija sadarkaa cimaatiin ilaallamuu qaban ta'uun isaa waan qabatamaa ijaan argamuudha. Odeeffannoon qoratichi karaa afgaaffiin fudhates kanuma cimsee mul'isee jira. Haalli kuni immoo, ergaalee karaa beeksisootatiin darbaa jiran irratti dhiibbaa cimaa uumaa kan jiru ta'ee, rakkoon kuni haaluma kanaan itti fufnaan, yaaddoo cimaa ta'ee ija qoratichaatti mul'atee jira.

4.2.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Qoodduu (,)

Qoodduun hima keessatti jechoota ykn gaaleewwan tarree galanii hiriiran adda baasuuf, guyyaa barreesuuf, ciroowwan caasaan wal hingitne adda baasuuf, qabsiistota hima walqabsiisan booda, seensistoota hima walqabsiisan boodas akka galuu qabu hayyootni adda addaa ni eeru (Adduuyaa 2014fi Geetachoo 2003). Dhugaan gama saayinsiitiin jiru kanuma ta'us garuu,

beeksisootni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa magaalaa Gohaatsiyoon yemmuu xiinxalaman, mallattoo qoodduutti haala saayinsii armaan olii kanaan dhimma bahuu dhabuun isaanii sakatta'a dookumantii beeksisootaa irratti taasifameen mul'atee jira. Gabateen armaan gadiitis yaaduma kana nuuf mirkaneessa. Hubachiisa: Gabatee kana keessatti ida'amni hanga dogoggoraa jedhee jiru kun kan ibsu, barreeffama beeksisootaa qaacceffaman keessatti iddoo meeqatti hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu akka argame lakkaa'udhaan kan taa'edha. Kunis kan barbaachiseef immoo, barreeffamoota beeksisoota sanaa hunda waraabbii kana keessa kaa'udhaan ilaaluun rakkisaa ta'ee waan argameefidha. Hanqina itti fayyadama qoodduu cuunfaan gabatee keessa kaawwame kana mirkaneeffachuuf, waraqaa beeksisootaa qaacceffaman sanneen dabalee jalatti ilaaluun ni danda'ama.

Gabatee 12. Iddoowwan hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu itti mul'atan

Lak	Hanqinoota itti fayyadama mallattoo qoodduu irratti mul'atan	
	Waajjiraalee itti fayyadama mallattoo qoodduu irratti dogoggora uuman	Hanga iddoo hanqinni fayyadama qoodduu itti mul'ate
1	Waajjira A	14
2	Waajjira B	9
3	Waajjira C	16
4	Waajjira D	11
5	Waajjira E	2
6	Waajjira F	8
7	Waajjira G	7
8	Waajjira H	15
9	Waajjira H	3
Dhibbentaan hanqina itti fayyadama mallattoo qoodduu irratti mul'ate % 27.2		

Gabateen armaan olii kuni kan agarsiisu, beeksisoota waajjiraalee gama lachuutiin qaacceffaman kana keessatti hanqinni kun % 27.2 ta'ee argamuun isaa rakkoon kuni bal'inaan barreeffama beeksisoota kanneenii keessatti deddeebi'ee kan argame ta'uu isaati. Akka gabatichaatti rakkoo kana irra caalmaadhaan kan uumee mul'ate waajjira C'ti. Isaanis, iddoo 16tti (%5.12), itti aansuun, waajirri H'n iddoo (% 4.8), waajirri A'n iddoo 14 (%4.48), waajirri D'n iddoo 11tti (% 3.52), waajirri B'n iddoo 9tti (%2.88), waajirri F'n iddoo 8tti (%2.56), waajirri G'n iddoo 7tti (%2.24), waajirri I'n iddoo 3tti (%0.96)fi waajirri E'n immoo, iddoo 2tti (%0.64)fi ida'amni dhibbentaa walii galaa rakkoon isaan gama kanaan qabanii % 27.2 ta'a

jechuudha. Haalli kunis, ergaa barreeffamichaa irratti ba'aa guddaa ta'e kan fee'uu ta'uun isaa wanta haalamuu danda'u miti. Kanas, waraabii kallattii fakkeenyoota armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama. Innis, beeksisa waajjirri barnootaa gaafa guyyaa 10/09/2010 baasee maxxanse keessaa fudhatame gama hanqina itti fayyadama qoodduutiin yaa ilaallu.

“Kanaafuu haldureewwaanii fi...” jecha jala murame fuulduratti qoodduun hin jiru. Beeksisuma waajjirri barnootaa kun gaafa guyyaa 25/10/2010 baasee maxxanse keessaa kan fudhatame, “...Haa ta'u male manneen barnootaa...”jedha. Fakkeenya kana hubachuuf kan jala murame kana ilaaluun gaariidha. Bifuma kanaan, beeksisa waajjirri siivil sarvisiifi bulchiinsa gaarii gaafa guyyaa 14/10/2010 baase keessatti “...Waan kan ta'eef dorgomtoonii...” Dabalataanis, beeksisa waajjirri bulchiinsa magaalaa Gohaatsiyoon gaafa 22/09/2010 baasee maxxanse yoo ilaalle hanqinootini mallattoo qoodduutiin walqabatani jiran hedduun mul'atani jiru. Waraabbiin armaan gaddis kanuma nuuf mirkaneessa.

“...Ganda 02 keessatti kan argamu kan daangaan isaa kaabaan Abajjee Gaarii kibbaan Naaqee Azzanaa Bahaan Daandii lixaan Addee Innaannii Addunyaan kan daangeffamu jidduutti kan argamu qabeenyaa bal'inni isaa karee meetiraa 200m irra qubatee mana kutaa sadi kan qabu gatiin ka'umsaa tilmaamni manichaa qarshii kuma dhibba lamaafi...”

jechuudhaan rakkoodhuma kana qabatee itti fufee barraa'ee jira. Waraabii barreeffama armaan olii kana fudhannee yoo ilaalle, jalqaba irraa hanga dhuma isaatti iddoo itti mallattoon qoodduu galuun dirqama ta'eedha. Yaata'u malee garuu, jalqaba isaa irraa kaasnee yoo ilaalle hanga dhuma isaatti mallattoon qoodduu tokko illee galfamee kan hin barroofne ta'uun isaa ragaa qabatamaa ijaan argamuudha. Sababa kanaafis, akka ergichi jal'atu ykn guutummaatti akka hin hubatamne ta'ee jira.

Fayyadama sirna tuqaalee keessaa qoodduu ilaalchisee hayyuun Levin (1996:26-27) yoo ibsu,

Certain adverbials may be used to coordinate independent clauses (thus, however, therefore, on the contrary, on the other hand). Unlike the coordinating conjunctions (and, but, for, yet, or, nor) which follow commas, these adverbials called conjunctive adverb follow semicolons. Thus, however, therefore, and so forth, are most commonly used as adverbials in simple.

Yaada beekaa kanaatiin yoo ibsinu barreeffamoota keessatti walqabsiiftonni akka xumibsaa tajaajilan qoodduu jabaatti yookiin qoodduutti aananii galuun yaada duubaan dhufu isa duraatiin walitti hidhu. Adeemsi kun immoo, ergaan barreeffama sanaan darbuuf malu kallattii isaa eeggatee akka dhiyaatuuf gargaara jechuudha.

Dhiibbaa hanqinni fayyadama qoodduu ergaa beeksisichaa irraan gahe hubachuuf, beeksisaa waajjirri olitti ibsame kuni gaafa guyyaa 25/09/2010 baase, guutummaa waraqaa beeksisaa kanaa dabalee jalatti ilaaluun ragaa kana irruma caalaatti qabatamaa taasisuu danda'a.

Dabalataanis, beeksisaa waldaan Birahaana Wangeelii gaafa guyyaa 06/07/2010 lakkoofsa galmees, PMD/W/B/W/M/G/0206'n baasee maxxanse keessatti kan mul'atu, "...*kuttaa i/g/tti akka dhiyaatan ibsa.* *Yoo guyyaa kana dhuufuu dhiistanii haftan garuu:hundi keessaan tarkanfii itti fufuun koreeti dhiyaachuun dirijitiicha keessaa kaan arihamtaan ta'a*"

Waraabbii kana keessatti kan argamu rakkoo hedduu yoo ta'es, ammaaf waa'eedhuma rakkoo fayyadama mallattoo qoodduu kanaa irratti xiyyeeffachuun yaa ilaallu, barreeffamicha keessatti iddoo mallattoon qoodduu galuu qabdu mallattoon tuqaa galuun isaa dhiibbaa cimaa uumee jira. Waraabbuma kana keessatti wanti mul'atu, "...*Yoo guyyaa kana dhuufuu dhiistanii haftan garuu:hundi keessaan tarkanfii itti fufuun koreeti dhiyaachuun dirijitiicha keessaa kaan arihamtaan ta'a*" kan jedhu keessatti, jecha *garuu* jedhu fuulduratti kan galuu qabu qoodduu ta'ee osoo jiruu, kan gale garuu tuq-lameedha. Akkasumas, dhuma himichaa irratti immoo, mallattoon tuqaa osoo galuu qabuu, osoo hingalin hafee mul'ata. Yaadni kunis kan agarsiisu, waraabbii olitti dhiyaatan kanneen keessatti hanqinni itti fayyadama qoodduu bal'inaan mul'atee jiraachuu isaati.

4.2.3. Hanqinoota Itti Fayyadama Hudhaa Irratti Mul'atan (')

Hudhaan (') qubee Afaan Oromoo keessaa akka dubbifamaa tokkootti kan ilaalamu ta'uu nimirkanessu (Abarraa, 1995; Addunyaa, 2012). Kanumaan walqabsiisuun, hudhaan Afaan Oromoo keessatti iddoo garaagaraatti tajaajilaaf kan ooluu danda'u ta'uu lafa kaa'u. Kanniin keessaa dubbachiistuu gosti tokko lamaa ol ta'anii yoo walitti aananii dhufan, dubbachiistuu gosa addaddaa gidduu, dubbifamaafi dubbachiistuu gidduu galuun tajaajila.

Hayyootni afaanii hedduun hudhaan qubee Afaan Oromoo keessaa akka dubbifamaa tokkootti kan ilaallamu ta'uu ni mirkanessu. Gabaabumatti, bakka hafuurri sombaa bahu qoonqoo irratti addaan citu galuun tajaajila kenna. Haata'u malee, gabatee armaan gadii kana keessatti fayyadamni hudhaa yeroo dhabamu ykn iddoo isaaf hin malletti galuun yemmuu tajaajilu argina.

Gabatee 13. Hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'ate

Lak	Hanqinoota haala fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'atan		
	Dogoggora uumame	Kan ta`uu qabu	Waajjiraalee dogoggoricha uuman
1	Bayyanaa	baay'ina	Waajjira B
2	baayina	baay'ina	Waajjira B
3	Saajin 'ol kibruu	Saajin Ol kibruu	Waajjira D
4	Bayyanaa	baay'ina	Waajjira F
5	Kes'an	keessan	Waajjira I
6	hirr'ifama	hir'ifama	Waajjira I
7	Jih'aan	Ji'aan	Waajjira H
8	gruu'	garuu	Waajjira H
9	Baayy'isaa	Baay'isaa	Waajjira H
10	qabu'	qabu	Waajjira H
11	daa,iman	daa'imman	Waajjira H
Dhibbentaan hanqina fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'ate % 3.52 dha.			

Akkuma gabatee 13ffaa irraa hubachuun danda'amutti, rakkoon fayyadama hudhaa kan beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa yemmuu ilaallamu % 3.52 dha. Hanqina kanas irra caalaatti deddeebi'ee kan agarsiise waajjira H' yemmuu ta'u, innis iddoo 5tti (%1.6), waajjirri B'n iddoo 2tti (%0.64), waajjirri I'n iddoo 2tti (%0.64), waajjirri D'n iddoo 1tti (%0.32) fi waajjirri F'n iddoo 1tti (%0.32) kan uumaniifi ida'amni dhibbentaa hanqinoota kanaa % 3.52 ta'uu isaatu mirkanaa'ee mul'ata. Kunis, hangi isaa xiqqaatu iyyuu, rakkinichi jiraachuu isaa kan nuuf ibsu ta'ee, dhiibbaan inni dubbistoota biratti uumuu danda'u akka lakkoofsa asitti mul'ate kanaatti kan xiqqaatu miti.

Qaaccessi itti aanee jiru kunis yaadichuma kan cimsuudha. Mee hanqinoota gama ittifayyadama hudhaatiin beeksisoota waajjiraalee mootummaa aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoon keessatti mul'atan fudhannee yaa ilaallu. Fkn. Beeksisaa qacarrii waajjirri Siivil Sarvisiifi bulchiinsa gaarii gaafa guyyaa 12/10/2010 baase keessaa fudhannee yoo ilaalle,

✚ “*Bayyanaa Nama tokko*”jedha. As keessatti wanti hubatamuu qabu, sababii hudhaan jecha jala sararame kana keessatti galuu dhabdeef hiikaan jechichaa ergaa duraan dabarsuuf karoorfamee ture kan *baay'ina* jedhu sanaa gadi lakkisuun gara maqaa namaa *Bayyanaa* jedhamuutti jijjiiruu isaati.

- ✚ Dabalataanis, beeksisa waajirri barnootaa gaafa guyyaa 30/09/2010 baase maxxanse keessattis rakkoodhuma akkanaatu mul’atee jira. Kana qofas osoo hin taane, rakkooleen itti fayyadama mallattoo hudhaa kuni barreeffamoota beeksisoota waajiraalee mootummaa warreen askeessatti osoo maqaa hindhahin hafnee hedduu isaanii keessatti mul’atanii jiru. Yaata’u malee garuu, hunduma isaanii asjalatti fiduudhaan tokkuma tokkoon ibsuuf waan hin mijanneef jecha qoratichi waraqaa beeksisoota kanaa hunda isaa walitti qabuudhaan dabalee isaa keessa kaa’ee waan jiruuf, odeeffannoowwan hafan hunda achi jalatti ilaaluun gaarii ta’a.
- ✚ Haaluma walfakkaatuunis, hanqina itti fayyadama hudhaa kana beeksisoota waajiraalee mit-mootummaa keessaa muraasa isaanii fudhachuun yoo ilaallu, rakkooleen hedduun mul’atanii jiru. Beeksisa Waldaan Birahaana Wangeelii magaalaa Gohaatsiyoon gaafa guyyaa 10/09/2010 baase keessatti jechoota armaan gadii kanneen argina:
 - ✚ “...*daa, imanii magaalaa gohaatsiyoon*፤ *daa. iman pirojaktii...*” jedhee jira. Askeessattis kan mul’atu, jecha “daa, imanii” jedhu kana keessatti iddoo hudhaan galuu qabdutti qoodduun galuu isheeti. Itti fufees, mallattoon “፤” kuni kan Afaan Amaaraa taatee, tajaajilaafi waamicha seera qabeessa tokko malee askeessatti galuu isheeti. Jecha waraabbii keessaa “...*daa. iman pirojaktii...*”jedha. Waraabbii kana keessatti jecha jala muramee jiru kana fudhannee yoo ilaalle, sagalee hudhaan waan keessaa hafeef hiika kennuu hindanda`u. Kana malees, iddoo mallattoon hudhaa galuu qabdutti tuqaan galtee argamti. Inni kuni immoo, akka hiikaa jechichaattis ta’ee, akka caasaa Afaanichaatti kan hineeyyamamneedha.
 - ✚ Haaluma kanaan beeksisa Waldaan Birahaana Kiristoosii gaafa guyyaa 09/09/2010 baase keessatti, “...*nuti proojaktiin misoomma daa,imanii magalaa gohaatsiyoon daa,iman pirojaktii keenyatiif...*”jechuudhaan barraa’ee argama. Waraabbii kana keessatti iddoon jala sararamee jiru kuni iddoowwan osoo hudhaan galuu qabuu, mallattoon iddoo sanaafi iddoo sanaaf hinbarbaachisne itti galee jiru kan ibsuudha.

Dimshaashumatti, yaadolee mata duree kana keessatti bifa waraabbiitiin barreeffamoota beeksisoota waajiraalee mootummaa garaa garaafi mit-mootummaa garaa garaa keessaa funaannamanii dhiyaatan yemmuu ta’an, wanti irraa hubatamuu danda’us, beeksisootni askeessatti ilaallaman kunneen gama fayyadama hudhaa kanaan rakkoo qabaachuu isaaniiti.

Gabatee 14. Cuunfaa qaaccessa ragaalee sakatta'a dookumeentii ibsu

Gabateen kuni, cuunfaa dogoggoroota qorannoo kana keessatti qaacceffamanii mul'atanii hunda tartiiba guddaa irraa gara xiqqaatti jiruun ofkeessatti qabatee kan dhiyaatedha.

Cuunfaa Qaaccessa Dhibbentaa Dogoggora Qubeessuu Irratti Mul'ate Ibsu				
Lak	Gosoota Dogoggorootaa	Hanga dogoggoroota beeksisoota keessatti mul'atanii	Baay'ina waraqaa beeksisootaa	Dhibbentaan (%)
1	Hanqina fayyadama qubguddeessaa	403	32	% 128.96
2	Dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'ootti fayyadamuu	146	32	% 46.72
3	Dubbachiistota dheeressuu dhabuu	123	32	% 39.36
4	Dubbachiistota gabaabsuu dhabuu	114	32	% 36.48
5	Sagaleewwan dubbifamaa jabeessuu dhabuu	110	32	% 35.2
6	Hanqina itti fayyadama mallattoo tuqaa	90	32	% 28.8
7	Hanqina fayyadama qoodduu	85	32	% 27.2
8	Dubbifamaa laaffisuu dhabuu	50	32	% 16
9	Dogoggora akkaataa jechootni ergisaa ittiin barreeffamanii	21	32	% 6.72
10	Dogoggora haala jechoota Afaan biroo gabaajessuu	13	32	% 4.16
11	Hanqina sagalee irrabuta irratti mul'ate	11	32	% 3.52
12	Hanqina fayyadama hudhaa irratti mul'ate	11	32	% 3.52

Cuunfaan qaaccessa gabatee armaan olii keessatti dhiyaate kunis kan agarsiisu, hanqina fayyadama qubguddeessaa % 128.96, dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'ootti fayyadamuu % 46.72 % dubbachiistota dheeressuu dhabuu % 39.36, dubbachiistota gabaabsuu dhabuu % 36.48, dubbifamtoota jabeessuu dhabuu % 35.2, hanqina itti fayyadama tuqaa % 28.8, hanqina fayyadama qoodduu % 27.2 , dubbifamtoota laaffisuu dhabuu % 16, dogoggora akkaataa jechootni ergisaan ittiin barreeffamanii % 6.72, dogoggora haala jechoota Afaan biroo gabaajessuun walqabatan % 4.16, hanqina irrabuta irratti mul'ate % 3.52, hanqina fayyadama hudhaa irratti mul'ate % 3.52 ta'uu isaa kan agarsiisu ta'ee, walcaalmaan dogoggoroota kanaa akkaataadhuma guddaa irraa gara xiqqaatti tarra'anii gabaticha keessa kaawwaman kana ta'ee, dogoggorri akka sadarkaa olaanaatti qaaccessa sakatta'a dookumantii kana keessatti adda bahee

mul'ate hanqina fayyadama qubguddeessa yoomessa sirrii ta'etti fayyadamuu dhabuufi yoomessa sirrii hintaane keessatti immoo fayyafdamuuti. Tartiiba sadarkaa rakkoolee kanaa hubachuudhaaf gabateen armaan olii gahaadha.

Cuunfaadhumatti hanqinootni sakatta'a dookumantii kanaan qaaceffamanii mul'atan kunneen odeeffannoo qoratichi karaa afgaaffiitiin odeefkennitoota isaa irraa funaannateen kan walmirkaneessu ta'ee argamee jira. Yaada kanas, qaaccessa odeeffannoowwan afgaaffiin taa sifame jalatti mirkaneeffachuun ni danda'ama.

4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Af-gaaffii

Akkuma Boqonnaa 3ffaa jalatti ibsamuuf yaalametti, malli kuni gaafataafi gaafatamaan qaamaan walarguun, afaaniin odeeffannoo waljijjiiruun kan adeemsifamuudha. Waa'ee faayidaa mala kanaa ilaalchisees, Dastaa (2002: 84) yommuu ibsu, "Odeeffannoon afgaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta'in, qorataan keessa deebi'ee fooyyessuu danda'uufi odeeffannoo kennitootni illee waan isaaniif hingalle gaafachuuf carraa qabaachuun isaanii meeshaa funaansa ragaa kana filatamaa isa taasisa" jedha. Qoratichis, haaluma kanaan, meeshaa funaansa ragaa kanaan odeeffannoo isaa yemmuu funaannate, gaaffilee bu'uraa shan qopheeffachuun raawwatee jira. Odeeffannoon gama kanaan argames, gaaffilee bu'uraa qorannichaatiif deebii nilaata jedhamee abdatameeti. Odeeffannoon gama afgaaffiitiin waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa irraa argamanis, mata dureedhuma kana jalatti, walduraa duubaan ibsa waliin dhiyaachuun qaaceffamanii jiru.

4.3.1. Xiinxala Afgaaffii Waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa

Qoratichi odeeffannoowwan karaa afgaaffiin waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa irraa funaannate hunda isaanii iyyuu, asjalatti, dursuun kan waajjiraalee mootummaa qaaccessuun itti fufuun immoo, kan waajjiraalee mitmootummaa irraa funaannate jala jalatti qaaccessaa adeemee jira. Kunis kan filatameef, walfakkeenyaafi garaa garummaa hanqinoota qubeessuu isaan qabani walbira qabee walmadaalchisuun qaaccessaa adeemuu barbaadeeti. Odeeffannoowwan gama kanaan argaman hundi isaanii iyyuu akkaataadhuma kanaan qaaceffamanii dhiyaatanii jiru.

4.3.1.1. Gosoota Rakkoolee Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa Keessatti Mul'atan Afgaaffii 1ffaa, Hojjetoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffii yemmuu waajjiraalee keessan keessatti beeksisoota garaa garaa Afaan Oromootiin barreessitan, rakkooleen gahumsaan qubeessuu irratti isin muudachaa jiran kanneen

akkamiifaadhaa? jedhu hojjettoota waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoon filataman akka gaafataman ta'ee, odeefkennitootnis deebii isaanii yemmuu laatan, dogoggorootni yemmuu waajjira keenyatti beeksisoota garaa garaa barreessinu nu muudachaa turaniifi numuudachaa jiran hedduudha. Isaanis kanneen akka:

Sagaleewwan laafuu qaban laaffisuu dhabuu, jabeeffamuu kan qaban jabeessuu dhabuu, gabaabbachuu kan qaban gabaabsuu dhabuu, dheerachuu kan qaban dheeressuu dhabuu, fayyadama qubguddeessaa, hanqina seera gabaajessuutti dhimma bahuu dhabuu, kanneen irra-butaa hintaane, osoo itti hin yaadiin irra-butaa taasisuu, irra buta irratti jabeessuu. Akkasumas, mallattoo hudhaatti gargaarramuun hafee mallattoolee adda addaatiin bakka buusuun barreessuu, mallattoolee sirna tuqaaleetti seeraan gargaarramuu dadhabuufikkf hundi isaanii barreeffama beeksisaa keessatti yeroo baay'ee numuudachaa kan turaniifi har'as nu muudachaa kanneen jiran keessaa isaan hangafootaati jechuun ibsanii jiru.

Kun immoo, yeroo baay'ee ergaa waajjiri keenya dabarsuu barbaaduufi yaadni beeksisicha irraa dubbistootni hubatan walsimuu dhabuu irraa kanka'een yeroo baay'ee osoo beeksisni nuti baasnee maxxansine gabatee beeksisaa irra jiruu, isa dhiisanii, gara waajjiraatti olseenuun afaaniin yeroo nugaafatantu numuudachaa jira. Haaluma kanaan, qeeqni addaa addaa illee, karaalee keessaafi alaatiin waajjira keenya irratti ka'aa kan tureefi ka'aas kan jiruudha jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Sakatta'iinsi dookumantii mata duree armaan olii keessatti xiinxalamaa tures, yaaduma kana kan mirkaneessu ta'ee argamuun isaa milkaa'umsa hojii qorataa kanaa gara fuula duraatti kan buteedha.

Afgaaffii Iffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf Dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffii yemmuu waajjiraalee keessan keessatti beeksisoota garaa garaa Afaan Oromootiin barreessitan, rakkoleen gahumsaan qubeessuu irratti isin muudachaa jiran kanneen akkamiifaadhaa? jedhu hojjettoota waajjiraalee mit mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee jira.

Yaadni isaan kennanis, nuti yeroo baay'ee hojii piroojektii kanaa kan hojjennu, Afaan Oromootiin osoo hinta'in, Afaan Amaaraatiinifi Afaan Ingiliffaatin waanta'eef, beeksisaa yeroo barreessinu Afaan Amaariffaatiin barreessinee maxxansina turre. Yaata'u malee garuu, daa'imman nuti dhaabbata kana keessatti gargaaraa jirru ijoollee Oromoo waan ta'aniif, yeroo baay'ee beeksisoota nuti baasne hubachuu dadhabuu irraa kanka'e, Afaan Oromootiin akka isaaniif baasnuuf nugaafachaa turan. Nutis fedhiidhuma daa'imman kanaa eeguudhaaf jecha amma reefu yeroo dhiyoo keessa, Afaan Oromootiin beeksisaa baasuu eegalle. Ammuma iyyuu,

beeksisootni keenya irra caalaan kan maxxanfaman Afaan Amaariffaatiini. Sababni isaatis, yemmuu piroojektiin kuni saaqametti, mootummaan Federaalaa akka Afaan Amaariffaatiin hojicha hojjennuufi Afaanuma kanaan immoo, isaaniif gabaasnuuf walii galtee numallatteessisee waan tureefidha. Kun kanuma ta'ee osoo jiruu, amma erga Afaan Oromootiin beeksisa tokko tokko baasuu eegallee asitti rakkooleen gama qulqullinaan barreessuu irratti nu muudachaa jiran hedduudha. Isaanis kanneen akka:

Jechoota dheerachuun barraa'uu qaban gabaabsuun barreessuu, jechoota gabaabbachuu qaban immoo, dheeressuu, dubbifamtoota jabaachuu barbaadan laaffisuu, kanneen laafuu qaban immoo, jabeessuu, rakkoo itti fayyadama qubguddeessaa, itti fayyadama sirna tuqaalee walii galaa akkaataa caasaan Afaanichaa eeyyamuun galchuun barreessuu dadhabuu, osoo hinbeekiin sirna tuqaalee Afaan Amaariffaatti fayyadamuun barreessuu, jechoota Amaariffaafi Ingiliffaa walkeessa makuun barreessuufikkf irra deddeebiidhaan numuudachaa jiru jechuudhaan yaada isaanii qoratichaaf kennanii jiru. Sakatta'iinsi dookumantii taasifames, dhugaadhuma kana kan mirkaneessu ta'ee jira.

4.3.1.2. Madda Qulqullina Dhabuu Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa

Afgaaffii 2ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffiin maddi qubeessuu dhabuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee keessanii maalfaa ta'uu danda'u jettanii yaadduu? jedhu hojjettoota waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoon filamaniif dhiyaatee, yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadiitti tarreessanii jiru. Isaanis dhiibbaawwan kanneen akka: gahumsa ogummichaa dhabuu, dogoggoroota barreeffamaan duraan turan akka waan wantichi sirrii ta'eetti amanuun fudhatanii dhaalaa adeemuu, xiyyeeffannoo gahaa ta'e itti kennuu dhabuu, dhibaa'ummaa ykn ergaan keenya silaa nuuf hubatamaa maal rakkoo qaba jechuun callisanii barreessuu fkn, yemmuu koompiyuutaraan barreessan, iddoo sirni tuqaalee jiran barbaadanii itti galchaa adeemuu nuffuu, Shaakala gahaa taasisuu dhabuu irraa kan ka'een abdi kutachuun of fooyyessaa adeemuun dhabamuu, dhiibbaa kaarikulamii sirna baroota darbanii, leenjii dhimma kanaan walqabatee kennamu dhabuu, sababii Aanaan Warra Jaarsoo Magaalaan Gohaatsiyoon kuni daangaa saba Amaaraa irratti argamtuuf, jiruufi jireenyi hawaasichaa akka malee walkeessa seenuu irraa kan ka'een, dhiibbaan Afaan Amaariffaa jiraachuu, Akkasumas haaluma walfakkaatuun, sababii jechootni baay'een Afaan Oromootiin waalta'anii ifatti nuuf hin baaneen walqabatee, baay'inni ergifannaa jechoota Afaan Ingiliffaa irra deddeebiidhaan yeroo hundumaa isaan rakkisaa akka jiru odeeffkennitootni kunneen bal'inaan kaasanii ibsanii jiru. Qabatni rakkoo kanaa hammaataa

ta'uu isaas xiinxalli sakatta'iinsa dookumantii keessatti taasifame ragaa cimaadha. Fkn. Beeksisoota waajjiraalee mootummaa keessatti yemmuu xiinxalaman mul'achaa kan turan jechootni ergisaa Afaan Ingiliffaa kanneen akka: "...pablik sarvisii, orjiinaalii, fotokoppii, taransikrbittii..."(jechootni waraabbii kana keessatti fudhataman kunneen, waraqaa beeksisaa waajjirri eegumsa fayyaa Aanaa W/Jaarsoo gaafa guyyaa 12/10/2010 baasee maxxanse keessaa bifa waraabbitiin kan fudhatameedha). Haaluma kanaanis waraqaa beeksisoota biroo hedduu keessatti jechootni ergisaa Afaan Ingiliffaa ta'anii gala jiran kanneen akka, libaraarii saayinsii, teekinkaa level IV, III, plant, science, marketing, Bus.Mg't, sup, sad Ifi2ffaa, PGD Leadership,, EDPM, teeknishaala laabiraatorii, GPA, BID,TTI, School Girantii, fi kkf kunneen waraqaa beeksisoota waajjiraalee mootummaa keessatti irruma deddeebi'uun kan argaman ta'uun isaa ragaa odeef kennitoota kana irraa argame kana qoratichaaf mirkaneessuu danda'ee jira. Ragaa dabalataaf immoo, waraqaawwan beeksisootaa kanneen waajjiraalee mootummaa irraa funaannamanii qaaceffaman dabalee beeksisoota waajjiraalee mootummaa jedhu jalatti ilaaluun nidanda'ama.

Kana malees, akkuma boqonnaa 2ffaa keessatti maddi dogoggora qubeessuu sababoota garaa garaa ofduubaa qabaachuu danda'a jedhamee turetti odeeffattootni kunis, maddi rakkoo qullqullinaan qubeessuu dhabuu isaanii inni biraan waa'eedhuma ogummaa kanaatiif xiyyeeffannoo kennuu dhabuudha jedhu. Odeeffattootni yemmuu dubbatan, Keessattuu warreen ogummaa biraatiin leenjifamanii ba'an hanguma itti dhufe qubeessanii waan barreessan sanaa ergaa isaanii dabarfachuuf yaalu malee, wanti qubeessine kun sirriidha moo sirrii miti jennee ilaaluun hinjiru jedhu.

Faallaa yaada kanaan barreessuun garuu, hojjiitti xiyyeeffatanii, beekaniifi ijaan gadi fageenyan ilaalaa hojjetamuu qabu ta'uun isaa ibsamee jira. (Crystal, 1987). Wanta barreessanitti xiyyeeffannoo kennuu dhaabuun kun immoo, kan inni maddu, maal nadhibdeen walqabachuun haala sirriinis, dogoggoraanis yoo qubeeffame, afaan dhalootaa keenya waan ta'eef, ergaa isaa hubachuu hindadhabnu yaada jedhu irraa kan maddeedha. Kunis kan agarsiisu, dogoggoraan kan qubeeffame sana ofumaa dubbisuun kana jechuu barbaadeti jedhanii ergaa isaa fudhachuu amaleeffatanii akka jiran mul'isa. Haalli kuni immoo, deemee deemee waan Afaan Oromootiin barreeffamee jiru tokko irraa ergaa barbaaddame tokko dubbisanii hubachuu dadhabuu fiduu danda'a. Ammuma iyyuu immoo, innumti kuni bifa garaa garaatiin mul'achaa akka jiru odeefkennitootni kuni dhugaa ba'u.

Gama birootiin, Maddi rakkoo qullqullinaan qubeessuu dhabuu isaanii inni biroon immoo, ariifannan barreessuudha. Akka odeeffattoonni kunneen jedhanitti, sababii yeroo yaadame

tokko keessatti wanta akka barreeffamuuf barbaaddame sana barreessanii baasuun dirqama itti ta'eetti yaaduun, ariitiin waan barreessaniif hanqinoota qubeessuu hedduuf akka saaxilaman ibsu. Dabalataanis, gahumsa ykn hubannoo seerlugaatiin walqabatee hanqinootni hedduun ni mulatu. Sababni isaatis, hojjetootni waajjiraalee kanneen gariin yaalii dhuunfaa isaanitiin Afaan Oromoo qubeessuu waan baraniif seerota qubeessuutti gargaarramanii qubeessuuf akka rakkachaa jirantu ibsame. Ka'umsi dubbii amma tuqame kanaatis, irra caalaan hojjetoota kanaa warra barnoota durii baratani tajaajilaanifi ulaagaalee dhimmoota hojii siyaasaafi kkf'niin walqabatuun hojii iddoo biroo irraa gara hojii waajjiraatti warra dhufantu baay'ata waan ta'eefidha.

Karaa birootiin immoo, hojjetoota mootummaa kanneen keessaa kaan isaanii, nuti sirna duraanii, osoo barnootni Afaan Oromoofi seerri barreeffama isaa hin jiraatiin sana waan baranneef, haalli barnoota yeroo sanaa haala ogummaa qubeessuu keenya yeroo har'aa kana irratti dhiibbaa cimaa bulchee jira. Hanga kana iyyuu kan shaakallu, yeroo mootummaan sirna darbee kun kufutti leenjii gabaabaa ta'e tokko nuuf kennanii waan turaniifi jedhan. Haalli kuni kan ta'eefis, isaan dura afaan barnootaa biyya kanaa Afaan Amaaraa waan tureef, yeroodhaaf hojicha jalqabuuf akka ka'umsaatti akka isaan tajaajiluuf yaadamee kan ture malee, leenjiin bara sanaa isheen muraasni kuni dandeettii qubeessuu kana isaan gonfachiisuu akka hindandeenyeefi erga sanaa immoo, leenjiidhuma waa'ee hojiitiifi akkaataa siyaasa biyyichaa ittiin hojjenu malee leenjiin dhimma qulqullina barreeffamaatiin walqabatu nuuf kennamuun isaa hafee, yaadameeyyuu kanhin beekkamneedha jedhan.

Sababootuma armaan olitti ibsamaa turan kanaan, hanqinni barreeffamoota Afaan Oromoo qulqullinaan qubeessuun barreessuu kuni hanga har'aatti akka isaan hordofaa jiru qoratichaaf addeessan. Namootumti sirna barnoota ammaa keessatti Afaan Oromootiin baratan illee, jara kaan irra fooyya'iinsa xiqqoo ta'e tokko qabaatanis, qulqullinaan qubeessuu irratti hanqinoota hedduu akka qaban ibsanii jiru. Yemmuu sababa isaa gaafatamanii deebisanis, ogummaan kuni gadi fageenyaan shaakalamuun kan irra ture, barnoota sadarkaa gadi aanaatti ture. Yaata'u malee garuu, barsiisotni barnoota Afaan Oromoo sadarkaa gadi aanaatti barsiisaa turaniifi barsiisaas jiran warreen ofii isaaniif iyyuu qormaata biyyoolessaa kutaa 10ffaa darbuu dadhabanii, kufanii koolleejjii garaa garaa deemudhaan dhuunfadhaanis ta'ee, mootummaadhaan baratani bahanii warra qacaramanii barsiisan akka ta'aniifi ofuma isaaniif iyyuu gahumsa qulqullinaan qubeessuu kan hinqabne ta'uu isaanii ibsuun, ka'umsi rakkoo qubeessuu iyyuu barsiisota sadarkaa gadii irratti barsiisaa jiran irraa kan eegale jedhan.

Sababni isaatis, barnootni sadarkaa 2ffaa irraa eegalee jiru irra caalaan isaa Afaan Ingiliffaatiin waankennamuuf xiyyeeffannoon barattootaa Afaan irraa ka'ee gara gosa barnoota birootti jijjiiramaa bula. Gara sadarkaa qophaa'inaafi Yuunivarsiitiis yoo deemame, garuma gosa barnootaa itti ramadaman sanaatti malee xiyyeeffannoo kennuun baay'ee hinmul'atu jechuun ibsanii jiru. Hojii qubeessuu irratti immoo, sirnaan qubeessuu amaleeffachuun baay'ee barbaachisaa akka ta'e, (Leggett et al,1978). Ni addeessa. Kanuma waliin walqabatee, seeraan isa barreefamee jiru xiyyeeffannoodhaan dubbisuu dhabuunis akka argamu ibsanii jiru. Inni kuni immoo, isa dogoggoraan barreessaa jiran sana illee, sirreeffachaa akka isaan hindeemneef kan isaan saaxiluu danda'uudha. Haalli kuni immoo, rakkoo qubeessuu kana keessaa dafanii akka isaan hinbaaneef illee karra itti cufuun qabee kan isaan turse ta'uu bal'inaan addeessanii jiru.

Gama biraatiin immoo, beekkumsa Afaan biroo keessatti qaban (dhiibbaa afaan birootiin walqabatu) Afaan Oromoo keessatti fiduun itti fayyadamaa akka jiran ibsan. Yaada kanas yemmuu ibsan, sababii magaalaa Gohaatsiyoon kuni daangaa Warra Amaaraarra jirtuuf jecha sabni kuni lamaan aadadhaanis ta'ee, fayyadama afaanitiin wal keessa makamarii jiraachuu isaanii ibsu. Qabatuma kanaan kan ka'es, duruma irraa eegalee magaalaa kana keessatti makaan itti fayyadama afaan Amaariffaafi kan Afaan Oromoo bal'inaan waan argamuuf, gara barreeffamaattis yemmuu dhufnu nudanqaa kanjiruudha jechuudhaan odeeffannootni kuni addeessanii jiru. Sakatta'iinsi dookumantiitis odeeffannoo odeeffannootni kuni kennan kanaaf bareechee dhugaa ba'ee jira.

Kanaaf, waraqaalee beeksisootaa kanneen waajjiraalee garaa garaa irraa funaannamanii dhuma waraqa qorannoo kanaatiin dabalee jala kaawwamanii argaman ilaaluun gaariidha. Walumaa galatti, wanti askeessatti hubatamuu qabu, rakkooleen armaan olitti odeeffannootni kuni tarreessan kunneen dandeettii qulqullinaan jechoota Afaan Oromoo qubeessuun barreessuu isaanii miidhaa kan tureefi miidhaas kan jiru ta'uu isaati. Dabalee jalattis ilaaluun ni danda'ama.

Afgaaffii 2ffaa, Hojjetoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Haaluma walfakkaatuun, gaaffiidhumti armaan olii, Maddi qubeessuu dhabuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee keessanii maalfaa ta'uu danda'u jettanii yaadduu? jedhu, hojjetoota waajjiraalee mit-mootummaa iddattoon filatamaniif dhiyaatee yaada isaanii yemmuu ibsan, deebiin isaanii, guutumaan guutuutti dhaabbaticha qarshiidhaan gargaaraa kan jiran Faranjoota waan ta'aniif, gucni xaalayaas ta'ee, gucni gabaasaa biyya alaa irraa nuuf dhufu hundinuu kan Afaan Ingiliffaatiin barraa'e waan ta'eef, deebiin nurraa eeggamus afaan Ingiliffaatiin barreessuun deebisuudha. Kana ta'uun isaa immoo, shaakala nuti barreeffama

Afaan Oromoo irratti duraan qabnu illee gadi nujalaa buusaafi nudagachiisaa buleera jedhanii jiru. Dabalataanis mootummaan Federaalaa yemmuu eeyyama mana hojjichaa nuuf kennu, akka Afaan Amaariffaatiin hojjennuufi Afaanichumaan gabaasnuuf walii galtee nu mallatteessisee waantureef, waggoottan hedduu darban irraa eegallee naannoo Oromiyaa keessatti, maatii Oromoofi daa'imman Oromoo kana tajaajilaa kan jirru Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaatiin waan ta'eef, amma yemmuu Afaan Oromootiin barreessinu jechootni Afaan Oromootis ta'ee, sirni tuqaalee Afaan Oromoo nu jalaa dagatamaa waan dhufaniif baay'ee rakkachaa jirra jedhanii yaada isaanii qoratichaaf ibsanii jiru.

Qoratichis, yaada isaanii kanaafi xiinxala sakatta'a dookumantii keessatti taasisaa ture walbira qabuudhaan ilaalee mirkaneeffatee jira. Sababni isaatis, beeksisoota dhaabbata mit-mootummaa kana keessatti deddeebi'ee mul'achaa kan ture jechoota Afaan Ingiliffaatiifi jechoota Afaan Amaariffaa waan ta'eefi. Beeksisoota isaanii keessaa fkn fudhannee yoo ilaalle, "...*proojktii, dirrijjiiiti, Gutuu Chalchiisa (maqaa namaa), ̄ (mallattoo sirna tuqaalee Afaan Amaariffaa) fikkf...*" mul'atanii jiru. Odeeffannoo dabalataatiif immoo, dabalee beeksisoota waajjiraalee mit-mootummaa jedhu jalatti ilaaluun irruma caalaatti ragaa kana ni mirkaneessa.

Dabalataanis akka odeeffkennitootni kuni jedhanitti, hojjetootni dhaabbata mit-mootummaa kanaa yemmuu qacaraman ulaagaa dandeettii Afaan Oromootiin osoo hintaanen kan Afaan Ingiliffaafi kan Amaariffaatiin ta'uun isaa qulqullina dandeettii Afaan Oromoo qofa osoo hintaane, Afaan Oromoo dubbatanii daa'immaniifi maatii daa'imman kanaa tajaajiluun iyyuu rakkoo cimaa keessa galee jira jedhu. Kunis kan ta'uu danda'eef, namootni guutumaan guutuutti Afaan Oromoo barreessuu, dubbisuu, dhaga'uufi dubbachuu hin dandeenye isaan biratti qacaramanii hojjechaa jiraachuu isaanii eerudhaani. Odeeffkennitootni kuni, qabata rakkoo kanaa yemmuu kaasan, mootummaan naannoo Oromiyaa illee, maaliif naannoo Oromiyaa keessatti Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaatiin hojjetama jedhee hordofee dhiibbaa uumuu hin dandeenye jedhanii jiru.

Walumaa galatti yaada armaan olitti kaafaman kanneen irraa hubachuun kan danda'amu, iddoon hojjichaa naannoo Oromiyaafi kan tajaajilan immoo, daa'imman Oromoo ta'ee osoo jiruu, eeyyamniifi walii galteen mana hojjichaa akka Afaan Amaariffaatiin tajaajilaniif murtoon mootummaa Federaalatiin kennamee jiru mataan isaa barreeffama Afaan Oromoo qofa osoo hin taane tajaajila dhaabbatichi sabichaaf kenna jiru illee, kan qeeqsisuu danda'u ta'uu isaatiifi rakkoon qabata kanaan harkifamee gara hojjetoota Afaan Oromoo danda'an kanaatti dhufe immoo, akka isaan ogummaa barreeffama Afaan Oromoo duraan qaban illee dagachaa dhufan kan isaan taasise ta'uu isaati.

4.3.1.3. Dhiibbaawwan Qulqullinaan Qubeessuu Dhabuun Guddina Afaan Oromoo Irratti Fidu Danda'u

Afgaaffii 3ffaa, Hojjetoota Waajjiraalee Mootummaatiif dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffiin barreeffama beeksisootaa qulqullinaan qubeessuu dhabuun guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaawwan akkamii fiduu danda'u laataa? jedhu hojjetootni mootummaa kanneen iddattoon filaman akka gaafataman ta'ee, deebii isaaniis, akka itti fufee jiru kanaan laatanii jiru, guddinni Afaan Oromoofi ogbarruun Afaan Oromoo jira kan jedhamu, yoo barreeffamni Afaan Oromoo caasaafi seerluga dhaabbataa hawaasicha hunda walii galchisiisuu danda'u qabaate qofaadha. Yoo kana ta'uu baate garuu, waa'een guddina Afaan Oromoodhaa hin yaaddamuu qofa osoo hin taane hinabjootamu. Kanaafis, akkaataa danda'amaa ta'een, hawaasniifi mootummaan walta'uun, rakkoo qulqullina dhabuu barreeffamoota Afaan Oromoo kana ariitiin hin fooyyessu taanaan yeroo dhihoodha jedhamu keessatti afaanichi rakkooled hedduu keessa galuuf shakkamaa ta'ee jiraata. Rakkooled kunis kanneen akka: ergaan barreeffame hubatamuu dhabuu, jal'achuu, guutummaan guutuutti ergaa dabarfachuu dadhabuu, dogoggora barreeffamaa irraan kan ka'e safuufi aadaa hawaasichaatti bu'uun dubbistoota ofii ykn hawaasicha dallansiisuu (Fkn. Sakatta'a beeksisootaa keessaa waraabbiin fudhannee yoo ilaalle "...*dhuufuu dhiisan koreetti dhiyaachuun kan ariyamtan ta'a*", Kana malees, dogoggorootni kuni dafanii fooyya'uu baannan akkuma waan sirrii ta'aniitti fudhatamuun, dhaalamanii gara dhaloota dhufuutti illee cee'aa adeemuu danda'u jedhu.

Ittuma fufuun yemmuu ibsanis, gochaan kuni dubbistoota barreeffamichaaf odeeffannoo dogoggoraa kennuu bira darbee, dubbistoota kan burjaajessuudha jedhu. Kana qofas osoo hintaane, afaanichas ta'ee, caasaafi seerluga afaanichaa burjaajessuudhaan afaanichas ta'ee, abbaa afaanichaa ni tuffachiisa ykn ni qeeqsisaa. Sababuma kanaan immoo, akka namootni hedduun Afaan Oromoofi barreeffamoota isaa irraa amantii dhaban taasisaa adeemudhaan, dhuma irratti guddina Afaan Oromoo quucarsee karaatti hanbisuu ni danda'a jechuudhaan odeeffannootni kuni yaada isaanii calaqqisiisanii jiru. Sakatta'iinsi dookumantiin taasifames yaaduma kana akka dhugoomsu mata duree xiinxala dookumantootaa jedhu jalatti bal'inaan ibsamee jira. Odeeffannoo dabalataatiif immoo, dabalee qorannoo kanaa jala dhaquudhaan, mata duree beeksisoota waajjiraalee mootummaa irraa funaannaman jedhu jalatti ilaaluun mirkaneeffachuun ni danda'ama.

Afgaaffii 3ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaatiif dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffiin barreeffama beeksisootaa qulqullinaan qubeessuu dhabuun guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaawwan akkamii fiduu dandaa`u laataa? jedhu hojjettoota waajjiraalee mit-mootummaaf dhiyaachuun, isaanis yaada gama kanaan qaban yemmuu ibsan, haalli yeroo ammaa kallattii qulqullina dhabuu barreeffamoota Afaan Oromootiin walqabatee jiru diina daangaa guddina afaanichaa ta'uu isaa eeranii, haalli kunifooyya'aa hin adeemu taanan garuu abdi guddina boruu afaanichaatiif baay'ee yaaddessaadha jedhanii addeessan. Ittuma fufuun yemmuu ibsanis, raawwiin akkasii kun seenaa Afaanota Addunyaa kanaa hedduu keessatti aarsaa hedduu baasisaa tureera jedhan. Waa'ee kan Afaan Oromootiis dafee fooyya'aafi sarara qabachaa hin adeemu taanaan guddina Ogbarruu Afaanichaa quucarsa. Guddinni ogbarruu afaanichaa quucare jechuun immoo, quucaruu sabichaatiin gargaritti ba'ee hin ilaallamu jedhu. Sababa isaatiis yemmuu eeran, sabni tokkoofi afaan isaa gargar ba'ee ilaallamuu hindanda'u yaaxxina jedhuun deeggaruun yaada isaanii addeessanii jiru.

Qoratichis, qaaccessa sakatta'a dookumantii keessatti taasisee tureefi odeeffannoo karaa afgaaffiin argate kana walbira qabuudhaan gaaffilee bu'uraa isaatiif deebii argachuun, cuunfaafi yaada furmaataa barbaachisaa ta'e kennuuf jira.

4.3.1.4. Yaaliifi Tattaaffii Hanqina Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa Irratti Taasifame

Afgaaffii 4ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffiin hanqinoota Afaan Oromootiin beeksisoota garaa garaa barreessuu keessatti isin muudatan furuuf, yaaliin isin akka dhuunfaattis ta'ee, akka waajjirichaatti taasistan jiraa ? yoo jiraate maalfaadhaa? Jedhu hojjettoota waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoon filamaniif wayita dhiyaatuuf deebiin isaanii, nuti akkaataa hanga ammaatti ittiin hojjechaa turre keessatti, yeruma barreessuu barbaadnetti hanga beeknun barreessuu malee barreeffamni kiyya kuni rakkoo qaba, rakkoon barreeffama kanaa immoo, dubbistoota irrattis, guddina afaanichaa irrattis dhiibbaa fiduu danda'a jennee yaadnees, yaadannees hinbeeknu. Gama waajjirichaatinis taanaan, waa'eedhuma hojii hojjetamee xumuramuu qabuu irratti malee, waa'een qulqullina barreeffamaa nuuf kaafamee hin beeku. Dhugaa dubbachuudhaaf, waa'ee kanaa haasa'uudhaaf iyyuu yeroo fudhannee hinbeeknus jedhu. Cuunfaan xiinxala afgaaffii armaan olii kunis kan nu hubachiisuu danda'uufi dhugaan gama kanaan jiru, hojjetootni waajjiraalee mootummaa kunneen hanqina qulqullina barreeffamoota isaanii fooyyeffachuuf yaaliin isaan taasissaa turaniifi taasisaas jiran kan sadarkaa keessa seenuu hindandeenye ta'uu isaati. Hanqinootni

sakatta`a dookimantii beeksisoota waajjiraalee mootummaa irraa argamanis yaaduma kana nuuf mirkaneessu.

Afgaaffii 4ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffiin dandeettii qubeessuu keessanii fooyyeffachuuf yaaliniifi tattaaffiin hojjettoota waajjiraaleetiin taasifamaa jiru maal fakkaataa? jedhu gaafatamuun, nuti yeroo baay'ee kan hojjechaa jirru Afaan Oromootiin caalaa Afaan Ingiliffaatifi Afaan Amaariffaatiin waan ta'eef, waa'ee qulqullina barreeffama keenyatiif baay'ee dhiphannee hin beeknu, beeksisas ta'ee, barreeffamoota biros yemmuu barreessinu hanguma beeknufi akkuma nutti fakkaatetti barreessaa jirra. Kanaaf, bifa kanaan walqabsiisnee, dhimma qulqullinaan qubeessuu irratti yaaliin nuti gochaa turres ta'ee gochaa jirru hin jiru jechuun ibsanii jiru. Gama yaalii akka waajjira keenyaatti jirus yoo ta'e immoo, akka nuti ittiin barreessinuuf kan nu shaakalchiisan yoo jiraate, akkaataa barreeffama Afaan Ingiliffaatifi kan Afaan Amaariffaati malee, hanga har'aatti akka nuti Afaan Oromootiin xaalayaa tokko illee isaaniif barreessinuuf nuuf hin eeyyaman jechuun odeeffannootni kuni yaada isaanii ibsatanii jiru.

Cuunfaa odeeffannoo armaan olii kana irraayis hubatamuu kan qabu, yaaliin gama kanaan of ijaaraa ykn dandeettii kanaan ofcimsaa adeemuuf taasifamaa jiru guutumaan guutuutti kan hinturreefi kan hinjirre ta'uu isaati. Sakattaani dookumantii waraqaa beeksisaa waajjiraalee isaanii irraa mul'atus yaada isaan kennan kana bareechee kan mirkaneessu waan ta'eef, dabalee beeksisoota waajjiraalee mit-mootummaa irraa funaannaman jedhu jalatti ilaaluun irruma caalaatti yaadicha nuuf ifoomsa.

4.3.1.5. Hanqina Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa Ilaalchisee Kallattii Gara Fuula Duraa

Afgaaffii 5ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Gaaffiin Gahumsaan qubeessuu dhabuun barreeffama beeksisootaa keessatti mul'achaa jiru, haala kamiin fooyya'aa adeemuu danda'aa? jedhu hojjettoota mootummaa kanneen iddattoon filataman gaafatamee deebii akkas jedhu laatani jiru. Isaaniis kanneen akka: hojjettoota waajjiraaleetiif leenjii afaanii bal'inaan kennuu, hojjettootni immoo, wanta barreessan irratti xiyyeeffannoo cimaa akka itti kennaa barreessaniif gorsuu, too'achuu, deeggaruu, tarkaanfii barsiisuu danda'u fudhachuu, hanga tokko rakkoolee mul'atan furuuf walii waliisaanii akka tumsan ibsaniiru. Ta`ullee, kana gochuun furmaata gahaa miti rakkoolee kana hundee isaarraa furuu kan danda`u hojjettoota kanneeniif bakki hanqina isaanii qoratamee addaan baafamee barnootaafi leenjii gahaan kennamuu yoo danda`eedha yaada jedhu odeeffannootni fala kaa`anii jiru.

Dogoggoroota barreeffamanii unka ta'uun kaawwamanii koompiyuutarootaafikkf keessa jiran fooyyessuun haareessuu, qaama abbummaadhaan dhimmoota kanaafi kanneen akkana fafakkaatan walitti fufiinsaan too'achuun tarkaanfii fooyya'iinsaa fudhatu itti ramaduu, guddina hojjetootaafi faayidaalee hojjetootaa ittiin murteessuuf ulaagaa karaa darbiinsaa gochuun itti fayyadamuu, dhiibbaa Afaanota birootiin walqabatee jiru irratti immoo, jechootni waajjiraalee keessatti irra deddeebi'uun gargaaran gama mootummaa naannootiin xiyyeeffannoo addaa argachuun waalteffamanii gara goodinaalee, aanoleefi gara gandootaatti osoo gadi bu'ee jechoota Afaan Oromooti fayyadamuuf haalli mijatee gaariidha jedhanii ibsanii jiru.

Ittuma dabaluunis yemmuu ibsan, barsiisotni kutaa gadi aanaatti dhaloota haaraa barsiisaa jiran kanneen bilchina ogummaa barreessuu kan qaban ta'uu qabu. Ciccimoo ta'anis immoo, callisanii saayinsii jiru barsiisuu osoo hintaane, walitti fufiinsaan dandeettii barreessuu kana barattoota shaakalchiisuu qabu. Yoo kuni ta'uu baate garuu, dhalootni duubaan dhufus rakkoodhuma nuti keessatti kufnee jirru keessatti dhufanii kufu jechuudha jedhan. Kuni immoo, boruu ogbarruu afaanichaatiif balaa cimaa waan ta'eef, dhimma xiyyeeffannoo akka lubbuu ofii kunuunsuutti irratti hojjetamuu qabuudha jechuun odeefkennitootni kuni yaada isaanii ibsanii jiru.

Afgaaffii 5ffaa, Hojjetoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame

Gahumsaan qubeessuu dhabuun barreeffama beeksisootaa keessatti mul'achaa jiran, haala kamiin fooyya'aa adeemuu danda'uu? jedhu gaafatamuun yaada isaanii yemmuu ibsan akkas jedhu, dandeettii qulqullinaan qubeessuu keessatti inni ijoon dursa argachuu qabu tattaaffiifi ifaajjii nama dhuunfaa waan ta'eef namni kam iyyuu osoo tattaafatee shaakala walitti fufaa taasisee hunduma caalaatti gaarii ta'a jedhu. Ittuma fufuun, beekumsa afaanota biroo keessatti qaban, kan Afaan Oromoo ittin barreessuuf mijatoo hin taane irraa immoo of qusachuun gaarii ta'ee, yeroo hunda of fooyyessuuf hojjechuu, waan kanaaf gargaaru dubbisuu, qubeessaa cimaafi dorgomaa ta'uuf tattaafachuun ogummaa qubeessuu kana irratti dandeettii cimaa akka horatan nama taasisuu danda'a.

Itti fufuun immoo, hojjetaan kam iyyuu waajjiraalee Oromiyaa kam keessatti yemmuu qacaramu, ulaagaan inni jalqabaa ogummaa ittiin eebbifame ta'ee itti aanee gaafatamuu kanqabu dandeettiwwan afaan Oromoo afran ta'uu qaba jedhu. Itti aansuun immoo, yooma kana biras darbuudhaan hanqinootni mul'atan jiraatan harrumti waliin hojjetan wal shaakalchiisaa adeemuun gaariidha. Mootummaan naannichaa immoo, dhimmoota qubeessuu kana irratti xiyyeeffannoon hojjechuun tarkaanfii fooyya'iinsaafi barsiisuu danda'u fudhachaa hin adeemu taanaan afaanichi guddachuun isaa hafee, sadarkaa kufaatii hamaarra gahuu danda'a

jedhu. Gama biraatiin immoo, mootummaan naannoo Oromiyaa waajjiraaleen mit-mootummaa ta'an maaliif akka Afaan Oromoo caalaatti Afaanota birootiin hojjechuu barbaadan qorachuun, akka isaan Afaan Oromootiin hojjetanii uummata Oromoo tajaajilaniif hojjechuu qaba jechuun odeeffkennitootni kunneen addeessanii jiru.

4.3.2. Cuunfaa Boqonnichaa

Walumaagalatti, qoratichi beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa irraa walitti: qabatee ture boqonnaa kana keessatti, gosa gosa rakkoolee isaanii jalatti addaan qoodudhaan, hanqinoota jiran hunda yaaxxinoota jiraniin deeggaruudhaan rakkoolee gama unkaafi qabiyyee beeksisoota waajjiraalee mootummaatiifi mit-mootummaatiin mul'atan qaaccessessee jira. Qaaccessa xiinxala dookumantii kanaanis rakkooleen bira gahaman kanneen akka: Rakkoolee qubeessuun walqabataniin jiran kanneen akka hanqina fayyadama qubguddeessaa, dubbachiistota yoomessa isaanitiin alatti dheeressuufi gabaabsuu, dubbifamtoota yoomessa isaaniiif eeyyamamuun alatti jabeessuufi laaffisuu, rakkoo gabaajessuun walqabatan, rakkoo irrabuta yoomessaan alaatiin walqabataniin mul'atan, fayyadama caasaa Afaanichaa wallaaluu, dhamjechoota hirkatoo ta'an akka ofdanda'ootti fayyadamuu, hanqina itti fayyadama sirna tuqaaleen walqabatan kanneen akka, tuqaa, qoodduu, hudhaafikkf, gama beeksisoota waajiraalee mootummaanis ta'e, gama beeksisoota mitmootummaan mul'atanii jiru.

Haaluma walfakkaatun, odeeffannoowwan gama afgaaffitiin iddattoota qorannichaa irraa argamanis kan ibsan, gosootni rakkoolee barreeffama beeksisootaa keessatti mul'achaa jiran kanneen akka: sagaleewwan laafuu qaban laaffisuu dhabuu, jabeeffamuu kan qaban jabeessuu dhabuu, gabaabbachuu kan qaban gabaabsuu dhabuu, dheerachuu kan qaban dheeressuu dhabuu, fayyadama qubguddeessaa, hanqina seera gabaajessuutti dhimma bahuu dhabuu, kanneen irrabuta hintaane, osoo itti hin yaadiin irra-butaa taasisuu, irra buta irratti jabeessuu.

Akkasumas, mallattoo hudhaatti gargaarramuun hafee mallattoolee adda addaatiin bakka buusuun barreessuu, mallattoolee sirna tuqaaleetti seeraan gargaarramuu dadhabuufikkf hundi isaanii barreeffama beeksisaa keessatti yeroo baay'ee isaan muudachaa kan turaniifi har'as muudachaa kanneen jiran keessaa isaan hangafoota ta'uu ibsuudhaan, rakkoon kun immoo, yeroo baay'ee ergaa waajjirri isaanii dabarsuu barbaadeefi yaadni beeksisicha irraa dubbistootni hubatan walsimuu dhabuu irraa kanka'een, osoo beeksisni isaan maxxansan gabatee beeksisaa irra jiruu, isa dhiisanii, gara waajjiraatti olseenuun akka nama dubbifachuu hin dandeenyeetti ergaa beeksisichaa isaan gaafachaa akka turaniifi gaafachaas akka jiran ibsanii jiru. Dabalataanis, madda hanqinoota qubeessuu dhabuu isaanii ilaalchisuun kan isaan ibsan

rakkoollee kanneen akka: gahumsa ogummichaa dhabuu, dogoggoroota barreeffamaan duraan turan akka waan wantichi sirrii ta'eetti amanuun fudhatanii dhaalaa adeemuu, xiyyeeffannoo gahaa ta'e itti kennuu dhabuu, shaakala gahaa ta'e taasisuu dhabuu, dhibaa'ummaa ykn ergaan keenya silaa nuuf hubatamaa maal rakkoo qaba jechuun callisanii barreessuu fkn, yemmuu koompiyuutaraan barreessan, iddoo sirni tuqaalee jiru barbaadanii itti galchaa adeemuu nuffuu, dhiibbaa kaarikulamii sirna baroota darbanii, leenjii dhimma kanaan walqabatee kennamu dhabuu, sababii Aanaan Warra Jaarsoo Magaalaan Gohaatsiyoon kuni daangaa Warra Amaaraa irratti argamtuuf, jiruufi jireenyi hawaasichaa akka malee walkeessa seenuu irraan kan ka'een, dhiibbaan Afaan Amaariffaa jiraachuufi kkf ibsanii jiru.

Dabalataanis, waa'ee kallattii gara fuula duraa ilaalchisee, mootummaan xiyyeeffannoo cimaa itti kennuun dhimma qulqullina qubeessuu Afaan Oromoo dhimma faayidaa argachuufi dhabuu hojjettoota waajjiraaleetiin walitti hidhuun too'achaafi tarkaanfii fudhachaa adeemuu akka qabus eeranii jiru. Ittuma ida'uudhanis, hojjettootni kuni yemmuu yaada isaanii kennan, rakkoo qubeessuu kana fooyyessaa adeemuuf akka dhuunfaattis ta'ee, akka waajjiraatti yaaliin ykn tattaaffiin tokko illee, taasifamaa kan hin jirre ta'uu isaati. Dhuma irrattis, hanqinootni qulqullina dhabuu barreeffamoota beeksisoota Afaan Oromoo kuni haaluma kanaan itti fufnaan dhiibbaawwan hedduu hordofsiisuu danda'a. Isaaniis: ergaan barreeffame hubatamuu dhabuu, jal'achuu, guutummaan guutuutti ergaa dabarfachuu dadhabuu, dogoggora barreeffamaa irraan kan ka'e safuufi aadaa hawaasichaatti bu'uun dubbistoota ofii ykn hawaasicha dallansiisuu (Fkn.Sakatta'a beeksisootaa keessaa waraabbiin fudhannee yoo ilaalle"...*dhuufuu dhiisnan koreetti dhiyaachuun kan ariyamtan ta'a*"', Kana malees, dogoggora walirraa dhaalaa adeemuuf karra banuu, odeeffannoo dogoggoraa kennuu bira darbee, dubbistoota kan burjaajessu ta'uu, caasaafi seerluga afaanichaa burjaajessuudhaan afaanichas ta'ee, abbaa afaanichaa tuffachiisuu ykn qeeqsisuu. Sababuma kanaan immoo, akka namootni hedduun Afaan Oromoofi barreeffamoota isaa irraa amantii dhabanii baqatan taasisaa adeemuu,dhuma irratti immoo, guddina Afaan Oromoo quucarsee karaatti hanbisuu kandanda'u ta'uu isaatu dhiyaate.

Walumaa galatti, xiinxalli sakatta'a dookumantii keessatti taasifameefi ragaaleen iddattoota irraa karaa afgaaffii kanaatiin argaman kunneen kan waldeeggaran ta'uun isaanii qoratichaaf human cimaa ta'ee jira. Kunis, kan agarsiisu sakattaani dookumantiin taasifameefi ragaan gama afgaaffitiin argame walsimachuu isaati. Ragaa dabalataan barbaaddamuuf immoo, dabalee qorannoo kanaa jalatti dookumantoota funaannaman ilaaluun hubannoodhuma yaadolee armaan olii kana kan cimsu ta'a.

Boqonnaa Shan

5. Guduunfaafi Yaada Furmaataa

5.1. Guduunfaa

Cuunfaadhumatti qorannoon kun qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon irratti xiyyeeffachuun kan geggeeffame, yemmuu ta'u, mata duree kana irratti qorannoo kana geggeessuuf qoraticha kan kakaase, beeksisoota Afaan Oromootiin barreeffamanii magaalicha keessatti iddoo garaa garaatti maxxanfamanii argamaa turan keessatti hanqinoota seera barreeffama Afaanichaatti bubu'aniifi jechoota arrabsoo ta'anii maxxanfamuudhaan hawaasicha dallansaa turan hedduu ilaalee taajjabaa turuu isaati.

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaatis, haala dogoggoraafi sirrummaa barreeffama beeksisootaa kanneen waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon qaaccessuu ykn xiinxaluun, xiinxala taasifamu kana keessattis, hanqinoota addaa addaa gama ogummaa qubeessuu hojjetoota waajjiraalee kanaatiin mul'ataniif furmaata barbaachisoo ta'an kaa'ufiidha. Xiinxala qorannichaaf bu'ura waan ta'uuf, yaada hayyootni adda addaa seera barreeffama Afaan Oromoo ilaalchisuun barreesaniifi seerota haalaafi yoomessa fayyadama afaaniin walqabatee jirus boqonnaa lammaffaa keessatti walqabsiisuun dhiyeessuun qoratichaa hojii qorannoo isaa kanaaf utubaa ykn dhaaba manaa ta'uun isa gargaaree jira. Kana malees, malli qorataan kuni qorannoo isaa kana ittiin geggeesse immoo, mala makaati.

Sababiin qoratichi mala makaa kanatti fayyadameefis, odeeffannuma karaa sakatta'a barruutiin argame dhibbentaatti jijjiiruun hanqina gosakamiitu barreeffama beeksisootaa qaaceffamanii kanneen keessatti irra caalmaan ykn xiqqeenyaan akka mul'ateefi waajjira kamtu immoo, irruma deddeebidhaan dogoggoroota sana raawwate laata? hubannoo jedhu bira gahuuf gara dhibbentaatti jijjiiruun akkaataa hubatamuu danda'uun argannoo qorannichaa cimsachuu barbaadeeti.

Bu'uruma mala kanaanis qoratichi, odeeffannoo isaa funaannachuun ragaalee isaas toora qabsiifatee qaaccessesee jira. Qoratichi hojii qoraannoo isaa kana keessatti madda ragaa kan godhate, hojjetoota waajjiraalee mootummaa Aanaa Warra Jaarsoo keessa jiran keessaa kaayyeffatee waajjiraalee saddeet filachuun achi keessaa namoota odeeffannoo kennuufii danda'an mala walmakaatiin filachuudhaan hojjetoota 28 ta'aniifi hojjetoota waajjiraalee mit-

mootummaa magaalaa sanaa keessaa immoo, namoota 4 fudhachuun, ida'amaan namoota 32 irraa ragaa qorannoo kanaa funaannatee jira. Bu'uruma kanaanis, ragaalee karaa sakatta'a dookumantiifi afgaaffiin walitti qabaman san mala makaatti dhimma bahuun qaaccessessee jira. Haaluma kanaanis,odeeffannoowwan guurraman hundi isaanii adeemsa gaaffilee bu`uuraafi kaayyoo gooree qorannichaatiin qaaccessi barbaachisu irratti raawwatamee jira.

Qaaccessa raawwataman kana keessattis, jalqaba irratti, sakattaani dookumantii kan raawwatame yemmuu ta'u, bu`aa achi keessaa argaman waliin walnyaachisuun xiinxala afgaaffii irraa argameen immoo, ragaaleen mirkaneeffatamuu danda'anii jiru.

Qaaccessa walii galaa hojicha keessatti raawwatamaa tureenis, gosootni hanqinoota haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Aanaa Warra Jaarsoo keessatti mul'atan kunneen calalamuun argannoo qoratichaa ta'uun, akkaataa tartiiba sadarkaa dhibbentaa armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru. Isaanis:

1. Hanqinni itti fayyadama qubguddeessa irratti mul'ate % 128.96, kan dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'ootti fayyadamuu ilaallatu %46.72, dubbachiistota dheerachuu qaban dheersuu dhabuu irratti kan mul'ate % 39.36, dubbachiistota gabaabbachuun barraa'uu qaban gabaabsuu dhabuu irratti hanqinni mul'ate %36.48, sagalee dubbifamtootaa kanneen jabaachun barraa'uu qaban jabeessuu dhabuu irratti kan mul'ate % 35.2, hanqinni fayyadama mallattoo tuqaarratti mul'ate %28.8, hanqinni itti fayyadama qoodduu % 27.2, hanqinni dubbifamtoota laaffisuun barreessuu dhabuu %16, dogoggorri akkaataa jechoota ergisaa ittiin barreessan irratti mul'ate % 6.72, dogoggorri haala jechoota Afaan biroo gabaajessuu irratti mul'ate % 4.16, hanqinni irra buta irratti mul'ate %3.52fi hanqinni haala fayyadama mallattoo hudhaa irratti mul'ate immoo, %3.52 ta'ee argamee jira.

Walcaalmaan sadarkaa dogoggoroota kanaas akkaataadhuma guddaa irraa gara xiqqaatti tarraa'anii dhibbentaan gadi tarraa'anii jiran kana ta'ee, dogoggorri akka sadarkaa olaanaatti qaaccessa sakatta'a dookumantiifi afgaaffii keessatti adda bahee mul'ate hanqina fayyadama qubguddeessa yoomessa sirrii ta'etti fayyadamuu dhabuufi yoomessa sirrii hintaane keessatti immoo fayyadamuuti. Itti aansuunis dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'ootti fayyadaun barreessuun sadarkaa lammaffaa irratti kan argamuufi, inni sadaffaan immoo, dubbachiistota dheerachuu qaban gabaabsuun barreessuu irratti kan mul'ate ta'ee warreen hafan dhibbentaa armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama. Akkaataa sadarkaa dogoggorootaa armaan olitti kaawwamee jiru kanaatti dogoggorri beeksisoota waajjiraalee walii gala iddattoo kanaa keessatti muraasa jedhamu, hanqina fayyadama irrabutaafi hanqina fayyadama mallattoo hudhaati. Isaanis haala walfakkaataa ta'e irratti argamanii jiru.

Walumaa galatti, hanqinootni beeksisoota waajjiraalee mootummaas ta'ee kanneen mitmootummaa irraa funaannamuun qaacceffaman keessatti mul'atan kunneen ergaa barreeffamichaa jal'isuu, dhoksuu, hiika dhabsiisuu, dubbistoota burjaajessuufi kkf irratti dhiibbaa cimaa uumee kan jiru ta'uu isaa qaaccessi sakatta'a dookumantii keessatti taasifames ta'ee, kan afgaaffii keessatti taasifame bareechee mirkaneessera. Kunis kan ibsuu da nda'u, hanqinootni mul'atan kunneen, ergaa beeksisa waajjiraalee irratti dhiibbaa cimaa uumaa kan turaniifi uumaas kan jiran ta'uu isaaniiti.

2. Maddi hanqinoota haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa qorannoon kuni irratti adeemsifamees kanneen armaan gadii ta'uun isaanii bu'ura ragaalee garaagaraatiin bira gahamee jira. Isaanis kanneen akka:

Caasaa Afaan Oromoo irratti beekumsa gahaa dhabuu, shaakala gahaa taasisuu dhabuu, dhiibbaa beekumsa caasaa Afaanota biroo (kan Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliffaa), dhiibbaa sirna barnoota durii, dhiibbaa beekumsa caasaa Afaan Oromoo duraanii, ogummaa saayinsii Afaan Oromoo kan hinbaratiin hojii kanatti bobba'uu, xiyyeeffannoo gahaa itti kennuu dhabuu, gahumsa ogummichaa dhabuu, dogoggoroota barreeffamaan duraan turan akka waan wantichi sirrii ta'eetti amanuun fudhatanii walirraa dhaalaa adeemuu, hojjetootni haaraan yemmuu qacaraman ulaagaan dandeettii barreessuu osoo hin ilaallamin waanuma irratti qacaruu barbaadan sana qofa yaaduun qacaruu, dhibaa'ummaa ykn ergaan keenya silaa nuuf hubatamaa maal rakkoo qaba jechuun callisanii barreessuu fkn, yemmuu koompiyuutaraan barreessan, iddoo sirni tuqaalee jiru barbaadanii itti galchaa adeemuu nuffuun callisanii barreessuu, wanta barreessan tokko irra deebi'anii osoo gulaaliin baasanii maxxansuu, leenjii dhimma kanaan walqabatee kennamu mootummaan qopheessuu dhabuu, sababii Aanaan Warra Jaarsoo Magaalaan Gohaatsiyoon kuni daangaa saba Amaaraa irratti argamtuuf, jiruufi jireenyi hawaasichaa akka malee walkeessa seenuu irraan kan ka'een, dhiibbaan Afaan Amaariffaa akka malee sabicha irratti tuulamee kan jiru ta'uu isaatifi kkf mul'atee jira.

Xiinxalli waajjiraalee mitmootummaa keessatti haala adda ta'een ilaallame immoo, eeyyamni hojii isaanii mootummaa Federaalaan kan raawwatame ta'ee, naannuma Oromiyaa keessatti akka ittiin hojjetaniif kan isaanif eeyyamameefi hanga har'aatti ittiin hojjechaa jiran Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaatin ta'uu isaati. Gochaan akkasii kun immoo, daa'immanis ta'ee, maatii Oromoo piroojektii sana keessatti gargaaramaa jiran irratti dhiibbaa tajaajila mijataa dhabuuf kan isaan saaxile ta'uufi hojjetootni achi keessa jiranis, Afaan isaanii dhiisanii Afaanota biroo waliin rakkachaa kan jiran ta'uu isaaniitu bira gahame. Qabatuma afaanichaan barreessuu irraa fagaachaa dhufaniinis, beeksisootni isaan barreessan rakkoolee

hedduu kan of keessaa qabu ta'ee sakatta'a dookumantiifi raga afgaaffiin mul'atee jira. Keessu maa iyyuu, beeksisootni waajjira piroojektii misooma daa'immanii Waldaa Birahaan Wangeelii yemmuu ilaallamu, sadarkaa ol'aanaatiin rakkoolee gama hedduu kanqabu ta'ee mul'atee jira. Sakattaani dookumantii beeksisoota isaanii irratti taasifamee gabatee boqonnaa 4ffaa keessa jirus kanuma nuuf mirkaneessa.

Dabalataanis, dhiibbaawwan fayyadama afaan biroo (jechoota ergisaan dhufan barreessuu)'n walqabatani mul'atan immoo, sakatta'a dookumantii barreeffama beeksisoota isaanii keessattis ta'ee deebii afgaaffiin iddattootni kennan keessatti haammaateefi walxaxee kan mul'ate ta'ee argamee jira. Kunis kan ta'uu qaba jedhamee gorfamu, yoo jechootni nuti ergifannu suni jechoota Afaan Oromoo keessa jiru ta'an osoo ergifachuu dhiisnee jechootuma Afaan Oromootiin fayyadamnee barreessinee jechaa, tarii jechootni suni immoo, kan Afaan Oromoo keessa hin jiran yoo ta'eef immoo, jechicha akkuma jirutti fudhannee akkaataa barreeffama isaa garuu gara Seera Afaan Oromooti bu'uu hindandeenyetti fiduun madaqsinee barreessuun gaarii akka ta'utu addaata.

3. Rakkoolee qulqullinaan qubeessuu dhabuun walqabatani mul'atan kanneen fooyyessaa adeemuuf immoo, akka dhuunfaattis ta'ee, akka waajjiraatti yaaliin ykn tattaaffiin tokko illee, taasifamaa kan hin jirre ta'uu isaa qoratichi xiinxala karaa sakatta'a dookumantiifi afgaaffiin taasiseen bira gahuu danda'ee jira. Kun kanuma ta'ee garuu, hojjettootni kunneen rakkoo isaanii kana fooyyeffachuuf, leenjiin ogummaa barreessuutiin walqabatu akka kennamuufiif hawwiifi fedhii agarsiisuun isaanii immoo, ija gaariitiin ilaalamuun kan jajjabeeffamuu qabu ta'uu isaa qoratichi eeree jira. Gama birootiin immoo, hojjettootni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa iddattoodhaan filamanii kun erga waraqaa beeksisaa tokko barreessaniin booddee maxxansuudhaan alatti, gulaalliin isaan taasisan baay'ee, baay'ee gadi bu'aa ta'uu isaa qoratichi hubatee jira.

4. Waa'ee kallattii gara fuula duraa ilaalchisee, hanqinoota gama qulqullina dhabuu haala qubeessuu barreeffama beeksisootatiif furmaata jedhamanii akka bu'aa xiinxalaatti kan argaman immoo, mootummaan leenjii qubeessuun walqabatu qopheessuun kennuu akka qabu, erga leenjiin kennameen booddee dhimmichi hordofamuu akka qabu, dandeettiin kuni ulaagaa guddinaafi ulaagaa faayidaa hojjettoota waajjiraalee murteessuu keessatti akka ilaalamu gochuu, mootummaan qaama dhimma kana abbummaan hordofu kaa'uu (nama caasaafi ogummaa afaanichaa qau), hojjettootni haaraan yemmuu qacaraman ulaagaan dandeettii qulqullinaan barreessuu xiyyeeffannoo cimaa ta'een ilaalamuu akka qabu, yeroo yeroodhaan irra deddeebi'anii shaakaluun ogummaa barreessuutiin ofhaaromsuun hojjettoota

mootummaafi mitmootummaa kanneen irraa akka eegamu, barreeffama isaaniis xiyyeeffannoodhaan caasaafi afaan isaa gulaalaa barreessuuniifi erga barreessanii booddees osoo gara alaatti baasanii hin maxxansin irra deebi'udhaan wanta barreessan sana ijaan qabuun baay'ee barbaachisaa akka ta'eefi yaadoleenkkf xiinxala waliigala hojii qorannichaa irratti taasifameen kanhubatameedha.

5. Hanqinootni qulqullina dhabuu haala qubeessuu barreeffama beeksisoota Afaan Oromoo kuni haaluma kanaan itti fufnaan guddina ogbarruu Afaan Oromoo irratti dhiibbaalee hedduu qaqqabsiisuu danda'uun isaatis ibsamee jira. Isaaniis kanneen armaan gadiiti:

Ergaan barreeffamee dubbistootaaf dhiyaate tokko hubatamuu dhabuu, jal'achuu, guutummaan guutuutti ergaa yaadameef sana dabarfachuu dadhabuu, dogoggora barreeffamaa irraan kan ka'e safuufi aadaa hawaasichaatti bu'uun dubbistoota ofii ykn hawaasicha dallansiisuu (Fkn. Sakatta'a beeksisootaa keessaa waraabbiin fudhannee yoo ilaalle "...*dhuufuu dhiisnan koreetti dhiyaachuun kan ariyamtan ta'a*", jechuun barraa'ee jira. Kana malees, dogoggora walirraa dhaalaa adeemuuf karra banuu, odeeffannoo dogoggoraa kennuu bira darbee, dubbistoota kan burjaajessu ta'uu, caasaafi seerluga afaanichaa burjaajessuudhaan afaanichas ta'ee, abbaa afaanichaa (sabicha) tuffachiisuu ykn qeeqsisuu. Sababuma kanaan immoo, akka namootni hedduun Afaan Oromoofi barreeffamoota isaa irraa amantii dhabanii baqatan taasisaa adeemuu, dhuma irratti immoo, guddina Afaan Oromoo quucarsee karaatti hanbisuu kandanda'u ta'uu isaa irraan kan ka'e dhimmi rakkoo qulqullina barreeffamootaan walqabatan kunneen dhimma walxaxaa xiyyeeffannoofi hojii hangana hinjedhamne barbaadu ta'uu isaa yaadaan qabuun, qoratichi xiinxala cuunfaa qorannoo isaa kana kaa'ee jira.

Cuunfaadhumatti, barreeffama beeksisatiin ergaa barbaaddamu tokko dabarfachuuf, haala qubeessuu dogoggora irraa bilisa ta'etti dhimma ba'uun lubbuu barreeffamichaati jechuu dandeenya. Kanaafuu, fayyadama dogoggora qubee Afaan Oromootiin jiru qubee iddoo sirrii ta'etti qubguddeessa eeguu, sagaleewwan dubbachiistotaa akkaataa barbaachisummaa isaanitiin dheeressuufi gabaabsuu, dubbifamtoota jabeessuufi laaffisuu; akkasumas, irrabutaafi hudhaa, tuqaa, qoodduu, gabaajeefikkf yoomessa barbaachisummaa isaanii irratti hundaa'uun qofa fayyadamuun barreessuu dhabnaan dogoggorootni kunneen ergaa beeksisoota sanaa miidhuu bira darbanii guddina Afaan Oromoo karaa irra tursuu kanneen danda'an keessaa isaan ijoodha.

5.2. Yaada Furmaataa

Qoratichi rakkoolee qulqullina dhabuu haala qubeessuu barreeffama beeksisoota Afaan Oromoo waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessatti mul'atan argannoo qorannoo isaatiin addaan baafatee jira. Rakkooleen argaman kunneen immoo, adeemsa keessa afaan guddaa biyya kanarratti hangafummaa isaa mirkaneeffachaa jiru kana humna dhoowwaafi quucarsaa adeemuu waan danda'uuf furmaatni hataattamaa kennamuufiin barbaachisaadha. Qoratichis bu'uradhuma argannoo qorannoo isaa irratti hundaa'uun, rakkoolee adda bahanii argaman kanneeniif yaada furmaataa ta'uu ni danda'u jedhee kan xiinxale tartiiba armaan gadiitiin dhiyeessee jira:

- Hojjetootni waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa hojii barreeffama beeksisaa garaagaraa keessatti jechoota adda addaa barreessuuf yoomessa sagaleen itti dheeratuufi itti gabaabbatu, akkasumas, yoomessa keessatti jabaachuu qabuufi keessatti laafuu qabu gargar baafachuun ofeeggannoo cimaan barreessuu, sirna tuqaalee Afaan Oromoo adda baasuun iddoo iddoo isaaniitti itti gargaaramuu, akkasumas, fayyadama qubguddeessaa ilaalchisee, jalqaba himootaafi jechoota barbaachisan, maqaalee adda addaafikkf ittiin jalqabuun seera barreeffamaa waan ta'eef, hojjetootni waajjiraalee mootummaafi mit mootummaa keessatti barreeffama beeksisootaa kana barreessan adeemsa kana hordofuun barreessuun gaarii ta'a.
- Himootas ta'ee, jechoota barreeffaman keessaa sagalee hir'isanii ykn itti dabalanii barreessuun hima ykn jecha sana hiikaa isaa jal'isuufi hiika dhabeessa taasisuu waan danda'uuf, tajaajila sagaleen tokko hima ykn jecha tokko kessatti qabduuf xiyyeeffannoo guddaa kennuun, adeemsa barreessuu isaanitiin booddee osoo beeksisaa tokko hin maxxansin dura irra deebi'uudhaan gulaaluun barbaachisaa ta'uu.
- Barreeffama keessatti jechoota Afaan Oromootifi jechoota afaan biroo walkeessa makanii osoo hin madaqsin barreessuun hubannaa dubbistoota sanaa daangessuu waan danda'uuf, jechoota afaanicha waliin deemuu danda'an filachuun jechoota hawaasicha biratti fudhatama qabaniin gargaaramanii barreessuun gaarii ta'uu isaa hubachuun, of eeggannoo guddaa gochuun gaariidha.
- Qaamni barreeffama beeksisaa barreessu namoota ogummaa afaanichaatiin leenji'an ta'uu qabu. Kunis, Afaan Oromoo dubbachuu danda'uu qofaan osoo hintaane ittifayyadama caasaa afaanichaa irratti gahumsa qabaachuu waan barbaadufi. Hordoffiin cimaanis kan godhamuu qabu, qaamuma kanaan osoo ta'ee gaariidha.

- Dhimmi rakkoo qubeessuun walqabatu kuni mootummaa naannichaatiin ilaallamuun, leenjiin ogummaa kana gabbisuu danda’u hojjettoota waajjiraalee garaa garaatiif kennamuun ba’eessa.
- Hojjettootni waajjiraalee mootummaas ta’ee kanneen mitmootummaa hundi, dandeettii ogummaa qubeessuu isaanii kana fooyyeffachaa adeemuuf, walitti fufiinsaan shaakala gaarii taasisuun isaan irraa eegama.
- Deeggarsiifi hordoffiin gama kanaan waajjiraalee garaa garaa keessatti taasifamu walitti fufiinsaan kan raawwatamu osoo ta’ee gaariidha.
- Qaamni dhimma kana abbummaadhaan hordofuufi tarkaanfii fudhatu jiraachuu qaba.
- Dhimmi qulqullinaan qubeessuun walqabatee jiru, dhimma sadarkaa guddina hojjettootaafi faayidaa hojjettootni argatan murteessuuf ulaagaa cee’umsaa ta’ee osoo tajaajilee gaariidha.
- Gama waajjira mootummaatinis ta’ee, gama mitmootummaatiin hojjettootni haaraan waajjira tokkotti yemmuu qacaramuuf jedhan, ulaagaan madaallii gosa barnootaa ittiin barbaaddaman sanaa akkuma jirutti ta’ee, dandeettiwwan afaanichaan qubeessuu dorgomaa sanaa irratti xiyyeeffachuun qacarriin osoo geggeeffamee filatamaadha.
- Hojjettootni waajjiraalee mootummaas ta’ee, kanneen waajjiraalee mitmootummaa kitaabilee yeroo ammaa kana hayyoota afaanii garaa garaatiin barreeffamanii gabaarra jiran bitachuun akkaataa itti fayyadama caasaa afaanichaa bira gahuuf dhama’uu qabu.
- Hanqinoota gama qulqullina qubeessuutiin walqabatani mul’atan kana hir’isuuf, yoo danda’ame, qaama dhimmi kuni ilaallatuun “sooftiweeriin” haala qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo too’atu osoo qophaa’ee, gaarii ta’a jechuun qoratichi xiinxala yaada furmaataa isaa goolabee jira.

Wabiilee

- Abarraa Nafaa. (1995). *Caasluga Afaan Oromoo. Jildii 1*. Finfinnee: Komishinii Aadaafi Turiizimii Oromiyaatti Gumii Qormaata Afaan Oromoo.
- Abiy Zegeye, and (et al.).(2009). *Introduction to Research Methods: Preparatory Module for Addis Ababa University Graduate Programmes, Graduate Studies, and Research office AAU*.
- Addunyaa Barkeessaa (2014).*Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Addunyaa Barkeessaa.(2012).*Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamataa: Yaadrimee qorannoo hujoo*. Finfinnee: Efficient printing press
- Asafaa Tafarraa.(2009).*Eelaa: Seena Oguma Oromoo*: Finfinnee Oromiyaa. Far East Treading PLC.
- Askale Lemma (1998). *Some Points On Oromo Orthography*. In Interdisciplinary Seminar Of Ethiopia Studies 1st Nazareth.
- Atkins et al, T. (1996).*Skills development methodology-II*. Addis Ababa: AAU.
- Bovee, C. And Arens, W.(1989).*Contemporary Advertising*. Chicago: Irwin Home Wood, Illinois.
- Brown & Littlewoods, W.(1984).*Foreign & 2nd Language Learning*. Cambridge: Cambridge university press.
- Brown, D. (1994).*Principles of Language & Teaching*. London: Prentice Hall.
- Byrne, D.(1988). *Teaching Writing Skill*. London: Longman: Language group limited.
- Creswell, J. W. (2009). *Research Design: Qualitative & mixed research methods approaches (3rd ed)*. Thousand Oaks, Calif: Sage publication.
- Crystal, D. & Williams. (1987).*The Cambridge Encyclopedia Of Language*. Cambridge university press
- Crystal, D. 1987. *The Cambridge encyclopedia of language*. Cambridge: Cambridge University Press

- Dastaa Dassaalany (2002). *Bu`uura Qorannoo. Yuunivarsiitii Addis Ababaa*: Finfinnee.
- Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu`uura Qorannoo: Mana Maxxansaa Boolee*.
- Fedhaan Nagaasaa.(1999). *Bu`uraalee Barreeffama Afaan Oromoo. Hidhata-II*. Finfinnee:
Dhaabbata mala quunnamtii giddu-galeessaa.
- Fergus, M. (1983). *Spelling Improvement: a program for self instruction (4th ed)*. Newyork:
Mcgraw-Hill, Inc.
- Geetaachoo Rabbirraa. (2006). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Fifiinne: kuraz Intl.
- Geetachoo Rabbirraa (2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9 fi 10*. Finfinne: Kurraz
Intarnaashinal.
- Gefvert,J.C.(1988).*The Confident Writer:Aorton hand book(2nd ed)*.New York:w.w Norton
- Glencoe.(2001). *Writers Choice: Grammar & Compensation (V-II)*. Texas: Glencoe Mcgraw
Hill Companies Inc.
- Goshgarian, G. (Ed.).(2001). *Exploring Language, 9th Ed*. New York: Addison Wesley
Educational Publishers, Inc.
- Guta Kedida (1981).*An Analysis of Pattern of Spelling Error of Freshman Ethiopian Students at
Addis Ababa*. Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.
- Hall,D.and Birkerts,S..(19991).*Writing well (7th ed.)*.Harper Collins Publishers.
- Hodge,C.2009. *How spelling errors impact your writingscores at helium*. From
http://www.helium.com/knowledge/208030_spelling-errors-on-helium
- Jaarraa W.B.(2008). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee:
Oromiyaa.
- James, carl et al.(1993). *Welsh Bilnguals" English Spelling: Error Analysis*. Jornal of
Multilingual-and-Multicultural Development. Voll.4,No.4, pp.287-306.
- James,H.Sheton.(1994).*Hand Book of Technical Writing*.NTC Publishing Group Linclonwood.
Illinois. USA.
- Kelly,J.W. (1998). *Odyssey: A guide to better writing*. Needham heights: Allyn & Bacon.
- Kumar, R. (2005). *Research methodology: step by step guide for beginners*. London: sage
- Misgaanuu Gulummaa.(2011). *Kattaa. Oogummaa barreessuu*. Finfinnee Oromiyaa.

- Norrish.(1983).*Language Learners and there errors*. London: illustrations Mcmillanpublishers.
- odd, L. and Hancock, I.(1986). *International English Usage*. London: Routledge.
- Pincas, A. (1982). *Teaching English writing*. Oxford: Oxford university press.
- Reece– Myron, M. (1998).*The Advantages of Outdoor Advertising*. The Denver Business Journal.
- Robbins, EW & Triggs, F.(1955). *Improve your spelling*. New York Farrar & Rinehart. INC.
- Robbins,B.(2001).*Weaving work place writing into the English classroom*. English Journalillino
- Robert W.Bly(2004).*Letter writing hand book:By Wiley publishing, Inc.,Indianapolis.Indiana.*
- Rosa,A. And Paul, A.(1996).*The Writers Brief Hand Book*.Boston: Allyn and Bacon, Ontario.
- Sarantakos,S .2005. Social research (3rd ed.). Hound mills: Palgrave MacMillan
- Smith-Worthington and Sue Jefferson (2011).*Technical Writing for Success*.3rd ed. USA.
- Tafarii Ayyaanaa.(2000).*New Systematic Book Series.Finfinnee:AsterNega publishing Entrs.*
- Taylor,C.,Franke,G.& Bang, H.(2006).“*Use And Effectiveness Of Billboards: Perspectives From Selective perception.*”Theory and Retail-Gravity Models.Journal of Advertising.
- W, Ross Winterowd.(1988).*English Writing And Skills*: Holt,Rinehart andWinston,Inc.,Orlando, Florida 32887.
- ዳንኤል ቢረሃኑ ተሾመ**:(2007): *የማስታወቂያ መሰረታዊ መርሆዎች ቅፅ 2: ርዕሶት ኃላፊ/የተ/የግ/ማ: አድስ አበባ: እትዮጵያ::*

DABALEE- A

YUNIVERSITII FINFINNEE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKILOORII OROMOO

KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI

Waraqaa Beeksisoota Waajjiraalee Mootummaa

Dookumantiiwwan ykn waraqaaleen beeksisootaa fuula kanatti aananii mul'atan kunneen, waajjiraalee mootummaa qorannoon kun irratti geggeeffame keessaa kan walitti qabamaniidha. Isaanis, qabatamaan haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaa qaaccessuuf gahee guddaa kan qaban waan ta`aniif, ragaa ta'uudhaan dabalee kana keessatti maxxanfamanii dhiyaatanii jiru. Waraqaa beeksisootaa kana ilaalun immoo, qaaccessa taasifamee fi argannoo irra gahame kana ni mirkaneessu. Isaaniis fuula kanatti aanuun dhiyaatanii jiru.

DABALEE- B

YUNIVERSITII FINFINNEE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKILOORII OROMOO

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI

Waraqaa Beeksisoota Waajjiraalee Mitmootummaa

Dookumantiiwwan ykn waraqaaleen beeksisootaa fuula kanatti aananii mul'atan kunneen, waajjiraalee mitmootummaa qorannoon kun irratti geggeeffame keessaa kan walitti qabamaniidha. Isaanis, haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mitmootummaa qaaccessuuf gahee guddaa kan qaban waan ta'aniif, ragaa ta'uudhaan dabalee kana keessatti maxxanfamanii dhiyaataniiru. Waraqaa beeksisootaa kana ilaaluun immoo, qaaccessata asifameefi argannoowwan irra gahame kana ni mirkaneessu. Isaaniis, fuula kanatti aanee jiru irratti dhiyaatanii jiru.

DABALEE- C
YUNIVERSITII FINFINNEE
MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKILOORII OROMOO
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI
QUUNNAMIITTI

**Afgaaffii Hojjetoota Waajjiraalee Mootummaa Kanneen akka: Aadaafi
turiizimii, waajjira barnootaafi waajjira Siivil sarvisiif Dhiyaate**

Afgaaffiin kun qaaccessa barreeffamoota beeksisoota Waajjiraalee mootummaa irratti odeeffannoo funaannachuuf qophaa'edha. Kanaaf iyyuu, deebiin isin qorataa kanaaf kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaatiif baay'ee murteessaa ta'uu isaa beektanii, amanamummaadhan odeeffannoo qulqulluu ta'e akka naaf kennitaniif jaalalaafi kabaja guddaadhanan isin gaafadha.

1. Yemmuu waajjiraalee keessan keessatti beeksisoota garaa garaa barreessitan, rakkooleen gahumsaan qubeessuu irratti isin muudachaa jiran kanneen akkamiifaadhaa?
2. Maddi qubeessuu dhabuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee keessanii maalfaa ta'uu danda'u jettanii yaadduu?
3. Barreeffama beeksisootaa qulqullinaan qubeessuu dhabuun guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaawwan akkamii fiduu dandaa`a laataa?
4. Dandeettii qubeessuu ofii fooyyeffachuuf yaaliniifi tattaaffiin hojjetoota waajjiraaleetiin taasifamaa jiru maal fakkaataa?
5. Gahumsaan qubeessuu dhabuun barreeffama beeksisootaa keessatti mul'achaa jiran, haala kamiin fooyya'aa adeemuu danda'uu?

Galatoomaa !

DABALEE- D
YUNIVERSITII FINFINNEE
MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKILOORII OROMOO
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI
QUUNNAMIITTI

Afgaaffii Hojjetoota Waajjiraalee Mitmootummaaf Dhiyaate

Afgaaffiin kun qaaccessa haala qubeessuu barreeffamabeeksisoota Waajjiraalee mitmootummaa irrattioodeeffannoo funaannachuuf kan qophaa'edha. Kanaaf iyyuu,deebiin isin qorataa kanaaf kennitan fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaatiif baay'ee murteessaa ta'uu isaa beektanii,amanamummaadhaan odeeffannoo qulqulluu ta'e akka naaf kennitaniif jaalalaafi kabaja guddaadhanan isin gaafadha.

1. Yemmuu waajjiraalee keessan keessatti beeksisoota garaa garaa barreessitan, rakkooleen gahumsaan qubeessuu irratti isin muudachaa jiran kanneen akkamiifaadhaa?
2. Maddi qubeessuu dhabuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee keessanii maalfaa ta'uu danda'u jettanii yaadduu?
3. Barreeffama beeksisootaa qulqullinaan qubeessuu dhabuun guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaawwan akkamii fiduu dandaa`u laataa?
4. Dandeettii qubeessuu ofii fooyyeffachuuf yaaliniifi tattaaffiin hojjetoota waajjiraaleetiin taasifamaa jiru maal fakkaataa?
5. Gahumsaan qubeessuu dhabuun barreeffama beeksisootaa keessatti mul'achaa jiran, haala kamiin fooyya'aa adeemuu danda'uu?

Galatoomaa !

Waraqaa mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneeesseera.

Maqaa qorataa _____

Mallattoo_____

Guyyaa_____